مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# الوجيز في إسلامية المعرفة

كتاب المعهد العالمي للفكر الإسلامي

# KITAABA GABAABAA WAA'EE BEEKUMSA ISLAAMESSUU

Kitaaba
Dhaabbata Xiinxala Islaamaa idil-Addunyaa
Hiikaan:
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2018

# الوجيز في إسلامية المعرفة

## كتاب المعهد العالمي للفكر الإسلامي

# Kitaaba Gabaabaa

## Waa’ee Beekumsa Islaamessuu

## Kitaaba

## Dhaabbata Xiinxala Islaamaa Idil-Addunyaa

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/70**

**Jalqabni Dubbii Maqaa Rabbii akkaan gabroottan isaa hudaaf addunyaa irraatti Tolaa ta’eetii fi gabroottan isa dhugoomse qofaaf akkaan aakiratti Tolaa ta’eetiini**
**Nagayaa fi Rahmatni Rabbii Booddee Anbiyoota Rabbiitii fi Ergamtoota Isaa Irratti Haa Jiraatu**

Maxxansa Tokkoffaa
(1987/1408H)

**Kitaaba Gabaabduu**
**Waa’ee Beekumsa Islaamessuu**

**Dhaabbata Xiinxala Islaamaa idil-Addunyaa**

© Dhaabbata Xinxala Islaamaa idil-Addunyaa
555 Daandii Grove, Herndon, Virginia 22070, U.S.A

بسم الله الرحمن الرحيم

ٱقْرَأْ بِٱسْمِ رَبِّكَ ٱلَّذِى خَلَقَ ﴿١﴾ خَلَقَ ٱلْإِنسَٰنَ مِنْ عَلَقٍ ﴿٢﴾ ٱقْرَأْ وَرَبُّكَ ٱلْأَكْرَمُ ﴿٣﴾ ٱلَّذِى عَلَّمَ بِٱلْقَلَمِ ﴿٤﴾ عَلَّمَ ٱلْإِنسَٰنَ

مَا لَمْ يَعْلَمْ ﴿٥﴾ العلق: 1-5

"*Yaa Muhammad maqaa Rabbii kee kan uumaa hunda uumeetiin gargaarsifadhu waan gara keetitti buufamu dubbisi, Isa bishaan ititaa irraa ilma namaa uume. Maqaa Rabbii kee arjaa hundaa oliitiin gargaarsifadhu dubbisuu kee itti fufi. Rabbiin sun kan dhala namaa barreessuu barsiise. Kan waan inni hin beekne isa barsiise.''*

Suuraa Al-Alaq (1-5 )

وَٱللَّهُ أَخْرَجَكُم مِّنۢ بُطُونِ أُمَّهَٰتِكُمْ لَا تَعْلَمُونَ شَيْـًٔا وَجَعَلَ لَكُمُ ٱلسَّمْعَ وَٱلْأَبْصَٰرَ وَٱلْأَفْـِٔدَةَ ۙ

لَعَلَّكُمْ تَشْكُرُونَ ﴿٧٨﴾ النحل : 78

"*Rabbiin Garaalee Haadholee teessanii keessaa isinii wanta* ***tokkollee*** *hubachuu hin dandeenyi isin baasee dhagayaalee, agartuulee fi qalbiilee isiniif kenne akka isin Isa galatoomfattaniif kennaa tana irratti.''* Suuraa Al-Nahal ( 78 )

## Baafata

Mata duree……………………………………………....6
Qajeelfamoota Bu'uraa kan Tooftummaa Islaama…....15
Karoora Hojii Dhaabbatichaa…………………………..20
Ibsoowwanii fi Hubannoolee…………………………...67
Garii Hojiilee Walgayii Idil-Adunyaatti Barnoota
Islaamessuuf Taasifame...........................................85
Karoora Gosoota Barnootaatiif Gumaata Mijjaawu
Gumaachuuf Kroorfame……………………………….86
Karoora Gama Hojii Yaada Islaamaa
Haarayoomsuutiin Jiru………………………………..91
Tooftummaa Islaamaa Barnoota Naamusaatii fi
Guddisaa Gaariif……………. ………………………97
Miltoo: Beekumsa Diinagdee Islaamessuuf Karoora
Hojii Kan Filatamoo Ta'an…………………………...106
101 Xumura……………………………………………...112

## Mata Duree

Maaliif Ummani Islaamaa warra qaroometti dhaqqabuu irraa booda aane? San haa hafuu, maalif dhala namaa hoogganuu irraa boodatti deebi'e? Ummanni Islaamaa kun ummata Rabbiin qulqullaa'ee olta'e kitaaba Isaa keessatti "*Ummata caalaa bu'aa dhala namaatiif uumame*[1]" jechuudhaan ibsee mitii? Gara biraatiin Ummani kun ummata ergaa booddee ergamtoota Rabbii Nabi Muhammad mitii kan Rabbiin qulqullaa'ee olta'e gara isaatti akka gabroottan Isaa gara daandii sirrii itti argisiisuuf Qur'aana Isaa buusee…?

Gaafiileen armaan olitti kaafaman kun gaafiilee kalee fi har'aas nama Muslimaa kan dhimmi ummata isaa isa yaachisu… kan dandeettii isaatiin ummata kana qaree sadarkaa qaroomaa kan ummatichaan maluun gayuuf galgalaa ganama tattaafatu tokko shilimii fi shikifiis dhoorkaa jirtu ykn garmalee yaachiftu.

Dhimma Ummata Islaamaatii fi wa'ee isaatti xiyyeeffachuun kun akkasumaas rakkoo isaa adda fooyanii lafa kaayuuf xaaruun, akka gariin qaroo Ummata Muslimaa of ijaaree adda durummaan dhimma kanatti xiyyeeffatuuf xurree saaqeeti ture.

Erga qu'annoo fi qorannoo taasisaniin booda gareen kun sababni duraa duubatti harkifannaa Muslimootaa akkaataa isaan itti waa xiinxalan/yaadan ta'uu argan ykn mirkaneeffatan. Akkaataan isaan itti yaadan sun masheentuu/bonee/gogduu/ fi qancartu, kanumaafuu Ummatichi sakaalamee akka rakkoo isaa keessaa bahee garee qaroometti hin dabalamne goote. Warri dhimma Ummata Islaamaatti xiyyeeffatu kun guutumaan guututti rakkoon bu'uraa kan ummanni kun qabu akka rakkoo akkaataa isaan itti

[1] Aal Imraan: 110

yaadan taatee fi rakkooleen birootiis akka bu’aa sababa ykn rakkoo bu’uraa kan taate hubatan. Waan fedhiin lubbuutii fi dhugaa dabsuun babal’achaa dhufeef, madaalli yaadaatii fi akkaataan isaa hir’inaan guutamaa dhufe. Mul’anni Ummatichaa ni hagoogame, dubbiin harkaa waldhooyte, madaalli harkaa walitti buute/badde/ kam haa duursuun rakkoo uumtee…xiinxalli ummatichaa gadi bu’uunii fi tooftaa yaadaa isa duubatti hafe fayyadamuun gufuu jalqabaa kan yaaliilee jijjiiramaa- akka burqaan rakkoo ummatichaatii fi kufaatiin isaanii tooftaa yaadaa kan duubatti hafe hordofuu ta’e hin ibsine- hundi akka galma hin geenye gooteeti jirti.

Rakkoo kana qoratanii lafa kaayuu kanaa fi mul’ata kana irratti hundaa’uun qarooleen sun Waldaya Walitti-dhufeenya Beektota Muslimoota bara (1972/1392H) tti hundeessan. Waldayni kun qaama tokko kan dhaabbatoowwan Gamtaa Barattoota Muslimaa kan biyya Ameerikaattii fi Kanaadaatti hundeeffame irraa ta’e. kayyoon isaatiis dhimma xiinxala Islaamaa tajaajiluu fi gidduu beektotaa fi hayyoota Muslimootaatti yaada kana raabsuufi.

Gareen kun beektota, warra da’awaa, xiinxaltoota fi haarayoomsitoota baranee ta’anii wajjiin walitti dhufeenya uuman. Rakkoon fooyame kun akka sirrii ta’ee fi fayyaalessa ta’e ilaachisee, akka yaada **w**al jijjiirrataniif, hubannoo fi ilaalcha isaanii keessatti akka hirmaachisaniif, yaalii fi muuxannoo dureelee yaadaa irraa akka bu’aa buufataniif, akkasumaas akka ofitti amantummaa dabalataniifi. Kana galmaan gayuuf wal-gayiin, yaa’iileenii fi wal-arginsi hedduun gidduu beektotaa fi xiinxaltoota kanneeniitti godhame ture.

Wal-gayiin guddaan Siwizerlandti bara 1977/1397H taa'ame adda durummaan kaasuun ni danda'am. Hoggantoonni dhimma Islaamaatiin dhaabbatan hedduun biyyoota Bahaa fi Lixaa bakka bu'uudhaan wal-gayii kana irratti argamanii turan. Akkasumaa muuxannoo fi ogummaa adda addaa qabatanii muummeelee adda addaa bakka bu'uudhaa beektonni lakkoofsi isaanii soddoma ga'u wal-gayicha irratti hirmaataniiru. Xumura kora torbaan tokkoof adeemsifamee kanatti, hirmaattonni hundi wanni isaan gad-jabeessanii irraa deddeebiidhaan dubbatan, yeroo ammaa kana rakkoon guddaan Ummata Islaamaa qabate rakkoo gad-fageenyaan xiixaluudhaan… wal qabate akka ta'eedha. Furmaanni isaatiis rakkuma kana sirritti hubatanii fala ittii laatuudha barbaada…akka bu'urri tattaaffiilee baraarinsaatii fi haarayoomsuu galma ga'u godhuuf, dirqamummaa fi adda durummaan dhimma waa'ee xiinxalaa fi tooftaa xiinxalichaa haarayoomsutti yaadda'uun barabaachisa yaada jedhu dhaaman.

Dhimma kana galmaan gayuuf gulaallii walgayii kanaatti dhaamsi taasifamee ture. Dhaamsichiniis ergaa akka dhaabbanni baranootaa, xiinxala kan sirriidhaatii fi aadaa miidhagaa kan dhimma xiinxalaa, beekumsaatii fi qorannoo saayinsaawaa gadi fagootii fi jerjeraan alatti taasifamu fi xiyyeeffannoodhaan hoogganu hundeeffamuu qaba jedhu of keessaa qaba. Kaayyoon isaatiis, xurree hojii kutannoon hoojjatamu, karooraan hoogganamu, qulqullinaan dalagamuu fi itti fufinsa qabaachuudhaan Muslimootaa fi beektoota isaanii hoogganu saaquudha, akkasumas rakkoo kana furmaata itti laachuu, yaada sirriitiif bu'ura lafa kaayuu fi aadaa wal simataa walitti dhaabba**tii**nsa qabu ijaaruudhaafi.

Yaaliilee fi tattaaffiileen sun akka “Dhaabbanni Xiinxala Islaamaa idil-Addunyaa” hundeeffamuuf karaa bane. Dhaabbatichi jalqaba jaarraa kudha shanaffaa (1401/1981) akka lakkoofsa Hijraatti biyya Ameerikaatti beekamtii argachuudhaan hojii isaa kan xiinxalaa fi beekumsa Islaamaa irratti xiyyeeffatu jalqabee haga arratti itti fufaa jira.
Dhaabbatichi kora/walgayii/ isaa lammaffaa idil-addunyaa yuunivarsitii Islaamaa waliin ta’uudhaan magaalaa muummittii Paakistaanitti bara 1402/1982 tti taasisee ture. Korichiniis kan taa’ameef dhimma “Beekumsa Islaamessuu” irratti haasawee furmaata laachuufi. Kora kana irratti ogeeyyiileen baay’een hirmaatanii jiru; gariin isaaniitiis qorannoolee fi qu’annoolee isaanii kanneen dhimma tooftumaa xiinxala Islaamaatii fi beekumsa Islaamessuu irratti xiyyeeffachuun geggeeffaman dhiheessanii turan. Korichi/walgayichi/ kaayyoo lama qaba. Isaaniis:

**Tokkoffaan: -**
Beektota kanneeniif waamicha godhuun akka isaan qorannoo saayinsaawaa irratti hundaa’uudhaan dhimma xiinxalaatii fi beekumsaa keessatti yaada laataniif, kallaattii hundaanuu dhimma kana ilaalanii baaqaa fi callaa adda baasaniif, bu’aa beekumsaa irratti hundaa’uudhaan dhimmoota beekumsaatii fi sochiilee hawaasaa kanneen adda adda fuula duratti ceesisuun akkamitti akka danda’amu irratti haasawaniifi, tattaaffiilee barnootaafi xiinxalaa haarayoomsuu gara hojiitti geeddaruun akka jalqabamuuf, yaadowwanii fi furmaatowwan saayinsaawaa irraa fooyya’aan akka tilmaamamuu fi bu’ura amantii Islaamaa

qabatama adduunyaa ammayyooftuutiin walqabsisuudhaan bu'ureeffatanii dhimmoowwan beekumsaa ijaaruu akka babal'isaniifi.

**Lammaffa: -**

Dhimma rakkoo ummatichaa, sababa isaatii fi mallattoo isaa ilaalchisee, ilaalchinii fi qorannoon gadi fagoo dabalataan akka godhamu gaafachu, humna ummatichaa haarayoomsuuf, milkaa'ina isaa mirkaneessuu fi qaroomni isaa akka sochii eegalu godhuuf dura-antummaa hojii beekuudha. Mamii tokkoon maletti qu'annoon korichaa, bu'aaleen hojii isaatii fi haasofni taasifame akka wanti qarooleen dhaabbatichaa ammaan dura itti gayan sun dhugaa taate mirkaneessite. Hojitti ganamuudhaa/kaka'umsa qabaachuun/ fi dandeettii Islaamaa kan jirtu dhimma xiinxalaa tajaajiluuf hojitti hiikuudhatti waamicha godhan.

Yeroolee dabran keessatti, dhimmi xiinxalaa kun xiyyeeffannoo fi dura antummaa isaan maltu argachuu dhabuun, kallattii hundaanuu rakkoon akka hammaachaa deemtu, hubamuun, adda qoqqoodamuun ummatichaatii fi humniti isaa laaffachuun akka miila dheereffatu taasise ture.

Karoorri hojii dhaabbatichaa rakkoo xiinxalaa furuuf rakkichi rog-lameedha jechuun dhaan kaa'a.

**Rogni tokkoffaa:**

Duulli yaadaatii fi jijjiiruun aadaa fi duudhaa kan gara barnoota saayinsii dhala namaatii fi hawaasummaatiin godhamaa jiru, keessaayyuu balleessuun aadaa kan qor-qalbii ilmaan Ummata Islaamaa xiinxalaa fi hambaa Islaamaa barachuu irraa fageesseedha. Duulli kun yaada agarsiifni/safuun amantii Islaamaa lafa irraa badee jireenya ammayyaa wajji deemuu hin

dandeenye fi bu’aa takkallee hin qabu jedhu babal’achaa akka dhufu godhe. Ilaalchi kun baay’een hayyoota Muslimaa hamma isaan barbaachisetti beekumsa ilma namaa kan adda addaa argachuuf beekumsa warri Dhihaa lafa kaayyate kan isaan akkataa hubannoo, haala yeroo fi iddoo isaanii, dhimma isaanii, kaayyoolee isaaniitii fi galama isaanii irratti hundaa’uudhaan hundeessanii dhaadhessaa jiran kana irraa akka fudhatu godhe. Kanaafuu, barnoonni ykn saayinsiin Warra Dhihaa kun duudhaa, hubannoo, fi galma isaaniiti calaqqisa. Galma/kaayyoo/ fi bu’ura isaanii san irratti hundaa’uudhaani hedduun qaceelfama naamusaa/amala gaarii/, sochiilee adda addaatii fi dhaabbatoowwan hawaasaa qopheeffaman.

Calaqqisni kun yoo kan kallattii hundaanuu akkataa jireenya, kaayyoolee fi galma Warra Dhihaa wajji adeemuu fi wal-simatu ta’e, mamii tokko malee calaqqisni kun nama Muslimaa tokko irratti rakkoo amantii, safuu, kaayyoolee fi galma Islaamaatiin adda cituu fi adda ba’uu uuma. Adeemsi akkanaa kun adeemsa aadaa geeddaruu Ummata Islaamaa keessatti fida. Rakkoo xiinxalichaa furuu keessatti, Saayinsiin hawaasaatii fi namaa Islaamessuun, maalummaa xiinxalaatii fi aadaa of harkatti deebisuun akka nama dhagaa bu’uraa jaarmaya tokkoof lafa kaayyateetti ilaalamti.

**Rogni lammaffaa:**

Rogni kun Ummanni Islaamaa hambaalee Islaamaa irraa cituunii fi hambaalee tana akka matuma dhaala seenaatti ilaaluu fi ittiin dhaadachuun, kabajaalee duriin geeraruunii fi fakkeenya qofaaf ooluun kun, ilaalchi Warra Dhihaa akka yeroo dheertuuf turu godhaa jiran. Ammo hambaan kun akka bu’ura jaarmayaa fi

hundee walitti dhufeenya cimaa ta'u akkasumaas akka wanti nama fayyadu hambifamu, wanti bu'aa qabu guddifamuu fi wanti gaariin jiraachifamu godhuun namoota baay'ee biratti didamaadha, fudhatamaa fi xiyyeeffannaalle hin qabu. Kanumaafuu dhaabbatichi dhimma kanatti akkaan xiyyeeffachuu fi Ummanni akka dammaqee hambaa isaa kan Islaamaatti xiyyeeffatu gochuu fi yeroon isaa akka hin darbin, wantoota nama fayyadan hedduu kanneen fooyyessuun, jiraachisuun, eeguunii fi irraa bu'aa buufachuun barbaachisu akka of keessaa qabu yaadachiisuu jalqabe. Kuniis kan ta'u imaammata/karoora hojii kan tooftaa adeemsaa cimaa daandii hambaa aadaa fi xiinxala Islaamaatti nama geessu mijjeessuunii fi kan hambaa kanaa wajji akka tarkaanfatan godhu irratti hundaa'uudhaani. Erga akka waan hin malleetii fi wanta gareen dandeettii addaatii fi obsa cimaa qabu malee namni biraa hin dandeenyeetti ilaalamuu eegalee booda, tooftaan kun akkuma saayinsii fi gosoota barnoota ammayyaatti, gama boqonneessuutiin, kitaabessuutiinii fi baafata kennuufiitiin, hambaa kana mullisuu fi hubachiisuun wanta mijjaa'uu fi danda'amu akka ta'e agarsiisuu irratti hojjachaa jira. Kora/walgayii/ Idil-Adunyaa lammaaffaa "Beekumsa Islaamessuu" booda, dhaabbatichi karoora bal'aa qajeelfama hojii beekumsa Islaamessuutii fi xiinxala Islaamaa tajaajiluu bakka bu'u raabsuu karoorfate. Kuniis akka xiinxaltoonninii fi barattoonni barnoota Islaamaa ittiin of gargaaraniifi. Maxxansa duraa, kan mata dure "Islamization of knowledge" jedhuun bara 1402/1982tti raabsame akkasuma bara 1404/1984tti dhaabbata Qorannoo Barnootaa kan biyya Kuweetiin gara afaan Arabaatti hiikamee mata dure "أسلمة المعرفة" raabsame.

Kana booda bara 1406/1986tti dhaabbatichi maxxansaa afaan Arabaa erga fooyyeffamtee fi gulaalamtee booda raabseeti ture. Kitaabichatti gariin warki shoppiilee koraalee dhaabbatichi erga kora isaa lammaffaa Islaam Abaadiin booda taasiseef dhiheffame itti dabalame. Kitaabni kun afaanota addunyaa kanneen akka afaan Turkii, Maalaawwii, Ordoo, Iiraan, Ingliffaa, Faransaa fi Germaniitti hiikamee jira. Maxxansaan hedduun garii afaan kanaatiin maxxanfamee ture. Namni isa barbaadu heddummaachuu wajjiin walqabatee biyyoota Arabaa baay'ee keessatti yeroo lammaffaatiif maxxanfamee ture.
Dhimmi tooftaalee xiinxala Islaamaatii fi beekumsa Islaamessuun haarayoomsuu kun dhimma gurguddoo sammuu xiinxaltootaatii fi hayyoota Muslimaa heewase. Dhaabatichi yeroon hundeeffama isaa dhihoo yoo ta'ellee dhimma kana galamaan ga'uu keessatti milkaa'ee jira.
Kitaabni kun tooftaalee xiinxala Islaamaatii fi Beekumsa Islaamessuu hordofuu keessatti Muslima baraneef akka qaceelfama qabatamaa tokkotti ilaalama. Kanaafuu namni isa barbaadu waan baay'achaa dhufeef, keessaayyuu qeerroolee, barattootaa fi warreen biraa kan dhimmi saayinsii namaatii fi hawaasaa isaan yaachisu, dhaabbatichi kitaaba gabaabfamaa mata dureen isaa "**Kitaaba Gabaabduu Beekumsa Islaamessuu"** jedhu erga gulaallii hedduutii fi keessa deebii gadi fagootii, maxxansee raabsuu danda'eera. Kuniis kitaabichi bifa salphoo fi haarawa aamma qabu kanaan argamee harka barattoota beekumsa Islaamaa kanneen sadarkaa adda addaa irratti argaman, keessaahuu dargaggeeyyii dammaqinsa Islaamaa qaban kanneen abdii Ummataa iftuu fuulduraa bakka bu'an gayuufi.

Rakkoo xiinxalaa hiikuu fi beekumsa Islaamessuuf dura aantummaa isaan maltu isaaf kennuu keessatti qu'annoon kun, hojiileen dhaabbatichaa kanneen biraa, kallattiileen sochiilee isaatii fi hojiileen dhaabbiilee barnootaa kan Islaamaa hundi akka bu'aa isii buuftu Rabbi kadhanna. Wanti hundi keenya hawwinu akka Rabbiin xiinxaltoota Ummatichaa dagaagsee sadarkaa ol'aanaa qaroomaan waldorgomuu kan isa irraa eegamuun isa gayuudha.

Rabbiin akka daandii qajeelloo nu qajeelchu, akka warra qulqulluu waan Inninii fi ergamaan Isaa irraa gammadan-dhimma kana keessatti- mirkaneessan isaan godhuu fi akka Inni Ummata Islaamaatiif kaayyoo isaanii galmaam gayuuf kadhanna; Rabbiin kadhaa nama Isa kadhatee dhagayaa fi awwaataa**dha**.

**Dhaabbata Xiinxala Islaamaa idil-Addunyaa**
Herindan- Virginia

Rabi'I al-akhir 1408

December 1987

## Qajeelfamoota Bu’uraa kan Tooftummaa Islaamaa

**Adeemsi Beekumsa Islaamessuu** kun xiinxala haarayoomsuu fi aadaan gaariinii fi jaarmayni Ummata Islaamaa argamuudhaaf bu’ura garmalee barbaachisaa ta’e. akkasumaas adeemsichi kun gargar fageenya cimaa waan yaadamuu fi waan hojjatamu gidduu jiru, waan xiinxalamuu fi qabatama gidduu jiruu fi hoggantoota yaadaa, siyaasaatii fi hawaasaa gidduu jiru dhiphisuuf bu’ura akkaan barbaachisaa ta’e.

Adeemsichi gar-lamummaa fi waldiddaa gar-lamee caasaan/jaarmayani/ barnootaa kan baay’inaan biyyoota Islaamaa hunda keessa jiru karaa irraa maysuufi caasaa aadaa Islaamaatiin walqabatu ijaaruu jalqabuu keessatti garmalee barbaachisaadha.

**Adeemsa Beekumsa Islaameessuu** lafa qabsiisuudhaaf, qajeelfamafoota bu’uraa kanneen dhuka Islaamaa walitti ijaaran, daangaa bu’ura amantii kan xiinxala Islaamaatii fi tooftummaa isaa ijaaran/daangessanii fi tattaaffiilee barnootaatii fi jireenya nama Islaamaa keessatti, qor-qalbii, xiin-sammuu fi maalummaa isaa ijaaruuf qajeelfama ta’an kanneenitti xiyyeeffannaa kennuun dirqama.

Yeroolee darban keessa, gidduu dhimmoota barnoota akkaataa dubbiitii fi falmii, gidduu daangaa maalummaa nama Islaamaa, qor-qalbii Islaamaa, tooftummaa beekumsaatii fi sochii jireenya nama Islaamaa walitti makuun/walfakkeessuun maalummaa nama Islaamaattii fi tooftummaa xiinxalaatii fi barnootaa kan Islaamaa gara fokkisuuttii geessite.  Akkasumaas humna nama Islaamaa kan fuula duratti isa sochoosu, kutannoo inni dirqama amantiitiin dhaabbachuuf addunyaa kana irratti hojii gaarii

hojjachuuf qabu, haarayoomsuu fi miidhaginaan waan haaraya uumuuf, lafa kana jiraachisuu fi qarooma ijaaruuf qabu gara diiguutti geessite.
Akka bu’aa danqaa falaasamaa, aadaatii fi qaroomaa kan erga babal’atinsa amantii Islaamaati tasa mul’atee tokkootti, ummanni Araba hin ta’in kan hambaa qaroomaa fi falaasamaa dur qaban gara amantii Islaamaatti galuu fi ammaas akka bu’aa tokko kan erga wal’a’u/ walloluu fi gargar bittinnaa’uu Muslimootaa mul’ata Islaamummaa dukkaneesseetti yoo ilaalamu, waldhabbiin finiinaan garee waldhabe kana giddutti mul’ate mamii tokko malee bu’ura amantii Islaama salphaa fi ifa ba’aa kana irratti akka haasawni falaasamaa bifa adda ta’ee fi gadi fageenyaan godhamu taasise.
Akkuma falmiin bu’a dhabeessi dhimma hubannaa Rabbiin maal fakkaataa, biftisaa kan akkamii, qadaa/murtii ammee/ fi qadara/murtii Rabbii duree/, sababummaa, argamaatii fi kan kana faakkataniis. Bu’ura amantii Islaamaa wanti kaanneen biraa irraa adda godhu jaarmayni isaa salphaa dhugaalee uumamaa kan Rabbi irraa dhufan irratti waan hundaa’aniif. Bu’urri kun haguma dandeettii sammuu namaattii fi hubannaa isaatti laafinaan kennameefi, osoo tooftaan caasaa falaasamaa kan mamii fi ilaalcha dhala namaa daangeffamaa qorannoo Towhidaatii fi Aqiidaatti ija guduufiidhaan dabalame kan tilmaama isaatii fi waldiddaa isaa baay’ee keessatti dogoggora qabu itti hin makamin.
***Rabbiin qulqullaa’ee olta’ee Isumaatu dhugaadhaa fi haqa, tokkicha hin dhalchin hin dhalchamin fi hiriyyaa tokko hin qabne***, wanni isa fakkaatu tokkolleen hin jiru, lubbuulee namaa

uumeeti jallinna isiitii fi qaceelloo/qajeelloo isaa akka adda baaftu beeysise, dachii fi samiin karaa sirnaawaa fi hamma isaaniin malu irratti uumaman. Kuniis akka ilmi namaa amaanaa isaan jiraachisuutii fi haarayoomsuutiin keessa jiraatee galata hojii, xaarii/ifaajee fi hamilee isaa argatuufi.

Qajeelfamoonni kunneen kan gara wahyiitiin ilma namaatti mullifaman qajeelfama sirriidhaa, kan dhugaa, isa dhugaaleen argamaa irratti bu'ureeffame, inni qajeelfama bu'uraa, kan caasaan falaasama isa ilaalchaa fi mamii irratti ijaaramee miti. Caasaan falaasamaa kun waa'ee Rabbii kan argamaa fi uumamni irratti hundaa'e hubachiisuu hin dandenye, kan hubannoo haqummaa fi dhugummaa Rabbii, argamni ilma namaa dhugaa ta'uu, carraaqqii isaa kan hojii jireenyaatii fi lafa jiraachisuuf godhu dhugaa ta'uu, itti gaafatama bahuunii fi Rabbii uumaa kana uumee sababa garagaggalchu irra of kaayuu irratti hin xiyyeeffanneedha. Qajeelfamootni kun hubannaa dhala namaa ni daangessu. Kuniis kan ta'u, jireenya addunyaa kana keessatti waa'ee Rabbii kan waliigalaa, dhugaa ta'ee fi qabatama irratti ijaarame hubachuuni.

Waa'ee warra gaggaarii darbee/Salaf A-Ssalih/ hubachuuf akkasuma hagam takka hojiin ilma namaa dhugoominaan, akka gaaritti hojjatamaa jiraa fi hagam takka ilmi namaa jireenya isaa keessatti dirqama bakka bu'ummaa raawwachaa jiraa hubachuuf, karaan kun karaa sirrii, kan bu'ura amantii Islaamaa bakka bu'udha. gara biraatiin yaanni dubbuma qofa beekuu kan Islaamaa, inni duubatti hafaa ta'ee fi tooftummaan isaa booreyfamee fi gargar cirame booda itti aane, nama Islaamaa tokko akka inni dhugaa jireenyaa hubachuu hin dandeenyee fi itti

gaafatamummaan hojiitii fi lafa kana jiraachisuu itti hin dhagayamne godhe. Akkaataan kun akka inni waa'ee walitti dhufeenya argama uumamaa, waan uumama kanaa fi jireenyan duuba jiru kan ilmi namaa tokko guutumaan guututti hubachuun itti olfaatu ragaa tokkoon maletti itti galee dhama'u godhe.
Wantoonni kunneen gara xiinxala haarayaa gorutti, jijjiiramuutii, makamuutti fi yaada haaraya kana dirqumatti karaa/ tooftaa Islaamaa godhuutti geese. Akkasumaas akka hubannoon tasgabbii hin qabne hariiroo sababoowwaniitii fi wantoota sababa san argamsiisan (sababaa fi bu'aa), hojiilee fi bu'aalee isiitii fi laafinni ilaalchaa rogoowwan argama hawaasaatii fi dhunfaa/qeenxee/ giddutti uumamu taasise. Kun gara wahyii dogoggoraan hubachuutti geese. Akka hubannaa kanaatti, wahyiin kaayyoo, amala gaarii ilma namaa, hariiroo badduu wahyiin sammuu fi argamaa wajjiin qabu hoogganuu hin danda'yu. Akka fakkeenyaatti hubannaan kun hubannaa warra falmiitii fi falaasamaati. Warri kun rakkoo kanaaf kan saaxilaman yeroo yaada xiinxaltootaatii fi hooggantootaa waan warra falmii fi falaasama kan Muslimoota irraa dhokote arganiin moohamanii harka kennatani.
Kanumaafuu, tooftaa xiixalaa fi guddisa Islaamaa tooftaalee falmii bu'aa hin qabneetii fi falaasama dubbii irraa fageessuun dirqama. Kana malees tooftaalee falmii kana hojii irratti oolchuu fi waa'ee Rabbii ilaalchisee ilaalcha badaa hiikkaa firii hin qabne irraa dhufe tooftaa xiinxala Islaamaatii fi akkaataa guddisa Islaamaa irraa fageessuun barbaachisa. Yaadowwanii fi gochoowwan sun jireenya ummataa ballesseeti akka itti gaafatamummaan sochii isaanii isaanitti hin dhagayamne isaan

goodhe. Haalli kun ammo akka ummanni Islaamaa faraqaa hooggansa isaa kan nama gara qajeellootti hoogganuuf/qajeelchu isa geesse sirnaan qabatee deemuu dadhabuu fi gufuulee/rakkoolee/ dura dhaabbachuu hin dandeenye isa goote.

Kanaafuu, wanni ummata Islaamaa irraa yeroo ammaa kana barbaachisu tooftaalee akkaataa xiinxala Islaamaa haarayoomfachuu fi beekumsa Islaamessuudha**.** Kanatti aansuudhaan barnoota ammayyaa qajeelfamootaa fi kaayyoolee Islaamaa irratti hundaa'uun irra deebiidhaan ijaaruutu barbaachisa. Kaayyoon kanaa akka namni Islaamaa mu'lata Islaamaatii fi tooftummaa Islaamaa harkatti deeffatuu fi akkasumaas akkataan guddisa Islaamaa qulqulloommina isaa akka deeffatuufi; kaayyoon isaatii fi karaan isaa akka ifa ta'uufi. Jireenyaa fi argama kana keessatti, akka argamni Islaamaa kan dhunfaatii fi garee cimina isaatii fi akka gaaritti hojii irra ooluu isaa argisiisuufi. Projektiilee haarayoomsaa kamiyyuu galmaan gayuuf wantoonni aamma maqaa isaanii armaan olitti dhoofne kun qabatamaan lafa irratti argamuun dirqama.

Xiinxala Islaamaatiif, tooftummaa fi hojii isaatiif akka daangaatti, ka'umsaattii fi bu'uraatti qajeelfamoonni bu'uraa kanneen sirritti hubachuun, hordofuunii fi to'achuun barbaachisaadha jennee amannu kannee**n** aramaan gadiiti. Isaaniis:

1- Rabbiin qulqulluun olta'e tokko jedhanii amanuudha. Towhidni kallattiilee xiinxalaa, yaadaatii fi gochaa hunda kan calaqqisu ta'uun dirqama.
2- Uumamni jaarmaya uumamaa kan uumame tokko jedhanii amanuudha

3- Ilmi namaa baaka bu’aa Rabbiiti lafa kana irratti; Rabbiin uumamaa fi waan uumama kana keessa jiruus akka isaaf laaffise/haraashomse/ amanu
4- Dhugaan tokkuma jedhanii amanuudha
5- Islaamummaan tooftaa guutuu fi karaa jireenyaa kan cufa hammatu jedhanii amanuudha
6- Dhugaaleen Islaamaa yeroo, iddoo fi namaan hin daangeffamu jedhanii amanuudha
7- Wahyiin Rabbii guutama, sammuu namaatiin wal hin dhabu fi inni burqaa beekumsaati, argamninii fi sammuun karaa isatti nama geessan jedhanii amanu

## Karoora Hojii Dhaabbatichaa

Dhaabbatichi dhimma jabaa isaaf jecha tattaaffiilee isaa hunda yeroo dheeraaf boqonnaa tokkoon maletti godhe qabatamaan agarsiisuuf karoora hojii bal’aa hunda hirmaachisu lafa kaaye. Dhimmi s**u**n:

**-Tooftaalee/akkaataa/ xiinxala Islaamaa haarayoomsuu**

**- Barnoota Islaamessu**

Dhaabbatichi karoora isaa kana karoora hunda hammatu, guutamaa fi abd-qabeessa ta’e tokko godhuuf tattaaffiilee cimtuu taasiseera. Kunis dhaabbatichi yoo Rabbiin jedhe karoorri kun humna toltuu/gaarii/ ummata kanaaf yaaddu hunda dammaqsee warrayssatti akka galchu abdii guddaa waan irraa qabuufi. Karoorri kun karoora hunda simatu; namni qulqulluun miseenssa ummata kanaa ta’e kamiyyuu kan dhimmi barnootaa, xiinxala/yaada sammuu/tii fi aakasuma dhimmi dhaabbata

barnootaa, qaroominaatii fi aadaa isa yaachisu dhibdee tokko malee karoora kana milkeessuu fi galmaan gayuu keessatti hirmaachuu danda'ani.

Karoorri kun barnoota Islaamessuuf**,** kallattii xiinxala Islaamaa kan ammayyaa haarayoomsuuf, tooftaa isaa sirreessuu fi humna Islaamummaan kennuu fi waa miidhagsuu keessatti dur qabu haarayoomsuuf karoora abdiin guutamee hojii irra oolaa jiru. Karoorri kun yemmuu karoorfamu kaayyoon isaa akka dhaabbatichinii fi miseessonni isaa qofti hojii irra oolchaniifii miti, garuu kan karoorfameef namni tattaafataan kaayyoo ummata kanaa galmaan gayuuf amanamummaa fi qulqulloomminaan hojjatu hundi, dhaabbanni Islaamaa kan dhimma ummata kanaatti xiyyeeffatu marti, namni amantii dhugaatiif tomsuuf hawwii qabu hundi, jireenya Islaamaa jalqabuu fedhu, dirqama lafa tana irratti nama Islaamaa irra kaayame bahuu fi namooma dhama'e karaa sirriitti qajeelchuu fi haarayatti qarooma Islaamaa deebisuu fedhu hundi akka dhaabbatichaa **wajjiin** itti hirmaatuufi.

### 1- Kaayyoo Karoora Kanaa

Kaayyoon karoora hojii dhaabbatichaa tooftaalee xiinxala Islaamaa haarayoomsuu fi barnoota Islaamessu**.** Akkasumaas kaayyoolee waliigalaa kan armaan gaditti dhihaatu kana hojitti hiikuudhaaf karoorfate. Isaanis:

**A**-Ummata rakkoo xiinxalaa fi aadaa kan isaan haqanqalee harkaa qabu kana irratti dammaysu. Kana jechuun ummaanni rakkoon xiinxala Islaamaatii fi tooftummaan Islaamaa rakkoo argama isaanii, kan aadaa, qaroomaa fi jireenyaa irraa eessa akka jiru adda baasanii akka hubataniif dammaysu.

**B-** Gar-tokkoon hariiroon hir'ina tooftaalee xiinxala Islaamaa maal akka calaqqisu fi gara kaaniin ammo ummanni, dhaabbiileen isaatii fi jaarmayni isaa dhabamuun akkasumaas barnoota, aadaa fi qaroomaan booda aanuun isaanii maal akka agarsiisu adda baasu. Akkasumaas hariiroon hir'ina kana gidduu jiru maal akka agarsiisu, kan gidduu laafina ummataatii fi tattaaffiileen ummatichi of bilisoomsuu fi qaroomuuf taasisu fashaluu fi kufaatiin walitti dhaabbataa ta'e kan taattaaffii dagaaguu, guddinaatii fi gara qaroomaatti ce'uu daanggesse gidduu jiru maal akka akeekaa jiru adda baasanii beekuudha.

**C**-Amala rakkoo xiinxala Islaamaa kan yeroo ammaa, sababoowwan isaa, karaa isa ittiin furanii fi wantoota isa dura dhaabbachuuf, isa injifachuu fi bu'aalee isaa injifachuuf nama gargaaraniis sirritti hubachu.

**D-** Xiinxala ummatichaatii fi humna isaa haarayoomsuuf, tooftaalee adeemsa isaa fooyyessuuf, ka'umsa isaa bal'isuu fi kaayyoolee fi dhimmoota bu'uraa kan Islaama kanneen Qur'aanaa fi Hadiisa irraa burqan wajjiin walitti hidhuu irratti hojjachu.

**E-**Tooftaan Islaamaa kan hunda hammataa ta'ee barnoota hawaasummaatii fi namoomaa keessatti akka hidda isaa gadi jabeeffatuu fi barnoonni saayinsaawaan Islaamaa qabata jireenyaa, uumama ilma namaatii fi hawaasummaa keessatti akka gadi jabaatu godhuuf hojjachu.

**F-**Hojiilee akka xiinxalli Islaamaatii fi aadaan Islaamaa baraneen bu'ura Islaamaatii fi hambaalee Islaamaa aakasumaas barnootaa fi beekumsa ammayyaa wajjiin wal fudhatu taasisan jalqabuudha.

Hojiilee akka wantootni kun qu'attoota Muslimootaatiif, beektotaa fi qorattootaaf laafan taasisan eegalu.

**G**- Qorannoolee, qu'annoolee fi kitaabota tooftaa bu'ureeffatan kanneen hubannoo bal'isuuf gargaaran dhiheessuu irrattii fi bu'ura Islaamaa kan jalqabaa bal'isuu fi bu'ura saayinsiilee hawaasaatii fi namoomaa kan Islaamaa kan aadaa Islaamaa miidhagduu ijaaruu keessatti bu'aa buusuu danda'u gadi jabeessuu irratti dalagu.

**H-**Dhimma "barnoota Islaamessuu" kana fuula duratti golufsiisuuf, aadaa bu'uura qabu kan Islaamaa ummatichaaf lafa kaayuuf, bu'ura sirrii irratti hundaa'uun humna nama baratee barbaachisaa kan ta'e qopheessu. Kun kan galma gayuu danda'u sagantaalee liqaalee, hiree barnootaa, barumsa to'achuutii fi sagantaalee barnoota Islaamaa kan sektariilee saayinsiilee hawaasaatii fi namoomaa baranee/ammayyaa/ hundaa wajjiin wal simatu lafa kaayuun ykn qopheessuuni.

2. **Tarkaanfiilee Hojii**

Kaayyoon bu'uraa hubannoon "Islaamaa**"** akka bakka hubannoo "warra Dhihaa" bu'u godhu; hubannooleen aadaa Islaamaa bal'oo akka ta'anii fi hubannoolee "haarayoomsuutii fi ammayyoomsuu" tiis akka qaban gadi baasanii namatti mul'isuudha. Kaayyoolee Islaamaatii fi safuu isaa kan haarayoomsuu fi jirachisuu irratti hundeeyfame kabajama san qubachiisuuf hubannoon kun humna ammayyaatii fi dandeettii isaati wajji walfudhachuu dada'uu qaba. Kanumaafuu tattaaffileen kun kallattiilee gara garaatiin, walsimachuunii fi walitti hidhata qabaachuun akka inni tattaaffiile dhaabbatichaa, beektotaa, xiinxaltootaa, hayyootaatii fi dhaabbatoowwan

barnoota kan Islaamaa mara ijaaru godhuun dirqama. Tattaaffileen kun kan argamuu qaban tattaaffilee fi qajeelfamoowwan Islaamaa mara kan hojiilee gara garatii fi jireenya haarayoomsuuf taasifamuu wajji walitti dhufuu fi waliin hojjachuuni.

Kayyoon cimaan dura aanummaa qabu yoo tooftaalee xiinxalaa haarayoomsuu ta'ees barbaachisummaan tattaaffiilee garagaraa kallattiilee jireenyaa kan hojii, ijaarsaatii fi qabsaawinsaati wajji wal hin faallessu, inumaa tattaaffileen dhugaa walguutti malee wal hin diigdu, waldeeggarti malee wal hin mormitu; kuni yoo nuti dhugumaan jireenya Islaamaa karaa sirriitiin akka sochii godhuuf fedhii qabaanne.

Tattaaffiileen tooftaalee Xiinxala Islaamaa haarayoomsuu fi beekumsa Islaamessuuf taasifamu xureellee hojii kamiyyuu akkasumaas kallattiilee hojii walqunnamtuu fi walgargaartuu cufa gaafata. Tattaaffiileen sun akka armaan gadii kanatti dhihaatu:

**A- Dammaqsuu**

Dhimmootni tooftaalee xiinxala Islaamaa haarayoomsuutii fi beekumsa Islaamessuu dhimma yeroo takka itti xiyyeeffatanii yeroo biraa dantaa dhabanii miti; akkasumaas dhimma gartokkee miti kan gareen takka hojjattee gareen biraa dhiiftu. Garuu dhimmi tooftaalee xiinxala Islaamaa haarayoomsuutii fi beekumsa Islaamessuu jireenya ummata Islaamaa kessatti dirqama yeroo maraa kan itti fufaa ta'e. Dhimmi kun jiraachuuni Ummanni kun jireenya nagayaa argatee jiraachuu danda'a; adeemsa jireenya isaatiis ittiin haarayoomsee guddisa. Isa

kanaani humna isaa, dandeettii isaatii fi qabatama isaa kan fooyya'aatii fi jijjiiramaa deemu hubachuu danda'a.
Dhimmi kun dhimma beektota, xiinxaltootaa fi hayyoota ummata Islaamaa hunda ilaallatu. Hunda isaaniituu akka ijaaru, haarayoomsu, bu'aa irraa buufachuu fi akka inni tattaaffiilee ummatichaatii fi qarooma sirna qabu ijaaruu qajeelchuuf irratti hirmaachuutu isaan irraa eegama.
Kanumaafuu tarkaanfiin duraa tooftaalee xiinxala Islaamaa haarayoomsuu fi beekumsa Islaamessuuf, warra dhimma kanatti xiyyeeffatuu fi irraa bu'aa buufatu dammaqsuu fi dhimma kana sirritti isaaniif ibsu. Kun akka isaan hojjattoota dhimma kanaatti dabalamuun iddoo isaanii qabachuu jalqabanii fi akka isaan bu'aalee isaa gara hojiilee isaanii kan barnootaa, xiinxalaa, aadaatii fi qaroomaatti dabalaniifi.
Kanumaafuu ergaan keenya beektota, xiinxaltoota, hayyoota, hooggantootaa fi barattoota barnootaatii fi beekumsaa kanneen dhaabbatoowwan, waldayaaleenii fi tuutowwan adda adaatii fi waltajjiilee miidiyaa Islaamaa keessatti argaman mara ilaallata.
Kaayyoo kana galmaan gayuuf dhabbatichi, siminaarota, walgayiilee fi tooftaa miidiyaatii fi tamsaasaati fayyadamaa jira. Dhimma kana namaaf ibsuudhaaf, rogoota isaa adda namaa baasuu fi namni fedhii qabu hundinuu akka itti hirmaatee waan tokko gumaachuuf dhaabbatichi dhaabbiilee barnootaatii fi miidiyaatii wajji hojjachuuf ifaaja.
Dhaabbatichi walgayiilee idil-addunyaa hedduu fi siminaarota barnootaa kanneen adda adda gosoota beekumsaa kan aada addaa irratti xiyyeeffatan taasisee ture. Dhaabbatichi akka isa irratti hirmaataniif xiinxaltota yaadaa, beektotaa fi barattoota Muslimaa

hedduuf waamicha taasisaniiru. Sagantaalee walitti dhaabbatu kan nama dhimma haarayoomsa tooftaalee xiinxala Islaamaatii fi beekumsa Islaamessuu irratti xiyyeeffatu kan barnoota hunda haammatu biyyoota addunyaa keessatti bifa waliigalaatiinii fi biyyoota Islaamaa keessatti uumuuf bifa adda ta'een tattaaffii adda**an** hin cinne godhaa jira.

## B- Jalqaba, hubannoolee fi tooftaalee xiinxala Islaamaa babal'isuu

Rakkoo xiinxala Islaamaa furuun, tooftaalee isaa haarayoomsuunii fi beekumsa Islaamessuun kaayyoo tattaaffiilee ummata Islaamaa kan qarooma, jaarmayaa fi jiraachisuuf taasifamu milkeessuudhaaf godhamu waan ta'eef, rakkoo kana furuun tattaafilee baranoota irratti hundoofte kan jalqaba xiinxala Islaamaa kan sirrii ta'e babal'isuu, hubannaa isaa mullisuu fi tooftaalee isaa haarayoomsuun alatti tasuma hin danda'amu.
Kana galmaan gayuuf dhaabbatichi akkasuma namni dhimmi kun na ilaallata jedhee fi qulqulloomminaan hojjachuu barbaadu cufti, humna xiinxaltootaa, beektotaa, hayyootaatii fi barattoota barnoota Islaamaatii fi Warra Dhiyaa irraa qooda guddaa qaban, keessaayyuu kanneen beekumsa Islaamessuu keessatti danddeettii qaban kopheessuu irratti dalaguun dirqama. Yeroo kanatti warreen akkanaa kun lakkoofsaan xinnoodha.
Dhaabbatichi karaa hundaanuu humna xiinxaltootaatii fi bektotaa misoomsuu irratti hojjata. Kana lafa qabsiisuuf gara barruulee heddummeessuttii fi barnoota oomishuutti waamicha taasisan. Hojiin kun kan karoorfatu dhimma xiinxalaa babal'isuu, tooftaa haarayoomsuu fi walgayiilee, koraalee fi sagantaalee barnootaa

keessatti gomaata tokko gumaachu, kaayyoon isaa akka yaada wal jijjiirrataniif, mariilee qorannoo taasisanii fi hubannaalee gamtaa babal'isaniifi.

Hojiin dhaabbatichaa hojiilee biraa kan akka wantoota barbaachisoo ta'an hunda beektotaa fi xiinxaltootaaf dhiheessuu of keessaa qaba. Kuniis milkaa'ina qorannootii fi wantoota biraa kanneen qorannoo kanaa wajjiin walitti dhufeenya qaban fkn kan akka tajaajila mana kitaabotaa, barnootaa, walitti dhufeenyaatii fi siminaarota xiinxalaa qophessu. Kuni kan taasifamuuf akka bu'aan hojiilee barnootaa fuula duratti gulufuufi gama dhimma tooftaalee xiinxala Islaamaa haarayoomsuutii fi beekumsa Islaamessuutiin. Akkasumaas akka gariin xiinxaltootaatii fi beektoota waa'ee beekumsa Islaamessuu irraatti dandeettii qaban dhimma kana qofa irratti xiyyeeffannaa isaanii taasisaniif, dhaabbatichi qabeenya horii barbaachisaa isaan ittiin jiraatan qopheessuu irratti hojjata.

Carraaqqiileen xiinxala Islaamaa babal'isuu fi tooftaa xiinxalaa haarayoomsuuf taasifamu, carraaqqiilee bu'uraati; tooftaalee fi qabiyyee xiinxala Islaamaa qorachuutii fi dhimma isaa kan bu'uraatii fi hangafaa deebisanii haarayaan akka qindeeffaman taasisuutti xiyyeeffata. Kuniis bifa wal-utubuu fi beekumsa madaalawaa ta'een miggarameen yoo ta'u karaa humnaa fi jabina isaa kan irraa mulqame isaa deebisu keessa qaxxaamuruuni. Carraaqqiileen kun dhimma kana akka bifa mul'ataa ta'een, yeroo mara yaadatamaa ta'een, tooftaalee ifaa fi walitti qabataa ta'eenii fi karaa hojii guutamaa ta'een irra deebiidhaan ummataaf dhihaatu godhuutti xiyyeeffata.

Kana galmaan gayuuf, bu'ura sirrii waaraa ta'e kan bu'uroowwan Islaamaa guutuu, safuu isaatii fi jalqabbii isaa kan sirrii ta'e bu'ureeffate irratti hundaa'uuni. Akka inni Qur'aanaa fi Hadiisa jabaa keesstti dubbatametti fudhachuuni. Kun kan ta'uuf akka xiinxalli Islaamaa shoora isaa haarayatti bifa hubannoo dhaloota qaroolee warra gaggaarii darbeetiin walfakkatuun taphatuu fi akka isaan addunyaa yeroo isaaniitii wajji itti adeemaa turanii fi gofuulee fi rakkoolee isaan qunname humna isaanii fayyadamuun akkamitti akka wal'aansoo qabaanii turan akka namatti agarsiisuufi.

Carraaqqiileen dagaagaan ka'umsa xiinxala Islaamaa ammayyaawaa fi tooftaalee isaa babal'isuu karoorfate kun bu'raalee Islaamaa hangafa/gurguddoo/ irratti ijaaramuu barbaada. Bu'uraaleen sun: Qur'aana Rabbii kabajamaa, Hadiisa Nabii Rabbii qulqullaawaa, Barnoota Sharii'aa kan isaan lamaanii wajji walitti dhufeenya qabu, Barnoota afaan Arabaa, Seenaa yeroo jalqaba Islaamaatii fi dhimmoota yeroo ammaa, beekumsa isaa, tooftaalee isaatii fi gufuulee isaa beeku. Kuniis dandeettii dhimmootninii fi rakkooleen yeroo ammaa gad-fageenyaa fi bir'achuu dhaan akka xiinxalan nama godhan akka argataniif; kaayyoolee Islaaamaa, akeeka isaatii fi falaasama isaa kan bu'uraa rogoota jireenyaatii fi beekumsa ammayyaa barbaachisoo hunda keessatti akka babal'atuufi. Akkasumaas rakkoolee xiinxala Islaamatii fi tooftaalee isaa mudatee hir'inaa fi qancarinsatti isa booda aanse irratti akka hubannoo guutuu fi bal'oo ta'e dhihaatuufi. Akka sababootni rakkoo sanii adda baasuuf, hubannoolee ibsuu fi dhaabbilee, jaarmayaalee, karaalee fi haarayoosa guddisaatii fi hawaasaa kan qabatama Ummatichaa

haarayoomsuuf barbaachisan adda baasuun danda'amuuf; kana booda xiinxalli Islaamaa shoora tattaaffiilee ummatichi addunyaa jiraachisuu fi qarooma ijaaruuf taasisu hoogganuu keessatti qabaachaa ture akka deeffatuufi.

Karaa hundaan hubannoolee Islaamaa kan bu'uraatii fi falaasama isaa kan adda ta'e tooftaalee isaa kan barnootaa guutamaadhaan walfaana babal'isuun dhagaa bu'uraa kan waan hunda dura lafa kaayamuu qabuudha marsaa/adeemsa/ jalqabaa keessatti marsaalee haarayoomsaatii fi jijjiiramaa irraa. Adeemsa jalqabaa kana keessatti dhaabbatichi kaayyoo kana galmaan gayuuf carraaqqiilee taasisaa jira. Kuniis kan hojiitti hiikamu humna dandeettii qabdu xiqqoo beektota Muslimaatii fi xiinxaltootaatiif leenjii barbaachisu kennuudhaani.

Mul'anni tooftaa Islaamaa kan waliigalaa kun gosoota qorannoolee saayisaawaa hunda keessatti akka beektotnni kunneen waan dhukote abuuraniif isaan gargaara jedhameeti yaadama. Kun akka isaan bifa haaraya ta'een seektaroota isaanii bu'uraalee, hubannoolee, safuulee fi kaayoolee Islaamaa irratti hundaa'uun tolfatanii fi sana booda seektaroota hunda keessatti waan nuti barnoota Islaamessuu jennee moggaafne hojiitti hiikuudhaafi.

Hojiin walitti dhaabbinaan itti fufuunii fi lafa irratti argamuun duukaa bu'uun madaallii fi irraa deddeebiin yaadannoo taasisuun walitti dhaabbataa ta'e jiraachuu wajji, fuula duratti akka mul'anni kun ifa ta'uu fi haammataa ta'u godhuu keessatti gumaata guddaa qaba. Kanatti aansuuniis fuula duratti carraaqqiileen karaa mul'ata kana ittiin dhiheessan fooyyessuuf taasifamu ittuma fufa; fooyya'insiniis akka ummanni dandeettii

isaa fooyyeffatee rakkoolee gara ijaarsaatii fi qaroomaatiin yeroo ammaa isa qunnamaa jiruu wajji tarkaanfatee dura dhaabbachuu danda'uufi.

**C. Hambaalee Jiranitti Fayyadamuu danda'u:**

Hayyuu Muslimaa tokko akka inni hundee xiinxala Islaamaatii fi hambaalee collee isaa irraa fayyadamu taasisuun utubaa cimaa ijaarsa adeemsa beekumsa Islaamessuu gadi dhaabu. Tattaaffiileen yeroo ammaan tanaa ummanni Islaamaa taasisu kamiyyuu bu'aa isa irraa eegamu gama ijaarsaatiin, jiraachisuutiinii fi qaroomaatiiniis buusuu hin danda'u yoo bu'urri isaa kan tooftaa xiinxalaa bu'ura sirrii ta'e malee.

Tooftaanii fi xiinxalli sirrii yeroo kamiyyuu barbaachisoodha, keessaayyuu yeroo namni isaan irratti hirmaatu lakkofsi isaa xiqqaa ta'ee fi dandeettiin isaaniitii fi dhiibbaan isaaniitiis bifa salphaan kan ijaarame ta'e. Waa'ee xiixalaa fi tooftaa ilaalchisee wanti dirqama ta'e tokko isaan kun caasaa ummatichaatii fi caasaa aadaa isaa irraa kan burqu ta'uudha. Kun akka isaan lolaa burqa beekumsaa isaa irraa burqutti jijjiiramuufi; burqaan kun akka burqa barataanii fi hayyuun ummata kanaa beekumsa irraa waraabbatu ta'uufi.

Sababoota guddinaan, dandeettiinii fi haal-dureen tokko tokko isaaniif mijjaa'uufiitiin walqabatuun yoo aadaa Islaamessuun, hundee xiinxala Islaamaatii fi hambaalee isaa collee irraa fayyadamuun dhimma namoonni xinnaan xiinxaltootaa fi beektota irraa ta'an qofti irraa kan fayyadamuu danda'an ta'e, haalli kun dhimma tooftaalee xiinxala Islaamaa haarayoomsuu fi beekumsa Islaamessuu keessatti waa-jab galmeessuuf nama hin kakaasu.

Haarayoomsuun galma gayuu fi beekumsa Islaamessuun abjuu irraa gara qabatamaatti jijjiiramuuf tooftaan isaa harka hayyoota maraa jiraachuun, waan isaan gosoota beekumsa isaanii keessatti, dandeettii barnootaatii fi tooftaalee isaanii kan aadaa keessatti baratamaa godhatan ta’uun dirqama. Kaayyoo bu’uraatii fi beekumsa Islaamessuu galmaan gayuuf tooftaalee aadaa/ xurreelee/ barbaachiftuu keessaa tokko hayyoonni akka bu’uraalee Islaamaatii fi hambaalee isaa collee irraa bu’aa buufachuu danda’u taasisu.

Karoora dhaabbatichi akka hayyoonni bu’uraalee Islaamaatii fi hambaalee isaa collee irraa bu’aa buufatan taasisuu fi akka inni isaaniif laafu taasisuuf godhaa jiru keessaa hangafummaan kanneen akka karaa baasu/bocu/, fakkeenyota dhiheessuu fi dhimma jabaa kana milkeessuuf beektotaa fi dhaabbiilee barnootaatiif waamicha hirmaannaa dhiheessuu faa maqaa dhawuun ni danda’ama.

Hambaaleen barbaachisoon kun akka salphaadhatti hubatamaniif bakka sadihitti qoodaman. Isaaniis:

**Qoonni tokkoffaa:**

Barruuleen bu’uraa gorgoddoon Islaamaa Qur’aana kabajamaa fi Hadiisa Nabiyyichaa qulqulleeffamaadha.

**Qoonni lammaffaa:**

Beekumsa warra gaggaarii darbee kan beektota Sahaabotaatii fi faana dhawoota isaanii irraa argame, seenaa isaanii, akkaataa xiinxala isaanii, tooftaalee hojiilee isaanii, karaa hubannoo isaaniitii fi hariiroo isaan kitaaba Rabbiitii fi Hadiisa Rasuula Isaa wajjiin qabani.

**Qoonni sadaffaa:**

Xiinxala beektota ummata Islaamaa, xiinxaltoota isaa, hooggantoo isaa kanneen haarayoomsaan yeroolee darban keessa beekamanii fi hubannoolee isaan gosoota beekumsaa kan adda addaa keessatti qabani. Gosootni beekumsaa kun qooda lama qaban; gosti tokko kuusaa kitaabaa kan gosa beekumsaa hunda bifa walitti dhaabbataa ta'ee fi walmakataa ta'een ibsu. Irra beekamoon gosa kanaa kitaabota hiikkaa Qur'aanaatii fi Hadiisaati. Kitaabotni biraa ammo akka kan armaan olitti maqaa dhawamee kan gosoota barnootaa/beekumsaa cufa hammatan osoo hin ta'in, garuu kitaabota mata duree murtaa'aa gosa barnoota tokko irratti kan xiyyeeffatani. Akka fakkeenyaatti kitaabota waa'ee bu'uraa (al-usuul), seeraatii fi kan kana fakkaatan maqaa dhawuun ni danda'ama.

Wanti nuti kana irraa hubachuu dandeenyu, beekumsa bu'ura Islaamaatiin qaba jechuun, beekumsa kana gama tokko kan jaarmaya ummataa, xiinxala isaatii fi yaada isaa taasisuun yoomiyyuu galma gayuu hin danda'u yoo beekumsi beektota ummata Islaamaa kan Qur'aana, Hadiisa, kitaabota Hadiisaa fi seenaa Rassuulaa ibsanii fi tilmaama (al-qiyaas) beektota Sahaabotaa bu'ureeffate ta'e malee.

Dhimma kana ilaalchisee, karoorri Dhaabatichaa carraaqqiilee beekumsa irratti hundaa'e godhuuf kaayyeffate. Tattaffiileen kuniis waa lama argamsiisuufi:

**Wanti tokkoffaa:**

Akka beektota, hayyootaa fi xiinxaltoota dhimmoota barnoota ammayyaatii fi akkaataa kamiiin akka hawaasni gara hambaalee kanaatti akka deebi'anitti xiyyeeffatanii, akkasumaas yaada

isaaniitii fi dhimmoota isaanii burqaalee, dhimmootaa fi qajeelfamoota isaa osoo hin dagatin akka galma gayu godhuuf xaaraniif akka salphatuuf, wantoota gargaartota ta'an dhiheessu. Kuni hambaalee kana boqonneessuudha /kuteessu/ tooftaa qoqqoodinsa beekumsaa fi saayinsii hawaasummaa fi namummaa ammayyaatiin wal-simatu irratti hundaa'uuni.
Hambaalee kanneen irraa bu'aa buufachuun akka mijjaa'u taasisuun, wanti armaan olitti maqaa dhawaman gayaa waan hin taaneef, wantoota akka hambaalee kanneen hubachuudhaaf nama gargaaran qopheessuun, isa qoqqoodamee bifa salphaadhaan lafa kaayame ykn boqonneeffame kana akkaataa isa itti hubatan karaa laafaa lafa kaayu. Kun kan ta'u jechoota hambaalee kanaa salphisuu fi bifa suuraa/bocaatiin dhiheessudhaan, beektonni, qorattoonninii fi xiinxaltoonni akka isa waliin tarkaanfachuu danda'anii fi bu'aa irraa buufachuu danda'aniifi.
Jechoota kanneen irra dhaabbatanii barruulee, ergaalee fi ragummaa hambaalee kanaa rakkoo jabaa tokkoon maletti sirritti hubachuun akka danda'amuuf, hambaalee kanneeni wajji sirritti wal-hubachuun ykn wal-fudhachuunii fi bifa walitti qabamaa ta'e fi ifa ba'aa ta'e tokkoon jechoota san dhiheessuun dirqama.

**Wanti lammaffaa:**

Barruulee hambaalee kanaa irraa akka fakkeenyaatti boqonneessuu fi isa kana beektotaa fi dhaabbiilee barnootaatiif dhiheessu. Kunis hubannaanii fi hojiin kitaabota hambaalee hedduu yeroo dheeraaf beektonni ummatichaa walitti qaban bifa sirrii ta'ee fi qulqulluu ta'een boqonneessuuf/qoqqooduuf/ taasifamu akka salphisuufi. Kana galmaan gayuun carraaqqiilee dhaloota beektota ummatichaatii fi qorattoota isaa barbaaddi.

Kanaan walfaana dhaabbatichi tattaaffi warra dhimmi kun ilaallatuu akka bu'aa buuftu godhuuf ifaaja. Kunis boqonneessuun wal-faana hojii kitaabota hambaalee akkaan barbaachisoo ta'anii, kannneen sirrii ta'anii fi walitti kuufamoo ta'an beeksisuudha akkasumaas nama biraa kan boqonneessuu fedhuuf barbaachisummaa isaa ibsuuni.

**Kuusaa Hambaalee:**

Hojiin dhaabbatichi hambaalee kana jiraachisuu fi akka irraa bu'aa buufachuun danda'amu godhuuf taasisaa jiru, yoo Rabbiin taate bifa kuusaa beekumsaa kan kutaalee/gosoota hedduu irraa walitti qabame ta'uuni dhiheeffama. Agarsiiftuulee fi fakkeenyonni barbaachisoo ta'an akka armaan gadii kanatti dhihaatu:

**Kutaa tokkoffaa:**

Kutaan kun waa'ee tooftaalee hambaalee dubbataman kuteessuu/ boqonneessuuf nama gargaaranii fi akka meeshaa baranee (electronic devices/teeeknologii) fayyadamuun hojii kana of irratti laaffisan irraa dubbata ykn ilaallata. Kunis caasaa furtuulee kan gosoota beekumsa ammayyaa maraan wal fudhatu caasessuu fi karaa meeshaan (digitile library) baraneen kun gosa barnootaa kan kitaaba tokko irraa barbaadamu laafumatti argachuun danda'amu mijjeessuuni. Fakkeenyaaf kompiitaratti fayyadamuudhaan mata duree gosa barnootaa hunda irraa barbaadamaa ta'e kuteessuun (catalogue) ykn boqonneessuun yeroo fi humnaas namaaf qusata; tooftaa kanaan alatti hambaalee dubbataman irraa bu'aa buufachuun hin yaadamu.

Yoo kun hojii irra oole, hojiin beektota waa'ee kana irratti hojjatanii waa'ee gosoota barnootaa gulaaluu fi karaa

salphaadhaan isa kana qorannoo fi qu'annoo isaanii keessatti fayyadamuu qofa ta'a; hin rakkisu.

Meeshaan baraneen kun mamii tokkoon malettii waa sadi keessatti ni gargaara:

1. salphumatti barruulee hambaalee kanneen gara garaa wal madaalchisuun gulaallii/keessa deebii/ gadi fagoo akka taasifamuuf gargaara.
2. Dadhabbiin alatti akka gosa barnoota hambaalee gulaaluun danda'amuuf gargaara.
3. Akkaa qorattoonni salphumattii waan barbaadan argataniif, bifa saganteeffameen gosa barnoota hambaalee boqonneeffamaa kuusanii kaayan godha.

Hojiilee hambaalee kanaa qoqqooduun, tooftaa fi meeshaa baranee fayyadamuun caasaa furtuu lafa kaayuu qofa irratti kan gabaabbatuu miti. Kana jechuun tooftaa/ caasaa "elektirooniksii" afaan Arabaa hojiilee gareessuutiif mijjeessu.

Jijjiirama barbaadamu fiduuf dhaabbatichi warshaalee waan kana hojjatanii wajjiin hojjachuuf tattaafilee **go**dhaa jira. Kunis sadarkaa tokkoffaatti caasaa elektrooniksii suuressaa, kan afaan biraatiin jiru afaan Arabaatiiniis akka jiraatuufi. Kun ammo hojiilee kana jalqaba irraa haga xumuraatti akka laaffatan godhuu keessatti ga'ee guddaa qaba. Kun yeroo dhihoo keessatti akka godhamu abdii qabna.

**Kutaa lammaffaa:**

Waa'ee jechoota hambaaleetii fi saayinsii isaa salphisuu irratti xiyyeeffata. Kunis gara Seektaroota bu'uuraa sadan armaan gadii kanaani:

- Gosa saayinsii/barnoota Hadiisaa, karaa isaatii fi jecha isaa qeequun, sirreesuunii fi warra isa odeessee fi jechoota itti fayyadamanis yaada irratti kennuuni
- Gosa jechoota barnoota fiqhiitii fi hundeelee isaa
- Tooftummaa barnoota seenaa Islaamaatii fi jechoota waal ta’aa isaa

Wanti barbaadamu, qorannoolee jechoota waalta’aa kana walitti qaban, salphisanii fi ibsan kopheessuu fi karaa ifa ta’ee, salphaa fi bifa salphaa dhaan qindeeffameen dhiheessu. Bu’aan isaa akka qorattoonni, hayyoonninii fi xiinxaltoonni irratti marii godhan, itti fayyadaman, bu’ura tilmaamaatii fi sirrii ta’e irratti ijaaruu danda’aniifi.

Qorannoolee fi adeemsa jechootaa salphisuu haara kana irra dhaabbachuun, seenaa jalqaba hambaalee hubachuu fi tooftaalee isiin irratti hundooftee fi hordofaa turte hubachuun, hojiin nama qoratuutii fi qu’atuu ni salphifama; kuniis akka burqaaleen hambaalee bifa sirrii ta’een dhihaatuufi.

**Kutaa sadaffaa:**

Kutaa kana keessatti kuusichi fakkeenyota kitaabota barruulee bu’uraatii fi kitaabota kuufaman irraa fuudhaman irraa haasawa, boqonneessuu fi mata duree barbaachisaa ta’e kan barruulee boqonneeffame hubachuuf seenaa bu’uraa ibsan qopheessu. Akkasumaas gosa barnootaa, jechoota ibsoo ta’anii fi yaada dabalata barbaadan qarqara irrattii baasuudhaanii fi baafata barbaachisaa ta’e qopheesuuni; kuni akka warra gosa barnootaa sun itti fayyadamuu barbaaduuf salphatuufi.

**Kutaa afraffaa:**

Kutaa kana keessatti kuusichi qorannoolee kitaabota hambaalee kuma tokko ta'an kan jaldii kudhanii raabsamuuf taa'an qopheessu. Hojii kana keessatti dhaabbatichi shoora maqaa kitaabaa, madda isaa, barreessaa isaa, bara itti barreeffame, tooftummaa isaa kan bu'uraa, dhimmoota ciccimaa inni itti xiyyeeffatu, qabiyyee fi tooftaa isaa ilaalchisee jabinaa fi dadhabina/laafina/ jiru akkasumaas akka madda odeeffannootti saayinsii namoomaatii fi hawaasummaatiif hagam takka akka irraa fayyadamuun danda'amu ibsuu fi beeksisuuti taphata.

**Kutaa shanaffaa:**

Kutaan kun karoora hojii dhaabbatichaa kan hambaalee tajaajiluu irraa kitaabota bota hambaalichaa hedduu kuteeffame kan dhimmoota gara garaatii fi gosoota barnootaa adda addaa irraatti xiyyeeffatan raabsuu irratti kan xiyyeeffatu. Akkuma ammaan dura ibsametti, kitaabonni hambaalee kanneen kuuseffaman gariin isaa bal'ina irraa kan ka'e kan kitaaba hedduu ta'uu fi gosa barnootaa adda addaa walxaxaa ta'e of keessaa qabu. Kitaabonni akkanaa kun bifa barnoota ammaayyatiin qophaa'uutu barbaachisa. Garuu kitaabonni dhimma tokko ykn gosa barnootaa tokko irratti xiyyeeffatan akkuma jiranitti erga keessa deebiinii fi gulaalliin taasifameef booda akka bu'aa irraa buufachuunii fi itti fayyadamuun danda'amuuf raabsamuutu barbaachisa.

Dhaabbatichi yoo Rabbi jedhe kitaabota hambaalee gosoota barnootaatii fi beekumsa adda adda irratti kuteeffaman raabsuu irratti kutannoo guddaan hojjachuufi. Akka fakkeenyaatti kitaaba kana fudhachuun ni danda'ama. Kunis maalummaa tattaaffiilee hambaalee kana tajaajiluuf barbaachisu ibsuu keessatti

akkasumaas akka isiin beektota, qorattootaa fi hayyoota baraneef laaftu taasisuu keessattiis hojiilee kuusaa hambaalee jabeessuu keessatti ga'ee qaba.

Yoo Rabbi fedhe wanti nuti abdannu dhaabbatichi hayyuu Muslimaa tokkoof kitaabota kuufaman kana, waan isa irraa maxxanfamee raabsamuu fi akkasumaas kitaabota hambalee kan beektotaa fi dhaabbata barnoota Islaamaa kan biraa irraa raabsamu bu'ura godhachuun qorannoolee xiinxalaa fi qeeqinsa gadi fagoo irratti hundeeffaman kan akkka mul'atni Islaamaa itti bal'atu, akkamitti akka gara qaroomaatti hiikame, akkamitti akka gara hojiittii fi amala gaariitti geeddaramuu akka danda'amanii fi akkamitti mul'anni Islaamaa san akka rakkoolee adda addaatii fi gufuulee adda adda injifatan akka isaan taasise kan ibsu hayyuu saniif dhiheessuu akka danda'uudha.

Kana malees wanti nuti abdannu akka hayyuun Muslimaa tokkoo kuusaa kana qabatee gara garba hambaaleetti tarkaanfachuu danda'u. kuniis akka hayyuun tokko gosa barnootaa kan inni ittiin beekamu keessatti waan barbaade argatuufi ykn itti dhaqqabuufi. Kuusaa beekumsaa kana irraa wanta qorannoo isaatiif barbaachisuu fi muuxannoo isaa isaaf cimsu bal'inaan argatuufi.

Karaa tattaaffiilee beekumsaa toofteffamtuu kuusaalee beekumsaa kana beeksisuutiin, gadi fageenyaan gulaaluutiin, baafateessuutiin, boqonneessuutiinii fi ibsuutiin -yoo Rabbi jedhe- hayyuu fi beekaan akka gaaffiilee barbaachiftuu sadihiif deebii laachuu danda'u godhama. Isaaniis:

**Gaafiin tokkoffaa**

Hariiroon Qur'aanninii fi Hadiisni saayinsii dhala namaatii fi hawaasaa waliin qabu maali? Hambaaleen Islaamaa hoo saayinsii kana keessatti maal gumaache?

**Gaafiin lammaffaa**

Gumaachi hambaalee Islaamaa kun akkamitti waan barnoonni akkanaa kun gumaachee waliin wal-simata ykn wal-dhaba? Sadarkaa mul'ataa fi bal'ina beekumsa kanaatiin wal-madaalchisuun haambaaleen kun eessa irra ga'eera? Maal irratti waliif galan? Maal irratti akka waldhabanii fi wal irraa adda ta'an? Maaliin akka wal-bira darban ykn wal-duuba hafan? Gaafii jedhuudha.

**Gaafiin sadaffaa**

Beekumsa ammayyaa bu'a qabeessa hubachuuf, kallattii beekumsa kanaa keessatti jijjiramni barbaachisaan akka dhufuu fi akka karoorri mul'ata Islaamaa hojii irra ooluuf, kallattii kamitti tattaaffiileen Muslimaa osoo taasifame irra bu'a qabeessa ta'a? akka rakkoolee yeroo dura dhaabbatuuf, qaawa jiru duuchituuf, haarayatti dhimmicha qindeessituu fi mul'ata Islaamaa bal'iftuuf akka inni mul'ata namummaa qaroomaa murteessaa Rabbiin addunyaa kana irratti ilma namaatiif file akka taatuuf akkamitti tattaaffiileen Muslimaa kallatteeffamuu ykn hoogganamuu qabdi? Kan jedhuudha.

**D. Beekumsa Ammayyaa irraa Bu'aa Buufachuu Danda'uu**

Adeemsi beekumsa Islaamessuu galma gayuuf, hayyuu fi xiinxalaan Muslimaa tokko beekumsa baranee hubachuun waan akkaan barbaachisu. Gama tokkoon hojiileen hambaalee Islaamaa kan kutaalee qorannoolee amala uumama

hawaasummaa fi namummaa xiinxala dhunfaa gadi fagoon kan beekamtu yoo taate gama biraatiin ammo yaanni ammayyaaa kan yaada Islaamaatiin garaagara erga beekumsa Islaamaatii fi tooftummaa Islaamaa kan hubannoo fi ogummaa hubateen booda yaada kana jabeenyaan gara qorannoolee amala uumamaa kan hawaasummaatii fi namummaatti ceesise akkasumaas sadarkaa xiinxala dhunfaa irraa gara sadarkaa qorannoo gadi fagootii fi tooftaa waalta'aan caaseffametti isa tarkaanfachiise. Kallattuma yaada Islaamaa kanaan kuusaa yaadaa guddaa namni Muslima hin tahin qabu kanneen akka beekumsaa, saayinsii hawaasummaa fi namoomaatii fi uumamaa ijaare/ uume. Yaada kana irraa kallattii jireenyaa kan adda addaa keessatti ilmi namaa bu'aa gaariis ta'u hamaa buufataa jira.

Warri Lixaa tooftaalee, saayinsiilee ammayyaatii fi bu'aalee isiitiini seektaroota birootiin addatti seektara ijaarsa siyaasaa, barnootaa, diinagdee, waraanaatii fi teeknoloojiitiin gara jaarmaya qarooma meeshaalummaatiin addunyaa kana irraatti ol'antummaa fi hoogganisa mirkaneeffachuu danda'an. Akkasumaas biyyoota Islaamaa siyaasaan, diinagdeen, waraanaan, aadaanii fi qaroomaan lolaniinii injifachuu danda'an; Muslimoonni weerara dirgimii kana garmalee raajeffatan, gara biyyoota lixaatti fi barnoota isaaniitiin wal dorgomuu eegalan. Kunis dhukkuba isaaniitiif qoricha argachuuf, laafaa isaanii jabeeffachuu fi cabinsa isaaniitiif moohatinsa gonfachuufi. Bar-kurnee fi bar-dhibbeen hedduun darbullee dadhabbiin Muslimootaa guddachaatuma deeme rakkooleen isaaniitiis babal'achuu itti fufe. Barnoota Warra Lixaa kana akka hambaalee hiriyyaa hin qabneettii fi ijoo dubbiitti ilaalanii yoo takka takkaan

samutti qabataniis luugama beekumsaa fi dandeettii kan ilmaan isaanii yeroo dhaa yerottii fi dhalootaa dhalootatti isa barbaadu irraa hara hin galfatin kana harkatti galfachuu hin dandeenye.
Sababootni wanta barbaadamu akka argachuun hin danda'amne godhan keesaa tokko Muslimoonni barnoota jaraatii fi dhaabbata jaraa irraa gar-tokkee fi akkuma jirutti odoo baaqaa fi calla isii adda hin baasin akkasumaas kaayyoo isii, safuu fi hubannoo isii tan warra lixaatiin walitti hidhan san osoo hin hubatin walitti qabanii fudhachu.
Gar-tokkeen tooftaa beekumsaa boodatti hafaan keenya kun kan isa irratti hundoofnee barnoota warra lixaa irraa fudhanne, isumaatu akka nuti qorannoo waliigalaa, qeeqinsaatii fi gadi fagoo kan silaa akka nuti waliigala barnoota warra lixaa, handhura qarooma isaa, falaasama inni irratti hundaa'e, karoora inni irratti xiyyeeffatuu fi safuu inni calaqqisu akka hubannu nu goodhu hin geggeessine nugodhe.
Rakkoolee armaan olitti dubbanne kanaafi hundee barnoota saniitti dhaqqabuu dadhabne; barnoota kana ilaalchisee dandeettii abdii namatti horu tokkollee argamsiisuu hin dandeenye. Barnoota ykn saayinsii Warra Dhihaa duukaa kaachuu fi isa jala gororuu malee mala biraa dhabne, kuusaa barnootaa mul'ataa fi walitti dhaabbataa ta'e tokko kuusuu hin dandeenne. Qarooma beekumsaa dagaagaa tokko dagaagsuu hin dandeenye; ammaa amma ilmaan keenya qaroo dhaloota irraa dhalootatti gareedhaan walfaana gara biyyoottan lixaatti ergina.
Naaffachuu keenya kanaa fi gadadoo keessa jirru kana keessaa ba'uuf jecha, jaarmayaalee keenya keessatti dandeettii beekumsaatii fi dandeettii fooyya'aa tokko ol guddisuuf, dirqama

beekumsa ammayyaa kana sammuu ofitti fudhachuu fi isa bulleessuu dandeessuu fi akkasumaas humna isaa fooyya'aa kan bifa sirriitiin bakka bu'u qabaachuu qabna. Kana godhuun wanta cimaa ta'e tokko nu irraa barbaada. Wanti suniis dandeettii hubannaa bal'aa fi qorannoo gadi fagoo kan gamanaa gamasii hin qabne/objective/ irratti hundaa'anii qarooma Warra Dhihaa kana burqaa, galma, falaasama isaatii fi bu'aa inni haga ammaatti buuse ilaaluun xiinxalu qabaachu.
Ija chufataniituma gar-tokkee barnoota kanaa fudhatanii riphisuun ykn guutumaan guututti barnoonni ammayyaa kan Warraa kun hin taane jedhanii balbala offii cufachuun/ diduun/, bu'aa tokkoollee nuuf hin buusu ykn rakkoolee yeroo ammayyaa kan yoo bu'aalee qarooma ammayyaatii fi humna isaa irratti hundaa'an malee dura dhaabbachuun jabaatu kana akka dura dhaabbannu nun godhu. Kana yoo godhuu dandeenye waan kanaan duuba jiruus bifa kana irra caalaa fi bal'aa ta'een keessa gadi hulluuqnee bu'aa guddaa irraa buufachuu dandeenya.
Barnoota qarooma Warra Lixaa irratti hundaa'e kana barachuunii fi waa irraa fudhachuun, barnoota warra kanaa dhaadhessuu fi sammuu teenya duula aadaa kan gita bittoota alagaatii banuu jechuu akka hin ta'in beekuun barbaachisa. Qarooma warraa kanaa fi bu'aa beekumsa isaa irraa waa raabsachuun/ qooddachuun karaa sirrii ta'e kan sammuu qaruu fi kan mul'ata walitti dhiheenya qarooma baranee fi Islaamaa ibsuun ta'uu qaba. Qaroomnni jaraa kan bu'aaleen isaa kan akka beekumsa ammayyaatii fi teeknoloojii, kan bu'urri isaa beekumsa, hubannoo, malootaa fi bu'aalee Muslimoonni addunyaaf

dabarsan irratti hundeeffame kun saniin dura beekkamaa hin turre.
Qaroomni kun hambaa dhala namaa ta'uu yoo hubannee, Muslimoonni akka warra qarooma kana dura hundeesseeti fi akkasumaas akka warra jalqaba isa irraa bu'aa buufachuu, isa badii irraa baraaruu fi isa kana akka qajeelfamaatti, haarayoomsaatti fi dagaaginaatti itti fayyadamuu qabuutti ilaalamu. Kanumaa wajji laaqama bu'ura amantiitii fi amala gaarii kan qarooma dhala namaa yeroo dheeraaf gara ummata Muslima hin ta'iniin mudate dammaqqiin adda baasuun dirqama. Rakkoon kun waan akka sirritti qarooma san irraa bu'aa buufachuun jabaatu taasisuufi. Yoo nuti waan jara biraa irraa raabsannu kana sirritti hin beekin, baaqaa fi calla isaa adda hin baasin laafina qabnu irratti laafina biraa nu irratti dabala akkasumaas salphumatti garee ol'aantummaa barbaadduuf karra saaqa.
Yaadni kun akka galma gayu godhuuf dhaabbatichi barnoota ammayyaa kan akka saayinsii hawaasaatii fi namoomaa irratti qorannoolee gadi fagootii fi bal'aa taasisuuf hojjachaa jira. Qorannooleen kunneen gosa barnoota kanaa hunda bu'ura isaa, dhimma jalqaba, maloota, bu'aalee barnootaa kan isaan argame, kitaabotaa fi maddoota bu'uraa barbaachisaa isaatii fi karaalee qeeqinsaa barbaachisaa gara ilaalcha hayyoota barnoota kanaatii fi gara ilaalcha Islaamaatiin jiru ibsa. Kuni gama wabiitiin, bu'uraatii fi waliigalaatiin dhiheeffama. Hayyuun Muslimaa tokko qeeqinsa isaa bifa bal'aa ta'een akka taasisu godha; dandeettii fi xiinxala barbaachisaa dagaagina barnootaa kamiifuu

walaba ta'ee akka godhuu fi barnoota kana keessatti akka yaada Islaamaa gumaachuu danda'uuf isa gargaara.

Kana booda, dhaabbatichi qorannoo gabaabduu haammattuu taate kan gulaala qorannoolee sanii taatu takka raabsuudha hawwa. Kaayyoon qorannoo kanaa qarooma ammayyaa kana gama barnootaa, seenaa, bu'uuraa, falaasamaa, safuu, tooftaalee fi qeequmsa xiinxala bu'ureeffate gamanaa gamasii hin qabne bifa walii galaatiin hawaasaaf dhiheessu. Kuni akka beekaan Muslimaatii fi hayyuun Muslimaa ilaalcha beekumsaa bal'aan utubamuufi; dhimma kanaa fi barnoota kana qofaaf osoo hin ta'in qarooma jaraatii fi duula qarooma kan jarri labse kanaafis kan oolu; gama biraatiin maalummaa barnoota nama Islaamaa deebisanii ijaaruuf, babal'isuu fi irkattuummaa jalaa akka baatuuf gumaacha guddaa akka taasisuufi.

Qarooma ammayyaa kana ilaalchisee, beekaan Muslimaa tokko saayinsii/ barnoota ammayyaa kana ijoo/ luugama isaa qabachuu/ harkatti galfachuu danda'uun, hubannaa bal'aa qeeqaa dhimmichuma kaayyeeffate babal'isuun, hundee isaatii fi safuu Islaamaa, kaayyoo isaa, dhuka xiinxala warra darbaniitii fi collee hanbaa isaatiin wal-qabsiisuun, dhimma bu'uraatii fi ulaagaa jalqabaa kan dirqamaati. Kana goonaan cancala beekumsa fooyya'aa Islaamaa harkatti galfachuun dirqama "beekumsa Islaamessuu" sirritti hojii irra olchuun gama xiinxala, barnootaa fi qarooma Islaamaa raabsuutiin dada'amaadha. Inni kun dirree qarooma ilma namaa bal'isa, akka ilmi namaa rakkoo qaroomaa kan isa sakaalee fi jaarmaya isaa harkaa waliin dhawu injifatu godha.

Karoorri dhaabbatichaa akka hayyuun Muslimaa tokko barnoota ammayyaa kana irraa bu'aa buufachuu danda'u godhuuf tarkaanfiilee armaan gadii kana lafa kaaye.

**Tarkaanfiin Tokkoffaa**

Beektota gosa barnootaa kan isaan ittiin beekaman kan waa'ee hawaasummaa irratti xiyyeeffatu irraatti hundaa'anii kitaabota sadi akka barreenssan godhu/gaafatu.

**Tarkaanfiin Lammaaffaa:**

Beektonni kunneen kitaabota sadan san gulaalanii gara kitaaba tokkootti deebisu; yaanni tokko lama deebi'uu akka hin qabne beekuun akkaan barbaachisa.

**Tarkaanfiin Sadaffaa**

Faaylii barnootaa kan mata duree proojectichaatii fi kaayyoo isaa ibsu tokko gosa barnootaa kan barreeffamee gulaalame san irraa qopheessu. Faaylichiniis manneen kitaabotaa kanneen univarsitiileen Islaamaa qaban irra raabsamu; ergasii yoo faayliin san kan maxxanfamuu qabu ta'e ilaalamee akka maxxanfamee raabsamu godhu.

Carraa beekumsaatii fi bu'aa irraa buufachuu ballisuuf, dhaabbatoota barnootaatiin wal-ta'anii gara afaanowwan babal'aa Muslimoonni itti fayyadamaniitti hiikuun waan fudhatama qabu.

**Tarkaanfiin Afraffaa**

Itti gaafatamummaa kuusaa/faaylii/ san qorachuu beekaa beekumsa barnoota saniitiin beekkame tokkotti kennu. Kitaaba tokko kan gar-tokkee kitaaba sanii of keessaa qabuu fi gulaallii gar-tokkee kitaabota biraa kan of keessatti haammate qopheessu. Kaayyoon isaa kan duraa kitaaba barnoota adda babaasee ibsu

qopheessuu osoo hin ta'in sadarkaa duraatti kitaaba ilaalcha barnootaa bal'aa fi waliigalaa of keessaa qabu, kan beektonni kunii fi kanneen biraatiis bu'aa irraa buufachuu danda'an godhu, akka beekumsa waliigalaatii fi bal'aa bu'ura qeeqinsa Islaamaa hubachuu irratti hundaa'e argatan godhuu fi ergasii kitaabichi maxxanfamee hiikamuudha.

**Tarkaanfiin Shanaffaa**

Beektonni Muslimaa akka barruulee qopheessanii fi dhimma kitaaba kanaa, xiinxala waliigalaatii fi bu'aa inni yaadaan bilisoomuu keessatti qabu-akka dhimma tokko kan beekumsa Islaamessuu irraa ta'ee tokkootti irratti haasawan godhuudha.

**Tarkaanfiin Jahaffaa**

Gareen beekumsa kitaaba guutuu qarooma Warra Dhihaa bifa waliigala ta'een, hundee isaa, bu'ura falaasama isaa, kayyoo isaa, jalqaba isaa, amaloota isaa yeroodhaa fi iddoo iarratti hundaa'uun, seenaa isaa kan waliigalaa, waan inni galmeesse, tooftaalee isaa, qeeqinsa warra dhihaatii fi Islaamaa wal-madaalchisuun barreessu. Kitaabichi mata duree kaayyoo qorannichaa kanneen akka: hubannoo bal'oo, bilisummaa yaada ibsachuu, qaphxiilee jabeenyaatii fi laafinaa hubachuu, karaa bu'aa irraa argataniin, daanggeeffama yeroo fi iddoo -kan Lixaatii fi Islaamaa walbira qabuun- ibsu qabaachuu wajji.

Kitaabichi kan bu'ureeffatu kitaabota barnoota kan Waarra Lixaa kan durii fi kitaabota qarooma isaanii bifa waliigalaa ta'een of keessaa qabaniidha.

Kitaabichi gama, jijjiirama xiinxala sammuu Muslimaa irratti fiduudhaa fi xiinxala sammuu isaanii qopheessuutiin, hojiin dalagamu bal'aa ta'uu fi kan kaayyuma isaa qofa irratti

xiyyeeffate ta’uutiin, xiinxala san bifa fakkeenyaatii fi naamunaatiin dhiheessuutiin, seenaa, jalqabaa, gosoota barnootaatii fi wantoota galmaa’an bifa gabaabaan dhiheessuutiin, ol’antummaa dhimma bu’ura amantii Islaamaa, amala gaarii isaatii fi dhiibbaa inni jalqaba jijjiirrama Warra Dhihaa irratti qabaachaa ture gadi jabeessanii agarsiisuutiin, ergasii qaroomni warra kanaa gara meeshaalummaatiin/material/ iitiin dagaaguu fi gama amantiitiin qancaruu isaa ibsuutiinii fi qarooma Islaamaa irraa waa baa’ee fudhatee wantoota fudhate san waakkachuu isaa ibsuutiin, -kitaabichi- akka kitaaba gulaallii ijoo of keessatti hammateetti ilaalama. Akkasumaas kitaabichi Gama aqiidaa/bu’uura/ fi amala gaarii Islaamaa qabachuun jalqaba qarooma biraatiif, bu’aa barnootaa Kan meeshaaleyyummaatii fi tuuftummaa Kan Warra Dhihaa fudhachuuf dirqamaa fi ulaagaa jalqabaa akka ta’e ibsuutiin, akka kitaaba ijootti ilaalama.

**E. Kitaabotaa Barnootaa Tooftefamaa**

Akkuma ammaan dura dubbannee san, karoorri hojii dhaabbatichaa mul’ata ifa taasisuun waa gumaachuu fi hayyoota Ummata Islaamaatii fi dhaabbilee isaa akka jaarmaya sirrii ijaaranii karaa sirrii irra deeman gargaaruu irratti xiyyeeffata. Kuni kan mirkanaa’u, hayyuu fi beekaa Muslimaa tokko qopheessuuf hojiilee fakkeenya ta’an fi barbaachisoo ta’an kan waa’ee kana irratti hojjataman dhiheessuun, tooftaa xiinxala Islaamaa haarayoomsuun, barnoota hawaasummaa kan Islaamaatiif bu’ura lafa kaayuu fi sana booda beekumsa Islaamessuu lafa qabsiisudhaani. Ammaas kana dhugaa godhuuf hojiilee fakkenya ta’an kan hambaalee, isa muumeelee gosa

barnootaa kan hundee Islaamaa irraa ta’e kanneen akka **Qur’aana kabajamaa, Hadiisa Nabiyyii qulqullaawaa** fi beekumsa warra faana Nabii dhawee kan sadarkaan qoqqoodame of keessatti qabatee fi collee fi qulqulluu hambichaa irraa burqe dhiheessuni. Kuniis kan kaayyaffate hariiroo hayyuu Muslimaatii fi hundee hambaalee isaa giddutti ijaaruudhaafi.
Akkuma kanaan dura dubbatame, dhaabbatichi qorannoolee bal’aa barnoota ammayyaatii fi qarooma baranee qeequun taasifamu raabsuu irratti hojjachaa jira. Kuniis, akka hayyuun Muslimaa tokko hubannaa bilchaataa ta’e tokko qabaatuufi waa’ee saayinsii fi qarooma ammayyaa harkatti galfachuu isaa ilaalchiseetii fi bilisummaa xiinxalaatii fi xin-sammuu mirkaneefachuu isaa ilaalchisee wanti ulfaataan tokko akka hin mudanneefi.
Hojiilee kanaan cinatti akkasumaas gosoota hojiilee bu’uuraa kan fakkeenya ta’an kanaan cinatti, dhaabbatichi xiinxaltoota Muslimaatii fi beektota isaanii kannee hambaalee kanaa fi saayinsii ammayyaa sirritti hubannaa ga’aa qaban akka kitaaba barreessan taasisuu irratti hojjata. Adeemsa barnoota Islaamessuu keessatti akka hojii mul’ataa ta’e tokko hojjataniif dandeettii waa kalaquutii fi bilisummaa xiinxala yaadaa qabaachuun barbaachisa. Hayyoonni kunneeniis kanaani adda ta’an.
Hojii mul’ataa tokko hojjachuun isaanii sadarkaa tokkooffaatti kan ibsamu adeemsa barnoota Islaamessuu kana adda durummaan hogganuu fi bu’ura isaa akka gadi fageeffatu godhu. Kana gochuuf mala isaan fayyadamuu qaban keessaa kanneen akka jalqaba bu’uuraa, kan Islaamaa ibsuun, dhimmoota saayinsii ammayyaatii fi tooftaalee isaa kan bu’uraa agarsiisuun, qorannoo

wal-madaalchisuu irratti hundaa'e kan mul'ata Islaamummaa waa'ee kana irratti qabu ibsuu fi akkamitti waa'een barnoota sanii gara ilaalcha Islaamummaatiin akka qorachuun danda'amu ibsuunii fi gosa barnootaa kana ilaalchisee, qorannoolee fakkeenya ta'an kan hojitti hiikamuu danda'an godhuudhaani. Sababaan tooftaa/ mala/ kana fayyadamaniif akka tooftichi beektota gosa barnootaa kana irratti hojjataniif hubannaa gaarii tokko beekumsa Islaamessuu irraa argatan godhuuf gargaaruu fi akka isaan beekaniif wanti isaan irraa barbaadamu kaayyoo kana galmaan gayuuf tattaaffii walitti dhaabbataa ta'e godhuudha. Kana malees akka beektonni kunneen hubannaa isaani itti tarreessanii fi waan jalqaban kana raaree/dirree qorannoo fi qu'annoo isaa babal'isaaniifi.

Hojiilee barnootaa kan bu'uraa kana irraahi bu'aan barruulee, qorannoolee fi kitaabota garagaraa akka qophaawan taasisuudha. Bu'aan kuniis kan hojii irratti oolu karaa waamicha dhaabbatichaa dhagayuutiin, karoora kora, yaa'ii fi walgayii isaa hubatanii waliin irratti hojjachuutiini. Akkasumaas bu'aan kuni kan argamu gara tattaaffiilee gar-tokkee ykn gar-hundee kan dhaabbaticha keessatti godhamuu fi dhaabbatichi hogganuudhaan taasifamuuni. Kuni kan ta'u haallinii fi dandeettiin beekaa, xiinxalaa yaadaatii fi qorataa tokkoo xiyyeeffannaa keessa galchuunii fi beektota irraa harka qalleeyyiif waan dhaabbatichi akka ittiin jajjabaataniif qopheesse akka jiru beekuuni.

Barruulee fi qoranoolee kanneen walitti fiduun, dammaqinsi beektotaatii fi hayyootaa guyyaa irraa gara guyyaatti dabaluunii fi tattaafilee isaan ga'umsa barnoota Islaameessuu argachuuf taasisan bu'ura godhachuun, dhaabbatichi abdii kitaabota

barnootaa kan tooftaa irratti hundaa'anii fi -gosoota barnootaa kan gara garaa of keessaatti hammatan kanneen ilaalcha Islaamummaa kan bu'uraatii fi kabajamaa ta'e bu'ura godhatan bal'inaan maxxansee raabsuuti qaba.

Bu'aalee xumura irratti carraaqqiilee **d**haabbaticha irraa eegaman keessaa tokko barruulee barnootaa toofteeffatuu bal'inaan raabsuu; kunis akka isiin ilaalcha Islaamaa irratti hundaa'uun fakkeenya gaarii tokkootti raaree/dirree barnoota Islaamaa, kan barruulee barnootaa toofta qabeessa bu'uura godhate tajaajiluufi. Yaada kana fakkeenyaa fi ka'umsa godhachuun, hayyoonninii fi xiinxaltoonni Muslimaa yaada isaanii caaseffachuudhaanii fi kana boodaas barnoota Islaamessuu dhimma isaaniitii fi bu'uura hojii isaanii kan barnootaatii fi xiinxalaa akka godhataniifi.

## F. Dura-aantiilee/adda durummaa/ priorities/ Qorannoo Barnootaa:

Qorannoo, barruulee adda addaa barreeysisuu fi kitaabota qopheessuu ilaalchisee, waggoota shanan fuul-duraatiif dura-aantummaadhaan dhaabbatichi akka armaan gadii kanatti hojjachuuf karoorfate.

**Tokkoffaan: Barnoota Toofteyfamaadha (Methodological):**

Dhimmi kun dhimma bu'uraati hojii fi qorannoo takka irrratti bobba'uuf gosoota barnootaa kan biraa ilaallatee. Kanumaafuu akka inni amala Islaamummaa hunda hammatee qabatuuf, karaa sirriitiin akka burqaalee xiinxala Islaamaa Wahyii fi sammuutiin wal-qunnamuu fi akka Muslimni tokko dhimma isaa kanneen akka dhimma jireenyaa, xiinxalaa, guddisaatii fi jaarmayaa hundaaaf bu'aa irraa buufatuuf, isa kana gara gaggalchanii bilcheessuun, fooyyessuunii fi haarayoomsuun dirqama ta'a.

**Lammaffaan**: **Barnoota Amala Gaarii (Ethics):**

**Gosoota barnoota/saayisii/ kanaa irraa kanneen barbaadaman:** Barnoota Xin-sammuu (Psychology), Barnoota Hawaasaa (Sociology) fi Barnoota Dhala Namaa (Anthropology). Sababaan -erga barnoota tooftefamaadhaatii- gosoota barnoota kanneeni akka sadarkaa duraa argatan godhe, waan isaan xiinxala/yaada/ bu'uraa kan saayinsiin hawaasummaa, dhala namaatii fi tooftaa saayisii uumamaa hundi irratti hundeeffaman of keessatti haammatanii fi ykn of keessaa qabaniifi. Gosti barnoota kanneeniitii fi yaadotni isaaniin dhiyaatan waan dandeettii hubannoo qaroomni ammayaa maalummaa dhala namaa irraati qabu, galma dhala namaa, iccitii argama isaatii fi milkaa'ina isaa adda durummaan murteessuu qabaniifi. Gosti barnootaa kun jalqabumaanuu burqaa yaad-rimee hundee barnoota hawaasaa hundaati, akkasumaas yaad-rimee jalqaba saayinsii hawaasummaatii fi dhala namaa kanneen biraati; inumaayyuu gosti barnootaa kun akka yaadota, hubannaalee fi yaad-rimeewwan sun hojitti geeddaramaniifiis bu'uura ta'uun hubataman.

Kanumaafuu barnoota kanaa fi Islaamummaa wl-simsiisuun, hubannoolee fi jalqaboota Islaamaa dhimmoota gurguddoo isaan walitti hidhata qaban babal'isuun, tattaaffiilee barnoota Islaamessuuf godhamu keessatti iddoo jalqabaatii fi akkaan barbaachisaa ta'e qabatee jira. Gosoota isa ilaalchisu hunda irratti kitaabota bu'uraa tooftaawaa qopheessuu danda'uun gosoota barnootaa kan biraatiif kitaabota akkasii qopheessuuf bu'ura ta'a. kanaan alatti adeemsi barnoota hawaasummaatii fi dhala namaa

kan biraa Islaamummaan wal-simsiisuu osoo galma hin geenye rarra’ee hafa, kuniis waan birkiin takka hanqatteefi.

**Sadaffaan**: **Barnoota Guddisaatii fi <u>Siyaasaa</u>**

Barnoonni kun lamaan akkaan barbachisoodha, sababni isaa waan isaan lamaanuu jireenya ummata tokkoo ijaaruu keessatti hangafa ta’aniifi. Fakkeenyaaf barnoonni waa’ee guddisaatiin walqabatu dhimma/barnoota/ guddisaa nama tokkoo bakka bu’a. Barnoonni siyaasaa ammoo barnoota jaarmaya hawaasa tokkoo ijaaruudha bakka bu’a. Barnoonni lamaanuu barnoota akkaan barbaachisoo ta’anii fi hariiroo cimtuu barnoota amala gaarii wajjiin qaban keessaa isaan hangafaati. Gama tilmaamaatii fi shaakalaatiiniis barnoota amala gaarii kallattiin bakka bu’an.

Gara biraatiin argama/ jreenya Ummata Islaamaa keessatti isaan kun akka cinaacha dadhabaatii fi hir’ina mul’ataa ta’ee tokkotti ilaalaman. Fakkeenyaaf, nama tokko sirritti guddisuu fi dhaabbatoota hawaasa kan waliigalaa tokko kan biyya Islaamaa keessatti argaman ilaalchisee haalli qabatamaan ummata Islaamaa keessatti mul’atuu fi kaayyoon Islaamaatii fi abdiin warra qulqullinaa fi kutannoodhaan Islaamummaaf hojjatuu walfaallessa. Akkataan kuni akka bu’ura laafinaa, malaan maltummaatii fi jaarmaya Ummata Islaamaa diiguutti ilaalama. Kanumaafuu, barnoota kanneen haarayoomsutti ganamuun, hubannoolee Islaamaa gama kanaan bal’isuun, gosa barnoota kanaa irratti qorannoo gad-fagoo taasisuun, tilmaama isaatii fi xurree isaa qoratuunii fi gama barnootaatiin akka tilmaamni Islaamaatii fi shaakalli isaa bakka bu’aa ta’ee argamuuf hojjachuun akkaan barbaachisa.

**Afraffaan: Barnoota Diinagdee (Economics), Taligaa (Management), Sab-qunnamtii (Media) fi Barnoota Artii**

Gosti barnoota kanneenii hundi isiituu sullama akkaan barbaachisaa ta'e jireenya keenya ittiin salphifachuu fi ittiin qajeelfachuuf. Caasaa jaarmaya bu'uraa kan hawaasa Islaamaa ijaaruu keessatti gosoota barnootaa kanneen ammaan duratti maqaa dhoynee waliin sirritti wal-deeggaru; akkasumaas maalummaa barnoota amala gaariitii wajji walitti dhufeenya cimaa qabu; kuni ta'uun isaa gosoota barnoota kanneenii Islaamummaan walsimachiisuuf hojii fi tattaaffii barbaachisaa godhamu haala gaariidhaan laaffisa.

Gosoota barnootaa kurnan kana Islaamummaa wajjiin walsimachiisuu fi hubannoolee Islaamaa kanneen bu'uraa babal'isuuf jecha dhaabbatichi carraaqqiilee isa irraa barbaachiftu godhuu jalqabee jira. Kuniis, koroowwan barnootaa idil-addunyaa qopheesuunii fi sagantaalee qu'annoo barnootaa dhiheessuuni. Korowwanii fi sagantaalee kanneen irratti beektonni Muslimaa kanneen biyyoota addunyaa adda addaa irrraa walitti dhufan ni hirmaatu. Gosoota barnoota kanneenii ilaalchisee, akkuma ammaan dura tuquuf yaalametti, dhaabbatichi hojiilee barruulee qopheessisuu, qorannoolee fi kitaabota harka beektotaatii fi hayyootaa baay'inaan gahaa jiru kana maxxansee dhiheessuu jalqabeera. Dhimma kana ilaalchisee, dhaabbatichi imaammata bal'aa, bu'aa gaarii qabuu fi roga hedduu ta'e qaba. Kuniis kan argamuu danda'e sadarkaa tokkoffaa irratti gargaarsa Rabbiitiini ergasii ammoo dammaqinsa beektonni, xiinxaltoonni yaadaatii fi hayyoonni dhaabbaticha kana akka inni milkaa'uuf gargaarsa taasisan

qabaniini. Wanti isaannan kunneen gargaasa kana taasisaniif, barbaachisummaa dhimma beekumsa ammayyaa kana Islaamessuu fi bu’uuraa fi jalqaba waan tokkoo gadi jabeessuuf adda durummmaan barbaachisaa ta’uu isaa waan hubataniifi.

**G. Humna Nama Baratee Qopheessu**

Wanti ifa ta’uu qabu tokko dhimmi rakkoo xiinxala yaadaa kan Islaamaatii fi tooftefamuu xiinxalichaatiin walqabatee jiru, dhimmi beekumsa Islaamessuu, caasaan guddisaatii fi barnootaa walitti laaqamuun, caasaa/jaarmaya kana Islaamessuunii fi tokko taasisuun dirqama ta’uun haga arraatti haga ta’e tokko akkuma mul’ataa fi yaada tokko qofaatti ilaalamaa jira. Kana jechuun guutumaan guututti dhugaadhaan wanti gara hojiitti jijjiirame hin jiru jechu. Dhugaan lafa jiru wanti inni agarsiisu, dhimma kana ilaalchisee humni nama baratee fi muuxannoo qabuu kan beekumsa barnoota Islaamaatii fi ammayyaa gadi fageenyaan hubachuu danda’uu fi waa’ee xiinxala Islaamaatii fi beekumsa Islaamessuu irratti ga’umsaa fi sirritti sirnaan hojjachuu danda’u lakkoofsaan xinnaa ta’uudha, ammaas isaanuma kana irrayyuu warri fedhii qabanii fi warri dirqamni/ itti gaafatamumman/ jireenyaa akka isaan xiinxala barnootaatii fi guddisaa irratti hojjatan isaan taasisu garmalee xiqqoodha.

Kanumaafuu, wanti dhaabbaticha irraa barbaadamu humna nama baratee kan itti gaafatamummaa adeemsa beekumsa Islaamessuu sirritti geggeessuu danda’u fi kan isa kana gara Ummata Islaamaa kan dhimma kanatti xiyyeeffatu hundatti dabarsuu/geessuu/ danda’u qopheessuuf, xurreelee isaa cufatti fayyadamuun tattaaffilee mijjaa’aa ta’e hunda taasisu.

Sababni dhaabbaticha akka dhimma humna nama baratee qopheessutti xiyyeeffatu isa godhe fashaluu fi irrina sababaa dadhabbii yaadaa ykn hubannootiin dhalatu osoo hin ta'in sababaa dhabamuu humna nama baratee kan dirqama kana geggeessuu danda'uutiin, ykn humna yaada kana baadhachuu danda'uu fi wanta barbaachisu hojii irra oolchuu danda'u kana gama lakkoofsaa fi gosa barbaachisuutiiniis qopheessuu fi sirritti qindeessuu keessatti hir'inni mul'achuutiin kan dhalatu xiqqeessuufi. Akka hubannoo keenyaatti sababni boodaa kun sababoota gurguddoo dhaabbatoota barnootaatii fi barsiisuu hedduu, kanneen dhimma beekumsa Islaamessuu- kan dura waldaya beektota hawaasota Muslimootaatiin dhiyaate- fakkaatu irratti hojjachaa turan akka fashilan ykn carraaqqiin isaanii fir-malee ta'u taasisaniidha. Dhaabbatootni kunneen humna nama baratee bu'uraalee/ulaagaalee sirrii irratti hudaa'uun qopheessuun hagam akka barbaachisaa ta'e waan sirritti hin hubatiniif fashilan.
Kanumaafuu dhaabbatichi itti-gaafatamni isaa xiinxala yaadaa babal'isuu, waamicha godhuu, haasawa waliin/marii/ taasisuu fi waan maxxanfame raabsuu qofa irratti gabaabbatu akka hin ta'in amana, garuu itti gaafatamni isaa kan humna nama baratee barbaachisaa kan dandeettii ergaa/ itti-gaafatama kana baadhachuu qabuu fi karuma danda'ame hundaanuu hojii duratti deemaa ta'e barbaachisaa sirnaan hojjachuu danda'u qopheessuu akka ta'e amana.
Humna nama baratee kana qopheessuuf dhaabbatichi imaammata kallattii hedduu fi sadarkaa hedduu qabu lafa kaayatee qaba. Isaaniis: barachuuf marxifatanii ka'u/barnootaaf guutumaan

guututti of kennu, barsiisuuf of kennu, barnoota barsiisaa sadakaa barnootaa ol'aanaa ta'uuf nama qopheessu barsiisu, barnoota sadarkaa doktoorummaatii olii barsiisu, barnoota yunivarsitiitii fi sadarkaa ol'aanaa kennuu irratti hojjachuu, hiree baratаа cimaa barsiisuu laachuu fi qorannoolee yunivarsitii to'achuuti. Qaphxiilee armaan olitti tuqaman kanneen akka armaan gadii kanatti addaan furra/ ibsuuf yaalla.

**Tokkooffaan: Barnootaaf/Barachuuf/ of Kennu**

Barnootaaf of kennuun mala murteessaa maloota humna nama baratee ittiin qopheessanii fi dandeettii isaa gara qorannootii fi qu'annootiiniis ittiin fooyyessan irraa isa tokko. Beektotaa fi qorattoonni yeroo baay'ee giddu gala barnootaa kan tajaajila mana kitaabaatii fi iddoo fi akkaataa barnootaaf mijjaa'u dhiheessuu danda'u barbaadu. Kunis yeroo barnootaaf of kennan boqonnaa yeroo gannaa ykn waggaa tokko taatu akka isa keessatti dabarsaniifi. Galma giddu galaa kana keessatti wantoonni akka qorannoo barnootaatii fi mariin barnootaa kan qorannoolee fi qu'annoolee qorattoonni godhaniif bu'aa qabu ni godhama.

Waa'ee kana ilaalchisee dhugaa dubbachuuf, dhaabbatichi irra caalaa giddu gala barnootaatti beektotni Muslimootaa yeroolee barnootaaf qoodan akka keessatti dabarsaniifi, kuniis waan dhaabbatichinii fi manni kitaabotaa tajaajila adda addaa hayyoota/barsiisota barnootaaf marxifatee ka'e kanneeniif dhiheessuu/godhuu/ danda'uu fi gara biraatiin ammoo iddoo barbaachisaa ta'ee fi negeenya qabu waan filateefi. Iddoon kun waajjiraalee idil-addunyaa baay'een itti argamanii fi yunivarsitiileen Ameerikaa bebbeekkamoon itti argamanitti dhiyaata.

Iddoon kun haala qilleenssaa kan jireenyaaf mijjatu/qilleenssa badda daree qabaachuun/ karaalee fi akkaataa hedduun warra keessaatii fi alaatiiniis wal-qunnamuu danda'uunii fi barsiistonni ijoo ta'an kanneen waa'ee beekumsa Islaamessuu keessatti nama hunda dura ganamanii fi adda durummaaniis nama hundaa olitti dhimma kana hoogganaa turan isa keessatti argamuun iddoolee biraa irraa akka adda ta'u ykn caalu taasise.
gargaarsi dhaabbatichi barsiisota Muslimaa kanneen barnootaaf of kennaniif taasisu danda'u nafaqaa dhunfaa isaanitiin/ nafaqaa yunivarsitiilee fi dhaabbiilee isaanii kanneen barnootaatii fi qorannoo-waa'ee dhimma beekumsa Islaamessuu ilaalchisee, lakkoofsa nama baay'eetiif geessi, dhaabbatichi jara kanaaf waan isaan/ tajaajila/ isaan barbaadan cufa kan akka: mana kitaabotaa, ogummaan gargaaruu, waa'ee mata-dureelee qorannoolee isaanii kan barnootaa isa dhimmoota <u>xiinxala</u> yaadaa kan Islaamaatii fi beekumsa Islaamessuun walitti hidhata qabu irratti marii waliin taasisuufaa isaaniif dhiheessuu ni danda'a.
waan gosa barnootaatiif of kennuu kan biroo isa gargaarsa horii kan dhaabbatichi barbaadu fkn gargaasa akka baasii fi nafaqaa beekaa ykn xiinxalaa yaadaa tokkoof dhiheessuufaa fi waan kana fakkaatu ilaalchisee, dhaabbatichi gargaarsa kana kan godhu pirojaktiin barnootaa kan warra kanaan taasifamuuf deemu hagam takka akka barbaachisaa ta'e, dhaabbaticha biratti sadarkaan isaa maal akaa fakkatu, dandeettii fi ga'umsi nama qorannoo kana taasisuu qorannicha qulqulloomminaa fi miidhaginaan raawwachuu isaa ilaalchisee maal akka fakkatuu fi dhabbatichi pirojaktii kana gargaaruuf baasii hagam takkaa akka qabu ilaaluuni murtaa'a.

dhimma kana galmaan gayuu ilaalchisee dhaabbatichi abdiin inni qabu tokko gargaarsa akka kennaatii fi hiree barnootaa barataaf laachuufaa sooressa Muslimootaatii fi jaarmayoota Islaamaa kanneen dhimma beekumsa Islaamessutii fi tooftaa akkaataa yaadaa kan Islaamaa haarayoomsuutti xiyyeeffatan irraa argachuudha.

**Lammaffaan: Barsiisuuf of Kennu**

Beekumsaaf of kennuun kun kan ilaallatu warra barnoota sadarkaa ol'aanuu xumuree sadarkaa duktoorummaa argate, kanneen qophaawina ogummaa gosa barnoota ittiin eebbifamanii keessatti argatanii jiran, garuu beekumsa barsiisonni ijoon dhaabbatichaa qaban irratti hundaa'uun dandeettii isaanii gara beekumsa Islaamummaatiinii fi qu'annoo barnootaa kan hubannoo beekumsa Islaamessuu irratti xiyyeeffatu fooyyeffachuuf fedhii guddaa qaban ilaallata.

Barattoota kana sagantaalee barnootaatu isaaniif saganteeffama. Sagantaalee kanatti fayyadamuun beektota dhaabbaticha keessa hojjatan irraa barnoota dabalataa fudhatan. Barnoonni kun kan kennamu bifa barsiisuu kan saganteeffameen, barachuunii fi wal-marii fi waliin haasawa barnootaa taasisuuni. Kaayyoon isaa qophaawinni barattoota kanaa gama beekumsa barbaachisaa ta'e argachuutiin akka gaaritti akka fooyya'uu fi akka isaan burqaa yaada Islaamaa, dhimmaa fi hubannaa beekumsa Islaamessuu sirnaan harkatti galfataniifi. Adeemsa kana keessatti, dirqamni dhuunfaa kan barattoota kana irra jiru, hojii barnootaan walitti hidhata qabu kan to'annaa tokkoo barsiisota kanaatiin raawwatamu, kan waa'ee beekumsa Islaamessuu irratti fuulleffatu tokko qopheessu. Seektara beekumsa Islaamessuu

keessatti hojiin kun akka hojii barnootaa kan hangafaa/duraa/ tokkootti ilaalamee raabsamuufi.
Humna nama baratee qopheessuu fi saffisaan bu'aa isaa argamsiisuuf, sagantaan kun sagantaalee yeroo gabaabaa keessatti bu'aa guddaa argamsiisan keessaa isa duraati, haa ta'uu malee lakkoofsi nama sagantaa kana keessatti dhaabbatichaan haammatamuu dandeettii dhaabbatichi gama hiree barnootaa barataaf laachuu fi baasii barataa kana barbaachisu cufuu/ dhiheessuu irratti qabuutiin daanggeeffama.

**Sadaffaan: Barnoota Sadarkaa Ol'aanaa**

Humna nama baratee qopheessuuf gosa kanaatu baay'inaan hundaa olitti hojii irra oolfamaa jira. Adeemsi gosa/qooda sadaffaa kana hojitti hiikuu kan armaan gadii kana fakkaata. Tokkooffaan garee barattootaa qaroo kan yunivarsitiilee gara garaa irraa gosa barnoota hawaasummaatii fi namoomaa gara garaatiin eebbifaman filatanii eegasii gara sagantaalee barnoota sadarkaa ol'aanaatti namuu akkuma muummee isaatiin/ogummaa isaatiin/ haammatanii qophaa'ina isaanii yeroo irraa gara yerootti ol guddisu. Lammaffaan dhaabbatichi sagantaalee barnoota ammaayyaa kanaan cinatti sagantaa barnoota Islaamaa, kan barattoota kana akka isaan burqaa xiinxala yaada Islaamaatii fi maloota barbaachisoo isa kana hubachuuf nama gargaaran argatanii bu'aa irraa buufataniif hojjachu. Kana beekuunii fi bu'aa irraa buufachuu danda'uun bu'aalee akka: hambaalee fi gumaata Islaamaa, hambaalee kanaa wajjiiniis sirnaan adeemuu isaa hubachuu, barsiisota dhaabbatichaa irraa hubannoolee beekumsa Islaamessuu kallattiilee isaatii fi tooftaalee isaa kan

barnootaa hunda fayyadamuun hubannaa argachuu danda'an taasisu qaba. Kana booda gosa barnoota isaanii irratti hundaa'uun isaan fila akka isaan qorannoolee barnootaa kan isaanii kana gara tooftaa yaada Islaamaa haarayoomsuuttii fi beekumsa Islaamussuutti geeddaruudhaan itti fayyadamaniif. Adeemsa kana taasisuuni qeerroolee kanneen ga'umsa akka qabaatan taasisuun danda'ama; kuniis akka isaan humna barate kan ogummaa cimaa dandeettii uumamaatii fi caalmaya barnootaatii fi beekumsa Islaamaa qabaachuun kan biraatiin adda ta'ee argamu ta'aniifi. Qorannooleen isaanii kan barnootaa hojiilee beekumsa Islaamessuu keessatti, hubannoolee isaa babal'isuu fi bifa ammayyoomeen barnoota irratti hundaa'uun hojitti isa hiikuuf gumaata guddaa qaba.

Sagantaalee akkanaa kan akkaan barbaachisu kana hundeessuuf dhaabbatichi dandeettii ogummaa guddaadha qaba. Kuni waan dhaabbatichi dhimma beekumsa Islaamessuu irratti xiyyeeffatu qofaafii miti; gama biraatiin waan dargaggeessa Muslimaa rakkooleen hedduun isa qunnamuu fi dhiibbaan barnootaa kan akka isaan hubannoolee alagaa kan ummata isaanii diineyfatu fudhataniif irratti raawwatamu baay'inaan taasifamuufi. Rakkoon kun kan burqu, ilaalcha seenaa isa waanyummaa fi bololummaan guutame kan bu'aaleen isaa namuutiifuu ifa ta'e irraahi madda. Yeroo mara dhimmootninii fi yaadotni haarayni hedduun akka guddina isaanii isa barnootaa kan Islaamummaan walitti hidhata qabuu fi faaydaa ummata isaanii kan qarooma waliiin adeemuu fi rakkoo hin qabneetu irratti dubbifama/tamsaasama.

**Afraffaan: Barnoota Yunivarsitii Kan Bu’uraa**

Ulaagaan bu’uraa karaa sirrii ta’een barattoota, dargaggeessaa fi humna nama baratee kan ummata Islaamaa qopheessuf, dhaloonni ummatichaa qajeelfamoota bu’uraa, safuulee, falaasama, xiyyeefannaalee fi bu’aalee jireenyaa kan ummatichaatiin daa’imummaa irraa dheengiyyamu. Kana jechuun xinneenyuummaa irraa kaasee wantoota ummatichaaf murteessaa ta’an kana beekaa guddachuu jechuudha. Kunis wantoonni kunneen akka isaan wajjiin guddatan, amala isaanii ta’anii fi sammuu isaanii keessa turaniifi.

Kanumaafuu adeemsi barattoota qopheessuu kun yoo sadarkaalee jireenya isaanii irraa kan jalqabaa irratti eegalame tattaaffii salphaadhaan akka bu’aa guddaa buusuun danda’amu hubachuu barbaachisa.

Sagantaa barnoota yunivarsitii karkulamii/tooftaa barnootaa/ Islaamaa, isa jalqabuma irraayyuu caasaan beekumsaatii fi tooftaa isaa kaayyoo Islaamaa, safuu fi burqaa beekumsa Islaamaa irratti hundeeffame bu’ura godhachuun hundeessuun waanuma dur jiru kan barbaachisaa ta’e tokko. Ummanni tokkolleen kan sirna guddisaa dhala isaa harkatti hin galfatinii fi ilmaan isaa sadarkaa yunivarsitiitti hin barsiifatin-dhimma kana akka dhimma bu’uraatti, kayyoo, yaada, tooftaa fi xiyyeeffannaa isaatti ilaaluun- waan niin jira jedhee himatu hin qabdu, waan jiruu deegaa keessa jiruuf.

Asitti wanti ifa ta’uu qabu tokko, gosoota beekumsaa/barnootaa/ kan gara garaa ilaalchisee sagantaan barnootaa kan sadarkaa yunivarsitiitti ta’aa jiru barbaachisaan kuni, hundee Islaamummaa irratti bu’ureeffamuunii fi tooftaa baruu fi

barsiisuu kan Islaamaa haadhoo dur san irratti hundeessuuni miti kan yeroo ammaa kana heddumminaan hojjatamaa jiru. Sababni isaas bu'urri beekumsaa kan Islaamaa kan barnootaa inni haadhoon san haga ammaatti sadarkaa jalqabaa irra waan jiruufi. Gama biraatiin humniti nama baratee barbaachisaan kan dhimma kana itti gaafatamummaa fudhatee sirnaan hojitti hiikuu danda'u waan baay'inaan hin argamneefi.
Wanti fuula duratti abdatamu, dandeettiin dhaabbatichaa akka guddatee yunivarsitiilee biyyoota Islaamaa kanneen biraa wajjiin ta'uudhaan dhimma kana galmaan gayuuf gumaata isaa taasisuudha. Amma garuu shoorri dhaabbatichi taphatu bu'ura/hundee/ beekumsa Islaamaa gadi jabeessuu keessatti warra hirmaatuu wajjiin hirmaachuu fi gosoota barnootaa/ beekumsaa/ kan gara garaatiif kitaabota tooftaa baruu fi barsiisuu bu'ureeffatan dhiheessuu irratti hojjachu. Kuni akka yunivarsitiileenii fi dhaabbatoonni gara garaa kanneen qabeenyi isaanii sagantaalee barnoota Islaamaa sadarkaa kanatti akka hundeessuu danda'an isaan taasiseef dhimmichi salphatuufi ykn ittiin gargaaramaniifi.

## Shanaffaan: Kitaabota Toofteeffamoo Yunivarsitiitii fi Barbaachisummaa isaa

Yeroo ammaa kanatti barnoota yunivarsitii kan bu'uraa irratti hojjachuun dhimma yaachisaa dhaabbatichaa ta'uu yoo baatellee, garuu sadarkaalee barnoota yunivarsitii irraa sadarkaa ammaa kana tajaajiluun dhaabbatichaaf akka dhimma duraa kan akkaan barbaachisaa ta'eetti ilaalama. Dhimmi kun bu'aalee barbaachisoo ta'an kan carraaqqiileen isaa kan gara garaa, fkn

kan akka: humna nama baratee qopheessuu, hambaalee fi beekumsa ammayyaa akka hubatan taasisuu, barruulee qopheeysisuu, baruuf ykn barsiisuuf of kennuu, walmariyachuu, raabsuutii fi sagantaalee barnootaa qopheessuu, keessaahuu kitaabota karkulamiin/imaammata/ deeggarame dhiheessu argamsiise irraa kan duraati. Carraaqiileen kun hundi xiinxala yaada kan Islaamaatii fi tooftaa isaa babal'isuu fi beekumsa Islaamaa dhugaa qabatamaan lafa irra jiru godhuudhaaf jecha taasifame.

Barbaachisummaan kitaabotni toofteffamaa yunivarsitii tooftaalee xiinxala yaadaa kan Islaamaa haarayoomsuu fi beekumsa Islaamessuuf qaban, kitaabota bu'uraa kan sadarkaa bu'uraa isa sammuu Muslima tokkoo, dandeettii barnootaatii fi ogummaa isaa ittiin ijaaruu qofaaf barbaachisaa ta'an osoo hin ta'in, kana caalaa tooftaa barnootaa kan fakkeenya ta'uu fi guutamaa ta'e ijaaruuf aakasumaas tattaaffiileen beekumsa Islaamessuuf taasifamu akka bu'ura sirrii irratti bu'ureeffamu godhuudhaaf akkaan barbaachisa.

Kitaaba toofteffamaa yunivarsitii jechuun kan hubannoo guutuu ta'e qabu, qulqullaa'aa fi qeeqaa qeequmsi isaa gosa barnootaa kan inni irratti xiyyeeffatu san keessatti bifa dhawaata qabuu fi caaseffamaa ta'een raawwatamu jechu. Hiika kana irratti hundaa'uun kitaaba toofteffamaa yunivarsitii jechuun bal'ifneetii fi bifa sirriitiin yoo hiikne imammata/karoora/ bu'uraatii fi guutamaa ta'e tokko kan hubannoo barnootaatii fi yaada ammayyaawaa isa ummanni akka bu'ura hubannoo qaroomaatti ilaalu ijaaruuf gargaaru jechu.

Akkuma kana, dhaabbatichi xiyyeeffannaa jabaa kitaaba toofteffamaa barnootaa kan yunivarsitiif ta'u qopheessuuf qabuu wajji yoo Rabbi jedhe sadarkaa bu'uraa kana isa sadarkaalee barnootaa kan yunivarsitii irraa tokko ta'e kana irraa hin fagaatu.

## Jahaffaan: Liqiilee, Gargaarsa Horiitii fi To'annaa Barnootaa

Hegeree ummata Islaamaa ijaaruu fi sochiin qarooma ummatichaa haadhoon/hundeen/ akka itti fufu taasisuun, biyyoota Warra Lixaa keessatti duula jabaa sammuu hayyuu Ummata Islaamaatii fi hooggantoota yaadaa, siyaasaatii fi hawaasa Muslimaa lixeeysuuf godhamaa jiru kana dammaqinaan beekuun barbaachisa.

Sababaa dhiibbaa siyaasaa biyyoota Islaamaa irrattii taasifameetiin, Warra Lixaa duukaa kaachuu fi akkeessuuf waan dirqamaniif, gama qaroomatiiniis waan duubatti deebi'aniif/ hafaniif, rakkoo gama kanaan dhufu dura dhaabbachuuf fedhii guddaa waan qabanii fi tooftaa hamtuu kajeeltuu of irraa deebisuuf jechaa fi dhimma biraatiifiis dargaggeessinii fi hayyoonni hedduun gara magaalota gurguddoo biyyoota Awuropaatti, jaarraalee lamaan boodaa kana keessa duudaniiru/ sokkaniiru. Magaalota gurguddoo kana keessaa Landanii fi Paariis hangafummaan maqaa warra dhawamaniidha, sababni isaas magaalonni kun magaalota biyyoota sirna gita bittaa aadawaan beekaman, kanneen irra caalaa biyyoota Islaamaa bulchaa turan waan ta'aniifi.

Erga biyyoonni lamaan gurguddoon- Ameerikaa fi Gamtaan sooveeti- jaarraa kana keessa hoogganса caasaa jaarmaya

addunyaa harkatti galfatan/ too'atanii/ eegalee tooftaaleen too'annaatii fi qajeelfama jaarmaya addunyaa jijjiirameeti jira. Xiyyeeffannaan biyyoonni kun lamaan aaydiyoolojii/yaada siyaasaa/, kan gara garaa, diinagdee fi walitti bu'iinsa isaanii kan idil-addunyaa keessatti jaarmaya siyaasaa faaydaa isaaniitiif oolfachuu irratti godhan amala tokko kan jijjiiramni kun ittiin beekamu ture. Jijjiiramni kun akka hayyoonninii fi dargaggeessi biyyoota Islaamaa kumaatamatti lakkaawaman kanneen jaarmaya Gamtaa Sooveeti ala jiran akka fuula isaanii gara Ameerikaatti gara galchanii fi yunivarsitiilee isaatti duudaniif karra saaqe. Bu'aan carraa kanaa hoggantoonni yaadaatii fi siyaasaa kanneen akkaataa Warra Lixaa, bu'aalee, kaayyoolee fi xiyyeeffannaa warra kanaa irratti qoramanii soofaman/qaraman/ uumamuudha ture.

Dhaabbatichi dhugaalee ifa ta'e barbaachisaa kana hubachuu isaa irraa ka'eeti garee hayyootaan guutame kanatti xiyyeeffachuu fi akka isaan turtii isaanii kan yunivarsitiilee fi dhaabbiilee barnootaa kan biyya kanaa keessatti yeroo dheeraaf taasisan irraa bu'aa sirrii buufataniif isaan gargaaruu karoorfate. Karoora kana galmaan gayuuf piroojektii liqiileetii fi gargaarsa barnootaa kan kaayyoon isaa barattoota sadarkaa ol'aanaa-maastarii fi doktoorii-bira gayuu fi karaa lamaan isaanitti xiyyeefachuudha.

**Karaan Tokkoffaa:**

Karaan kun kan xiyyeeffatu beektota Muslimootaa kanneen yunivarsitiilee Warra Dhihaa keessatti argaman leejisanii akka isaan to'annaa barnootaa kan dargaggeeyyii saniif taasifamu keessatti gumaata isaanii gumaachan, tattaafilee isaan barnootaaf taasisaniis qaqqajeelchanii fi qeerroo kanneeniif gargaarsa gara

cufaanuu godhaniif irratti. Gargaasi kun akka dargaggeeyyiin kunneen dirqama gama barnoota Islaamummaatiin jiru guuttatanii barnoota isaanii kan Warra Lixaa irraa argataniin walitti fidanii of ta’anii carraaqanii fi ergaalee/bu’aalee/ barnoota isaanii dhimmoota ummata Islaamaa yaachisuun tajaajilaniif jecha godhama. Bu’aaleen ergaalee kanaa kan biro, akka mul’anni ummatichaa ifa arguuf gargaaru, dhala namaa tajaajiluuf jecha gumaata ummatichi taasise agarsiisuuf ooluu, rakkoo ummata Islaamaa qabdee gangalchutti jirtu kana furuuf yaada caalaa barnoota bu’ureeffate kan mul’ata Islaamaa bakka bu’u dhiheessuu fi dhimmoota yaada Islaamaatii fi rakkoo isaatiin walqabatan furuu keessattii fi beekumsa Islaamessuu mirkaneessuu keessatti gumaata godhu. Kuniis kan ta’eef, akka barnnoonni kunii fi bu’aaleen isaatiis meeshaa/mala/ sammuu Muslima tokkoo tooftaa Warra Dhihaa irratti hundaa’uun ittiin tolchan, akka sammuun isaa faaydaa fi kaayyoo isaanii tole jechuun fudhatu ittiin godhanii fi tooftaa odeeffannoolee fi hiccitiilee ummata Islaamaa warra alagaa maqaa qorannootii fi baranootaatiin socho’uuf ittiin dhiheessan hin taaneefi.

**Karaan Lammaffaa:**

Karaan kun kan fuulleffatu gargaarsa horii kan barattoota Muslimaa ciccimoof, warra dandeetti miidhaginaa fi qulqulloomminaan waa hojjachuu qabuuf kanneen kutaalee barnootaa keessa jiraniif ykn warroota gosa barnootaa murteessaa tokko akka barataniif filataman. Kuniis akka warri filataman kun kaayyoo ummatichinii fi dhaabbatichi tooftaalee yaada Islaamaa haarayoomsuu fi dhimma beekumsa Islaamessuu fuula duratti kaachisuuf qabu galmaan gayaniifi. Gara biraatiiniis filannoo

caalaa ta'e kan bu'uraa isa haada ummaticha sakaale kana furuu fi dhimma ummatichaa cimaa argamsiisuuf oolu dhiheessu ykn gosa barnootaa/ogummaa/ biyya Muslima tokkoo barbaachisu ykn hawaasa Muslimaa kan biyyaa baqatee adeemsi jireenya isaa gufataa oolu ykn rakkoon isaa yeroo irraa gara yerootti dabalaa deemuuf ogummaa kana dhiheessu, waan isaan ogeessa akkanaa kana argachuu hin dandeenyeef.

### *Ibsoowwanii fi Hubannoolee*

Rakkoo ummatni Islaamaa xiinxala yaadaa, isa hangafa xiyyeeffanna Islaamaa ta'uu qabuu fi tattaaffiin barbaachisaan dhaabbiileen isaa godhamuu qabu ilaalchisee, xumura ergaa kitaaba kanaa keessatti wanti nuti barbaannu wantoota garii dhimmoota akkan barbaachisaa ta'an kanneen mul'ata kanaa wajjiin walitti hidhata qaban gabaabsinee dhiheessu, sababni isaa hubannoolee gara tokkotti deeffachuun akka salphatuu fi tattaaffiileen warra dhugaan hojjatuu, beektotaa, xiinxaltoota yaadaatii fi hayyoota ummatichaa akka waldeeggartuufi. Kuniis akka armaan gadii kanatti ibsama.

### 1. Dhaadannoon Dhugaa kan Islaamaa Ta'u

Shakkii tokkoon malee, namni akkaataa Ummata Islaamaa kan yeroo ammaa kana sirritti hubate wanti inni beekuu danda'u: tokkoffaa irratti mul'anni yoo utubamuu baate rakkoon ummatichaa akka furmaata argachuu hin dan'deenye, lammaffaan, sababninii fi gosti mul'ataatiis haa xiqqaatu haa guddatuu jireenya isaatii fi dhimmoota isaa ijoo ilaalchisee, gara tokko irratti xiyyeeffatee gara kaan dagachuun gayaa akka hin taane, sadaffaan, dirqamni keenya abshaalummaa fi

jajjabeenyaan of ijaaru akka ta’e, xumura irratti wantoota akka nuti qophaawina keenya galmaan hin gayannee nugodhan, akka nuti dandeettii nama dhunfaatii fi hawaasa aakasumaas qarooma Islaamaa kan sirrii ijaaruuf nu gargaaru hin qabaanne nu taasisan, sababni isaa mul’ataa ykn dhokotaa ta’uus beekuu ni danda’u.

Ummanni Islaamaa arraan tana dhaadannoo galtee akka “Dhihoomuu” tii fi “haarayoomsuu” faan dhaadata; dhaadannoo kanaan haga yoom dhaadanna; yeroon ammaa kan dhaadannoo Islaamatiin dhaadannuudha.

Dhaadannoon qalbii ummatichaatii fi hundee argama isaa irraa burqu kuni dhaadannoo ummatichaatii fi ilmaan/ dhala/ isaa akkasumaas dura bu’aa fi ragaa ittiin qajeelfama isaa ta’uun dirqama. Dhaadannoon “lixeessuutii” fi “haarayoomsuu” jedhu kun matumaanuu ummaticha irraa fagaachuun dirqama, sababni isaa ummatichi Aqiidaan/bu’urri amantii/ isaa, xin-sammuun isaa, kaayyoon isaatii fi seenaan isaatiis kan Islaamaa waan ta’eefi. Gara biraatiin ammoo dhaadannoon Islaamaa dhaadannoolee ammayyaaatii fi haarayoomsuu waan of keessatti hammatuufi/qabuufi. Garuu dhaadannoolee kanneen irraa wanti adda isa godhu, dhaadannoon Islaamaa dhaadannoo qajeelchaa, kallattii sirrii agarsiisu, mul’ata qulqulluu namaaf kennuu, walburjaajessuu fi karaa sirrii irraa walmaysuu kan hin hayyamne waan ta’eefi. Dhaadannoon Islaamaa kan sirrii ta’uun nama sirritti isa hubatuu fi sammutti isa qabachuu danda’uuf, Islaamummaa kan hubatuu fi karaan isaa, haarayoomsi isaa, arjummaan/gara bal’inni isaatii fi hunda hammataa ta’uun isaa dhugaa ta’uu sirritti kan hubachuu danda’u, mamii tokko maleedha dhaadannoon Islaamaa ammayyummaa fi

haarayoomsuu yeroo mara adda hin cinne kan kallattii Islaamummaatiin adeemsifamu, gara kayyoolee Islaamaatti gajeelfamu, safuu Islaamaatiinii fi qajeelloo Rabbiitiin hoogganamu akka ta’e beekuu danda’a.
Wanti ifa ta’uu qabu tokko, dhaadannoon Islaamaa dhaadannoo dhugaatii, walqixummaa, ijaaruu fi haarayoomsuu kan dhala namaa hundaaf oolu akka ta’e hubachu.
Dhaadannoon Islaamaa dhugumaan waamicha qaroomaa kan Rabbi irraa warra addunyaa kana irra jiraatu isa adda qoqqoodame, walbaqataa ta’ee fi baduun isaa dhihaateef godhamudha. Muslimni dhugaa kan safuu sirrii irratti guddifame isa qofaatu alaabaa dhaadannoo kanaa qabata; inni fakkenya dhugaati: nam-tokkee, waliigalaa kan qarooma dhugaa, wal qixummaa, nageenyaatii fi nagayaatiifiis. Qaroomni kun qarooma jaarraa haarayaa isa gamnoolee fi qarooleen akkasumaas warri agartuulee fi qalbi qabeeyyiin yeroo dheeraaf hawwii cimaan isa eegaa turani.

## 2. Beekumsa Islaamessu

Wanti ifa ta’uu qabu tokko beekumsa Islaamessuun qooda tokko kan qoodowwan dhaadannoo Islaamaa akka ta’e beeku. Dhaadannoo Islaamaa jechuun daangaa safuu, qaroomaa, kan nama dhunfaatii fi garees of keessatti hammatu, kan xiinxala yaadaatii fi hojiif ta’u, barachuu fi shaakaluufiis, beekuu fi ijaaruufiis, hogganaa fi hoogganamaa fi addunyaa fi aakiraafiis ta’u jechu. Akka jaalalaa fi nagaya, nageenyaa fi qananii addunyaa aakiraa argatuuf, namni Muslimaa dhugaa fi wal qixxummaa, jiraachisuu fi haarayoomsuu qabachuu kanaani jaalala Rabbii barbaada.

Beekumsa Islaamummaan wal simachiisuun, dhaadannoo Islaamaa ijaaruuf roga bu'uuraatii fi kan jalqabaati. Add durummaan kan xiyyeeffatu waa'ee xiinxala yaadaa, hubannoo, qabiyyee safuu fi falaasama dhala namaatii fi akkaataa inni itti ijaaramu, qindeeffamuu fi hariiroo inni sammuu, xin-sammuu fi qalbii namaa waliin qabu irratti. Kanaafuu beekumsa Islaamessuun ulaagaa jalqabaa kan bu'uuraati ijaarsa ummata Islaamaa galmaan gayuuf, hubannoon inni jiruu hawaasummaatiif qabu sadarkaa dhunfaattii fi garee, kan yaadaatii fi shaakalaa, barnootaatii fi sochii yoo ta'ees. Yaada kana irra dhaabbachuun wanti hubachuun barbaachisu ummatichi rakkoo siyaasaa, diinagdeetii fi humna waraanaa kan wal qarqabe qabaachuu isaatiin wajji, dhimmi beekumsa Islaamessuutii fi wanta inni barbaadu mara adda durummaan geggeessuu akka dagatamuu hin qabne beekuun dirqama akka ta'e. Yeroo tooftaan biraa nama hin baafne yoo tooftaa karaa maraanuu-siyaasaa, diinagdeetii fi humna waraanaatiinis-diina of irraa ittisuu taate malee…yeroo kanatti akka lolli kun humna ummatichaa bilaash godhee daran ba'essummaa irraa gara dameessummaatti hin geeddarreef ummanni Islaamaa tattaaffii barbaachisaa ta'e taasisuu qaba. kunis bu'uura humna isaa fooyyessuuf; humni kun humna yaadaatii fi beekumsa Islaamessuuti. Kanumaafuu tattaaffii ijaaruutii fi haarayoomsuu bu'ura yaada sammuu isa sirrii kan Islaamaatii fi wantoota ummatichi jireenya isaatii fi guddina isaatiif barbaaduuf taasisuun dirqama. Kana godhuun kan raawwatamu karaa tattaaffii barbaachisaa beekumsa Islaamaatiin taasifamuutiini.

Beekumsa Islaamaa ykn beekumsa Islaamessuu jechuun tooftummaa Islaamaa qajeelaa hunda haammataa ta'e, shoora sammuu namaa osoo hin xiqqeessin qajeelfama wahyii kan bu'uura godhate, kana caalaa kan kaayyoolee, safuu fi galmoowwan wahyii bakka bu'u, kan barsiifamuu fi hubatamu, kan dhimmotaa fi qajeelfama wahyiin itti xiyyeeffatu kanneen akka: nama dhunfaatii fi garee, ijaaruu fi jiraachisuu qaroomaa, waan Rabbiin argama kana keessatti kuusee, hariiroolee dhalootaatii fi uumamaa, akkamitti akka hariirooleen kun qajeelfamanii fi waliif galanii fi akkamitti akka isaan ajajamanii fi tajaajila kennan kan bakka bu'an jechu. Kun hunduu akka argama/uumaalee/ kanaa fi hariiroolee isaanii hubatanii qajeelfama Islaamaatii fi kayyoolee isaatiif oolchuu danda'aniifi.
**Beekumsa Islaamaa** jechuun: dandeettiilee fi milkaa'ina barnootaatii fi qaroomaa isa sirrii ta'e, kan dhalli namaa wal irraa dhaalaa dhufee fi eega madaallii Islaamaatiin madaalamee qulqulleeffameen boodatti argame jechu.
**Beekumsi Islaamaa:** beekumsa ragaa qabatanii qeequu irratti hudaa'ee fi beekumsa sirrii hunda kan bakka bu'uu fi bu'aa irraa buufachuu nama dandeessisu jechu.
**Beekumsi Islaamaa:** beekumsa safuu wahyiitii fi kaayyoolee ergaa Islaamaa irraa burqu, kan barootaa fi jaarralee darban hunda keessatti hambaalee ummatichaa, yaada beektota isaatii fi xiinxaltoota isaa kan sirriitii fi gati qabeessa ta'ee wajjiin hidhata cimaa qabaachaa as ga'e.
**Beekumsi Islaamaa**, waa "safuu fi kaayyoolee", "yaadota gadi fagoo kan dhunfaa" tii fi "seenaa fi hambaa" qofaa miti, garuu inni karaa nama sammuu barnootaa fi tooftaa qabu kan gosoota

barnootaa fi beekumsa hawaasa, namaa, uumamaatii fi shaakalaa hunduma keessatti fayyadu ittiin ijaarani.

**Beekumsi Islaamaa** beekumsa barnoota toofteffamaa, beekumsa burqaan isaa safuu Rabbiitii fi kayyoolee Isaati. Dhimmoota jiruufi lubbuu, hawaasaa, naannoo, uumaamaa, amala dhalootaatii fi taateewwanii ilaalchisee, hubannoon, qorannoo, qu'annoonii fi ilaalch**i** beekumsa kanaa kan sammuu bu'ureeffate.

**Beekumsa Islaamessuun**/ kan Islaamaa godhuun/ yeroo ammaa kana imaammata ummata Islaamaa irraa kan jalqabaati/adda dureeti:

- Adda durummaan kun kan xiyyeeffatu tooftummaa xiinxala yaadaa kan Islaamaa fooyyessuu fi waan baroota dheeraaf isa fokkisaa ture jalaa baasuufi.
- Ammaas adda durumaan kun kan kaayyeffatu: xiinxala Islaamaatii fi tooftaa isaa kan hambaalee qulqulluu ummatichaatiin wal-qunnamsiisu, ujummoolee/hidda dhiigaa/ isa walitti hidhuu fi akka xiinxalli Islaamaa dandeettii fi beekumsa namaa qulqulluu gosoota xiinxalaatii fi beekumsaa kanneen akka hawaasummaa, dhala namaa, uumamaatii fi shaakalaa hunda irraa bu'aa buufatuu danda'u godhuudha. Sababni isaas bu'ura Islaamaa baranee qulqulluu ta'e kan hojii fi tattaaffii roga jireenyaatii fi qaroomaatiif taasifamu hundaaf oolu lafa kaayuufi/ bu'uruufi.
- Hangafummaan tattaaffiin beekumsa Islaamessuu fi tooftaa yaadaa kan Islaamaa haarayoomsuuf taasifamu, kan hambaalee fi beekumsa ammayyaa bakka bu'u kun

yaada hojiilee fi haarayoomsa jireenyaa kan gara biraa dhaabuudha jedhu hin qabu, garuu yaadni inni qabu dhimma kana ilaalchisee xiyyeeffannaa, humna nama barateetii fi humna biroo kan barbaachisaa ta’eef laachu, kuniis akka haarayoomsi barbaachisu argamee tattaaffiilee, wareegamaa fi qabeenya ijaarsaa fi haarayoomsa wantoota biraatiif mijjeeffame/ qopheeffamee waliin tarkaanfachuu danda’uufi. Kana godhuu fi tooftaa xiinxala Islaamaa haarayoomsuun alatti dhimmi ummatichaa hin qajeelu akkasumaas humni isaa hin fooyya’u.

Beekumsa Islaamessuun: dandeettiin sammuu, xiinxalaatii fi tooftaa Muslimaa dhimma Ummatichaatii fi rakkoolee isa harkaa qabuu wajjiin_tarkaanfachuu danda’uu jechu. Akkasumaas kan ummatichaaf humna, xiinxala, mul’ataa fi tooftaalee yaadaatii fi qaroomaa kan bu’uuraa kennuufii dandeessu ta’u, akka inni adeemsa tattaaffii kan jiruu fi jireenya isaatiin ijaaru galmaan ga’atuuf. Ummanni kun rakkoo wanta tokko qulqullummaan dalaguu dhabuu, safuu qabaachuu dhabuutii fi humna namaatii fi qabeenyaatiis dhabuudhaa hin qabu. Garuu yaada qulqulluu, tooftaa utubamaa sirrii ta’ee fi mul’ata ifa ba’aa xurree sirrii irra deemu, isa argamsiisuuf kaatuu fi akkaataa qajeelfama isaatiin ilmaan isaa guddifatu qabaachuudha isa barbaachisa.

Wanti yaadachuu fi mirkaneeffachuun barbaachisu tokko tooftaa yaadaa haarayoomsuu fi mul’ata jalqabaa ifa bayaa ta’een alatti tattaaffiin tokkolleen hin qajeelu, hojiin tokkolleen hin milkaa’u akkasuma wareegamni tokkolleen bu’aa akka hin qabne beeku. Yaanni bu’uuraa kuni yaada qaroomni Islaamaa irratti

bu'uuramee ar'a gayee fi qaroomni isa dura jiran kanneen biraatiis irratti hundeeffamani. Seenaan walitti bu'iinsa biyyoota Aawrooppaa kan Islaamaa, akkamitti akka Aawrooppaan laafina isitii fi cabinsa humnoota Muslimoota Usmaanotaatiin itti gale dura dhaabbatte agarsiisa. Kunis yeroo walitti bu'insi akkaan jabaa turetti gara yaada isaanii haarayoomsuutti galuu fi milkaa'ina Muslimootni qarooma isaaniitiin gunfatan kana "safuu, kaayyoolee" fi hambaalee isaa ilaalanii fakkeenya godhachuuni.

Namni Muslimaa tokko yoo yeroo baay'ee gorfame gorsa san ittiin gorfama; irraa barataas, garuu amma dubbiin kanaan faalla; yeroo ba'ee gorfamuun, muuxannoo fi mudannoolee hedduu qabaachuun humaa fayyadaa hin jiru, kanaafuu gaye jennee waan adda durummaan nu barbaachisu hubachuun dirqama; haguma fedhe taateewwan akkaan nama yaachisan jiraataniis; weerarri dura dhaabbannaa barbaachisu kan akka nuti humna keenya kan burqaa carraaqqii sirrii, hamma sirriitiinii fi kallattii sirriitiin akka nuti goonu nu goodhu deebifnee hin ijaarranne nu godhu yoo jiraataniis, yoomiyyuu bu'ura dagatuun nu irraa hin eegamu.

Wanti nuti akka namni dhugaa gamni namaa hundinuu beeku barbaannu, adda durummaan tattaaffiileen beekumsa Islaamessuu godhamuu qaba jechuun tattaaffiilee namni dhugaa kan Islaamaa rogoota jiruu fi jireenya isaa keessatti kallattiilee gara garaatiin taasisuu wajji wal dhaba ykn matumaanuu ni waakkata jechuu miti; tattaaffiileen lamaanuu wal utuban jechuudha malee.

Beekumsa Islaamessuu jechuun wantootni adeemsa ummatni Islaamaa hojii amantii isaatiif ooluuf godhu gargaaran akka guutamanii fi humnaa fi dandeettii barbaachisan kan adeemsa

kana sirreessan, mul’ata isaa bal’isan, tooftummaa isaa qajeelchan, dalagaa isaatii fi tattaaffii inni jireenya baranoo jijjiiramni, humni, dandeettiin, hawwiinii fi rakkooleen isaa guddachaa dhufan kanaaf taasisu qajeelchan dhiheessuu jechu.

**Beekums Islaamessuu** jechuun hiika isaa bal’aan, daangaa jireenya dhala namaa, qaroomaa fi jiraachisuu dhala namaa, kaayyoo sochii, taattaaffii, hojii fi jaarmaya hawaasaa kan Islaamaa jechu. Inni kaayyoo fi galma tokko; roga isaa tokkollee dagatuun ykn sadarkaa isaa gadi buusuun waan hin malle/ aad-male.

**Beekumsa Islaamessuun** dirqama jalqabaa ta’uun dirqamoota biraa kanneen jalqabaatii fi tattaaffiilee biroo kanneen akka siyaasaa, diinagdee, hawaasummaa, barnootaatii fi humna waraanaa matumaanuu karaa irraa maysuu jechuun hin ibsamu, garuu beekumsa Islaamessuu jechuun dirqama akkaan barbaachisuu fi dhimma cimaa dirqamootaa fi dhimmoota biraa hunda dura hojitti hiikuun barbachisu jechu. Sababni isaa qophaawina guuttachuuf, mul’ata qaban mul’isuuf, jaarmaya haaraya ijaaruuf humna haarayoosuu fi dandeettii walitti dhufeenyaa cimsachuufi.

## 3. Dhawaata Hojii Ummatichaa Karoora Beekumsa Islaamessuu Milkeessuuf

Akka adeemsi beekumsa Islaamessuu gutumaan guututti dhugaa ta’u godhuu fi bu’aa gaarii kennu taasisuuf, bu’uroowwan gadi fageenyaan bu’uramuu qabanii fi rogoota guutamuu qabaniitu jira. Isaan kanaan maletti beekumsa Islaamessuun gara dhaabbata hawaasa Islaamaa, kan ummaticha waan isaan barbaachisu kan

akka yaada bu’uraatii fi beekumsa guutamaatiin isaan gargaaruu danda’utti ce’uu hin danda’u.

Bu’urri beekumsa Islaamaa kan ijaaramu, beekumsa hundee fi hambaa qulqulluu, odeeffannoo hawaasummaatii fi shaakala ammayyaa sirnaan qabaachuu, beekuu fi mul’ata Islaamaa, jalaqaba, hubannoo, falaasamaa fi tooftaa isaa gadi fageenyaan beeku irratti. Kana booda gara sadarkaa bu’aa kennuu fi miidhaginaan hojjatamuutti tarkaanfata. Sadarkaa kana kessatti mul’achuu fi dagaaguun gosa barnootaa/saayisii/ fi beekumsa Islaamaa kan qaroomaa jalqaba. Kana jechuun adeemsi beekumsa Islaamessuu adeemsa jireenyaa kan ummatichaa keessatti sadarkaalee bu’uraa lama keessa darba jechuudha. Sadarkaan lamaaniis:

A. **Sadarkaaan Tokkoffaa Wantoota Lama Irratti Hundaa’a**:

**Tokkoffaan: Barnoota Ammayya Sirritti Beeku:**

Barnoota ammayyaa sirritti beekuu jechuun barattootni Muslimaa kan gosa barnoota ammayyaa kana baratan barnoota ammayyaa kana sirritti beekuu qaban; kuni kan ta’u dhimma inni itti xiyyeeffatuu fi tooftaa inni fayyadamuu irratti xiyyeeffachuuni, akka kaayyoo barnoota kanaa, yeroo fi iddoo inni keessatti argame, sadarkaa guddina isaa, seenaa dagaagina isaatii fi tooftaalee xiinxala qeeqinsaa isa loog-malee/objective/ kan gosa barnootaa kana daanguma Dhihummaa isaa keessatti ilaalcha Islaamaa kan sirrii qabatee xiinxalu hubatanii bifa dimshaasha ta’een isaaniif laatamuun dirqama.

Sirritti beekuun kun gama tokkoon Muslimoonni akka dandeettii fi odeeffannoo haga arraa qaroomni dhala namaa argamsiise beekuu danda'an isaan godha. Gama biraatiin barattoota Muslimaa akka odeeffannoolee fi tooftaalee barbaachisoo ta'an yaada Islaamaa hundeessuu fi rogoota jireenya hawaasummaa kan akka uumama dhala namaa, qabatama jireenyaatii fi hawaasaa habaqaaluu danda'aniif isaan gagaara. Wantootni kun mata duree qorannoo, xiinxal jabaa, gorsaa fi qajeelfama barbaadaniidha. Gama sadaffattiin beekumsa dimshaashaa/walii galaa/ kana argachuun garmalee akka yaada Warra Lixaa kanatti hin gammanne, garuu duubatti hafinsa keessaa bahanii gama guddinaattii fi qaroomaatti cehan isaan godha.

1. **Hambaalee Islaamaa Sirritti Beeku:**

Wanti barnoota ammayyaa sirritti beekuun barbaachiseef, hambaalee dhala namaa kana irraa bu'aa buufatanii, bulleessaniitii fi tooftaa sirrii ta'e fayyadamuun bu'aalee barnoota kanaa yaada Islaamaa, mula'ataa fi kaayyoo Islaamaatiin yeroo ammaa kana tajaajiluu yoo ta'e, dirqama barataan kun barnoota bu'uuraa kan Islaamummaan irratti hundeeyfame kan akka Qur'aana Kabajamaa fi Hadiisa Qulqulluu sirritti beekuun barbaachisa. Kuniis kan argamu beekumsa gadi fagoo kan barruuleen waa'ee barnoota kanaa irratti barreeffaman qaban qabaachuuni. Sana booda hambaalee Islaamaa sirritti beeku. Sirritti beekuun kun kan argamu erga barruulee waa'ee kana irratti barreeffaman as qabanii achi qabanii, baaqaa fi calla adda baafatanii, miicanii micciiranii fi qabiyyee isaa gulaaniin booda.

Ammaas barnoota kana sirritti beekuun kun kan mirkanaa'u, gosoota barnootaa, artiileetii fi dhimmoota jireenya baranoo kana hunda ilaalchisee hambaalee filamoo ta'an hunda gulaalanii, salphisaniitii fi xiinxalanii lafa kaayuuni. kunis akka qorattootni mul'ata warra darbee kan Islaamaa san beekuu fi hubachuu danda'an, akkamitti akka sammuun warra sanii hubannaa saniin socho'aa turee fi mul'ata san akkamitti akka gara tooftaalee sirrii jabaa ta'etti jijjiiruu danda'anii fi mul'anni san hojiilee fi amala isaanii keessaan calaqqisee akka isaan rakkoolee jireenyaatii fi dhimmoota jajjabaa furuu danda'anii fi hubannoo kanaaniis bara dheeraaf qaroomaa fi jiraachisuu ilma namatiif dinqa haarayaa fi dirree bal'oo banuu akka danda'an isaan taasise beekuu danda'aniifi.

### B. Sadarkaan Lammaffaa Wantoota Lama Gaafata: Tokkoffaan: Rakkoolee <u>Ciccimtuu Jirtu Adda Baasuu Lafa Kaayu</u>:

Sammuun namaa gulufuu fi qulqullinaan waa hojjachuu eegaluun dura dhimmootaa fi rakkoolee dura dhaabbachuu fi furmaata itti laachuu barbaaddu addaan baasuun ejjannoo jalqabaati.

Kanumaafuu xiinxalaa Muslimaa tokko irraa wanti eegamu haga waan hojjatu miidhaginaan hojjachuu, itti ganamuu fi isa irraa namaaf raabsuu danda'utti, jalqaba adeemsa jireenya isaa keessatti amala rakkoolee, dhimmootaa fi gufuulee Ummaticha harkaa qabu ykn dhala namaa mara harkaa qabu kan sammuun Muslima tokkoo isa dura dhaabbachuu fi furmaata itti laachuuf fedhii qabu mara adda baasanii lafa kaayu.

Haga waan dalagan miidhagina Islaamummaatiin qajeelloo bu'uura godhatanii dalaguu danda'anitti, sammuun Muslimaa dhimmoota ummatichaatii fi adda durummaa dhimmoota kanaa addaan baasuun dirqama; kuniis akka mula'anni isaa bu'aa sirrii buusuu danda'uufi. Namni Muslimaa tokko akka rakkooleen ummatichaa kan diinagdee, hawaasummaatii fi siyaasaa -rakkoo cimtuu ta'uun isaa shakkii hin qabu-mallattoo jalqabaa kan dhukkuba ummata Islaamaa dhokotaa irraa ta'e hubachuun barbaachisa. Dhukkubni kun kan ummata qabe sababa mul'anni Islaamaa kan ammayyaa hagoogamu, tooftaan yaadaa Islaamaa dhokochuu fi hubamu/ gad-bu'uu fi rakkoo kana faana rakkoolee dhufan, kannneen akka malaan maltummaa, akkaa fi gara dhabuu, dhaabbatni isaanii laafuu, addunyaa caalchifachu fi naamusni gaariin dhabamaa dhufuutiini.
Sammuun Muslimaa akkuma dirqama rakkolee fi gufuulee dhala namaa danqitu adda baasuu qabu-duubatti hafinsa qaroomaa yoo qabaatelle-dandeettii Islaamummaa namaaf dhiheessuu, ibsuu fi ergaa isaa dabarsuu qaba. Amantiin Islaamaa amantii bu'uura dagaagina amantii, amala gaariitii fi wantoota mul'atan kan dhala namaa sirritti bakka bu'uu danda'u. Bakka bu'aa dhugaatii fi addunyaa kana irratti jijjiirama sirrii fiduuf, Muslimni dandeettii ijaarsa dhala namaa akka Uumaan Uumamaaf barbaadutti deebisee ijaaruu qaba.
Namni Muslimaa mul'ata Islaamaa qabachuun rakkoolee ar'aantana addunyaa qabdee harkaa qabdu kana dura dhaabbachuunii fi furmaata itti kennuun dirqama isaati.
Rakkoolee kana furuun, dhibdeelee kana dura dhaabachuun, wal qixummaa fi ulfina bu'ura godhatanii dhala namaa gara milkii fi

dagaaginaatiin ce'uun dhuka ergaa ummata Islaamaati, hundee mul'ata isaati fi burqaa karoora sirrii kan inni qabatee yeroo ammaa kana ittiin adeemu.

Lammaffaan: Miidhaginaa fi Ganamuu Islaamaati:

Miidhagisi hojii kan Islaamaatii fi ganamuun isaa argama ummatichaatii fi adeemsa isaa kan qaroomaa kessatti adeemsa beekumsa Islaamessuu kana akka dhugaa ta'ee argamu godha. Kana caala inni bu'aa hundee, hambaalee fi barnoota ammayyaa tooftaa barnootaa guutamaa ta'ee fi xiinxala qeeqisaa bu'ureeffate sirritti hubachuu fi sirritti beekuuti. Inni gama biraatiin hariiroo sirrii ta'e gidduu mul'ata Islaamaattii fi jalqaba isaattii fi gidduu qabatama jireenya ammayyaa kanatti uuma; dhimmotninii fi rakkooleen yaada Islaamaatiin adda baafaman kan akka kaayyoo tattaaffiitii fi adeemsa inni haarayoosaa fi jiraachisuuf taasisu akkuma jirutti ta'ee.

Bu'aan qophaawinsa kanaa fuula dura akka yaadni Islaama gara ganamuuttii fi hojii miidhagsuutti, jireenya ummatichaatii fi ilma namatiif filannoo dhiheessuutti fi rakkoolee isaanii akkamitti akka furan dandeessisuutti ceesisu. Kana hojii irra oolchuuni yaadni Islaamaa bakka isaa kan sirrii ta'e qabatee yaada hoogganaa fi barsiisaa ta'a gosoota yaadaa ba'aa fi dhala namaa hundaafuu jaarmaya qaroomaa ijaaruu keessatti; bilisaa fi kan karaa dhugaa irratti adeemu ta'a.

Sammuun Muslima miidhagsaatii fi sirritti yaaduu ejjannoolee qophaawina isaa saffisiisuu qaba, maalif jennaan akka qaawa jaarraalee hedduuf jaaramaya qarooma Islaamaa hubaa ture duuchuu fi akka barnoota, beekumsa, jaarmayaa fi qarooma

Islaamaa kana bakka qaroomni dhala namaa haga arraatti hin gahiniin gayuufi.
Sammuun nama Islaamaa furmaatowwanii fi filannoolee sirrii dhiheessuu qaba, safartuulee/madaala/ sirrii kan seera Islaamaa, naamusa Islaamaa, aadaa, bu'uraa fi kaayyoolee Islaamaa gurguddoo ittiin ibsan filachuun dirqama; akkasuma maloota safartuulee saniin wal qiphu/walii galu/ qabaatee sirritti fayyadamuu danda'uu qaba.
Yeroo qopheessuun kunii fi yaanni ummatichaa kun sadarkaa guutomminaa/ miidhaginaa/ irra gaye, kitaabonni yunivarsitii fakkeenya ta'an kan toofteffaman, humni nama baratee, sagantaaleen barnootaatii fi adeemsi bal'aan bu'aa walitti dhaabbatuun guutame kan sammuu fi bu'aa humna ummatichaa irraa burqu ni argama.

4. **Dhawaatota Karoora Hojii Dhaabbatichaa**:

Akkuma beekamutti adeemsi **beekumsa Islaamessuu** sadarkaa ummatichaatti bifa guutuu ta'een argamuuf sadarkaalee **bu'uuraa** lama keessa darbuu qaba. Akkuma ammaan dura dubbannetti roga afur of keessatti hammata. Sadarkaalee kun:

- Sadarkaa sirritti beekuu danda'uutii fi bareechanii beekuuti
- Sadarkaa bilisa ta'uutii fi miidhaginaan hojjachuuti
- Sadarkaaleen laamaan duraa roga lama irraa argaman:
    - Hambaalee
    - Barnoota Ammayyaati
- Sadarkaaleen lamaan boodaa wantoota lama of jalaa qaban:

- Mul’anni, Hubannoolee fi Tooftaaleen wal utubu/guutamu.
- Oomisha quubsaa yaada ifaa, barnoota bu’a qabeessa, dalagaa jabaa fi jaarmaya qaroomaa gadi fagoo irraa burqe dhiheessu.

Sadarkaalee kana irraa wanti dhimma/waa’e ummatootaa/garee/tiin walitti dhufeenya qabu gama biraatiin dhimma/waa’e amala namoota dhunfaatii fi humna nama barateetiin, tooftaalee barnootaa hundeessuu fi bu’uura beekumsa Islaamaa ijaaruuniis walitti dhufeenya qaba. Kanumaafuu namni dhunfaatii fi gareeniis osoo bu’aa sammuu miidhagsituu hin arganneen dura amala hojii isaanii miidhagsuu kan hambaalee fi beekumsa ammayyaatiin deeggaramu qabaachuun dirqama.

Kana irraa ka’un dhaabbatichi akka tattaffiilen beektota dhugaati fi dhaabbata ummatichaa kan barnootaa dhimma sadarkaalee dubbataman kana irratti wal utuban/wal guutaniif/ abdii guddaadha qaba. Dhimma kana galmaan gayuufiis wantoota barbaachisan hunda dhiheessuu fi warroota dhimma kana irratti hojjatan maraaf waan isaan barbaadanii fi isaan jajjabeessu akka isaan sirritti dirqama isaanii kan gama kanaan jiru bahan godhuuf qophiidha.

Tattaaffiileen barnoota ammayyaa bareechanii beekuuf taasifamu garee muraasa gara biyyoota alagaatti ergaman kanneen afaan warra kanaa sirritti dubbatan qofaan daangeyfamuu hin qabu. Jechuun sirrittii fi bareechanii beekuun kun humna nama baratee kan ummatichaa hunda of keessatti hammata. Kana hojitti hiikuun wantoota akka hiikkaa barnootaa hamma barbaachisaa ta’een dhiheessuuti gaafata. Kana taasissuun akka barnootni

barattootaa fi hayyootaaf afaan Arabaatii fi afaanota Ummattoota Islaamaa kanneen biraatiin bifa ammayyaawaa fi irra firi qabeessa ta'een dhihaatuufi. Shoora akkanaa kana taphachuuf manneen barnootaa murtaawan akkaataa hiikkaa barsiisuuf hundeessuu fi dhaabbiilee maxxansaatii fi raabsaa ta'e hundeessu. Wantootni hiikaman kunneen wantoota haaraya gosa barnootaa hunda keessatti argamaa deeman hundaa waliin tarkaafachuu danda'uutu irra jiraata. Dhimma kana ilaalchisee kaka'umsa dhunfaatii fi daldalaa jajjabeessuun akkaan barbaachisa. Kuniis haga ulaagaaleen bareechanii beekuutii fi qophaawinsi sirrii kan miidhaginaan hojjachuutii fi waan miidhaginaan hojjatame san raabsuu sadarkaa ummatichaatti guututti argamutti itti fufa. Kana hundaaf qophaawuuf, isa gargaaruu fi xurree isaa saaquuf imaammatni hojii dhaabbatichaa dhawaata kanaan hin daangawu hojii isaa keessatti; sadakaalee saniiniis hin daangayu adeemsa isaa keessatti. Kuni waan qabatamni dhaabbatichaa yeroo ammaa kana agarsiisu.

Karoorri dhaabbatichaa jalqabuma irraahuu imaammata isaa keessa kan galfatee ture mul'ata Islaamaatiif bu'uura hubannoolee, jalqabaa fi tooftaalee bu'uraa gadi jabeessu. Dhaabbatichi akkuma gara dhaadannoo Islaamaatii fi beekumsa Islaamessuutti waamicha godhutti hambaalee fi barnoota ammayyaa ilaachisee dhimma bareechanii beekuu fi gadifageenyaan beekuu dhugaa taasisuu fi wantoota dhimma kana galmaan gayuuf barbaachisan qopheessu irratti hojjataa jira. Kaayyoon dhaabbatichi waa'ee miidhaginaan warra barruu irratti hojjatuu qopheessuu keessatti qabu mul'ata Islaamaatiif bu'ura hubannooleetii fi tooftaalee bu'uraa gadi fageessee dhaabu. Kuni

kan raawwatamu hojii kanaaf of keennuunii fi warra kaka'umsa dhunfaatii fi beekumsa hambaaleetii fi barnoota ammayyaa sirritti qaban qaroolee kan ta'an akka barruulee waa'ee kana irratti qopheessan godhuuni. Kuni ammoo gama isaatiin ibsaa qajeelloo kan bu'uura beekumsa Islaamaatiif bu'uuruu, gara of danda'uu, miidhaginaan hojjachuu, bu'aa milkaa'inatii fi bu'aalee kana faana dhufan argachuutti nama geessa.

Dhaabbatichi akkuma bu'uraalee fi hariiroolee qajeelchaa mul'ata Islaamaatii fi toftaalee isaatiif dhiheessuu irratti hojjatu san qorannoolee bu'uraa kan taattaffiilee bareechanii beekuutii fi gadi fageenyaan beekuu gargaartu milkeessuufiis hojjata. Fakkeenyota gaarii barnoota bu'uraatii fi hambaalee namaaf laaffisuuf oolanii fi qorannoolee walii galaa qeeqaa ta'e kan barnoota ammayyaa dhiheessuufiis ni hojjata. Kuniis akka beektonni, xiinxaltoonninii fi hayyoonni ummata Islamaa karaa kana qabatanii hojiilee isaanii kan barnootaa fi qorannoon wal qabatu tooftaa sirriitii fi hamma sirriitiin dhiheessaniifi. Kuni kan godhamu haga hojiilee fi tooftaalee san harka beektotaa, xiinxaltoota yaadaatii fi humna nama baratee keessa galtuuttii fi qaama tokko kan aadaa ummatichaa, bu'aa beektota, hayyootaa fi humna nama baratee kan ummatichaa taatutti.

Dhaabbatichi wanti inni bareechee beeku tokko hojiilee san ilaachisee daataalee jiran mara mata mataan iyyaafatee dhiheessuu akka hin dandeenye-kun hundi waan isa qofa irraa eegamu waan hin ta'iniif- kuni hojii ummatichaa, dhaabbiilee barnootaa kan mootummaatii fi dhunfaatii fi namoota dhunfaa kan barnootaa fi beekumsa qabanii hunda. Shoorri dhaabbatichi gama kanaan taphatu kan akka sammuu qopheessuu, xurree

saaquutii fi fakkeenyota barbaachisoo ta’an dhiheessuu faadha. Kana kan taasisuuf ummatichi akka dhimmota barbaachisoo san galmaan gayuu danda’uu fi sammuu ummatichaa deebisee ittiin ijaaruu danda’uufi.

Kaayyoo jabaa kana galmaan gayuuf dhaabbatichi gargaarsaa fi gorsa hunda ni barbaada; dhimma kana ilaalchisee nama dhimmichi ilaallatuu fi qulqulluu ta’e hunda irraa gargaarsa barbaada akka amaanaa kana sirritti baadhatuu fi akka barbaachisutti ergaa isaa nama biraan gayuu danda’uuf.

Kaayyoo gamtaa kana milkeessuuf, dhugaa cinaa dhaabbachuu fi dhugaa Rabbii hundaa ol taasisuuf, dhaabbatichi gargaarsa nama dhunfaatii fi dhaabbata dhunfaa ykn mootummaa barbaada, isaaniin wal qunnamuu, walitti dhufuu, riqicha waliif tomsuu ijaaruu fi tattaafiilee waliinii taasisuu barbaada.

## Garii Hojiilee

## Walgayii Idil-Adunyaatti Barnoota Islaamessuuf Taasifame

Kutaalee darban keessaatti yaada, kaayyoolee fi imaammata/ karoora/ hojii kan dhaabbatichaa bifa xiinxaltoota yaadaa, qorattootaa fi barattootaaf mijjataa fi quubsaadha jennee yaadnuun ibsinee turre. Kutaalee kana keessatti immoo qorannoolee/warki-shoppiilee/ walgayiilee idil-addunyaa kan dhaabbatichaan qophoofte irratti dhihaatan bifa salphaa fi gulaalamaa ta’een dhiheessuun akka barbaachisaa ta’e hubannee dhiheessuu jalqabne. Kuniis akka dhimmichi kana caalaa ifa ta’uuf, bu’aa gaarii buusuuf, ittiin qajeelfama ta’uu fi qorannoolee haaraya yaada Islaamaa haarayomsu fi beekumsa Islaamessuuf godhamanifiis gargaasa taatuufi.

## Karoora

## Gosoota Barnootaatiif Gumaata Mijjaawu Gumaachuuf Karoorfame

**Warki Shooppii Walgayii Idil-addunyaa Lammaffaa Magaalaa Gudditti Paakistaan Islaam Abaaditti bara 1403H/ 1982 Taa'ame Irratti Dhiyaate**

## Mata Duree Xalayaa Waamichaa:

Mata dureen walgayichaa dhimma bu'uuraa sadi irratti xiyyeeffata:

**Tokkoffaan**: ilaalcha/yaada/ Islaamaa kan karaa isaatiin dhimmi barnoota Islaamessuu kun mirkanaawuu danda'u ibsuudha.

**Lammaffaan**: tooftaa/steratge/ fi imaammata hojii lafa kaayachu/baafachu.

**Sadaffaan**: ilaalcha Islaamaa bu'ura godhachuun garii gosoota barnootaa filachuu fi tooftaalee isaa qorachuu jalqabu.

Waamicha kana kan siif gooneef akka walgayii kana irratti hirmaattee mata dureelee sadan irratti yaadowwan dhiheessituu fi yaadowwan dhihaatan irratti yaada kennituufi. Kanatti aansuudhaan wanti nuti sirraa eeggannu qorannoo tokko kan gosa barnoota ati ittiin beekamtuu akkamitti akka Islaamessuun danda'amu irraa haasawu kan gaafiilee xalayaa waamichaatii waliin jirtu san deebii itti kennuu danda'u qopheessu. Dhimmi beekumsa Islaamessuu kun yeroo hedduu sammuu kee keessa dhimma deddeebi'u jenneti yaanna. Kanumaafuu dhimma kana ilaalchisee yaadota kee walitti qindeeffachuun wanta tokko akka barreessitee obboleewwan kee kannneen barsiisotaatii fi xiinxaltootaatiif dhiheessitu sirraa eegna. Fuulduraaf qorannoo kee kana bifa haarayaan qindeessitee barreeysitee maxxasitee raabsuu dandeessa. Kuniis erga walgayiin kun xumuramee booda yoo Rabbi fedhe.

## Karoora Gosoota Barnootaatiif Gumaata Mijjaawu Gumaachuuf Karoorfame

Yeroo ammaa barnoonni maal akka fakkatu, qabiyyeelee qindeessuu fi xiinxaloota qeeqinsaa:

Qorannoo gabaabaa tokko tooftaa barnoota ittiin eebbifamtee irratti qopheessu. Qorannoon kuniis qaphxiilee armaan gadii kana irratti xiyyeeffachuun taasifama:

**1- Seenaa:**

- Gosti barnoota kanaa akkamitti tooftaa amma itti fayyadamaa jiru kana fudhate?
- Tooftaa kana akka inni fudhatuuf wantootni dhiibbaa irratti godhanii fi gargaaran maal faadha?
- Tooftaa gosti barnoota keetii hordofu kana hayyoonni gurguddoon murtessan eenyu faadha?
- Gosa barnoota keetii kanaaf wantoonni barbaachisoon hayyoonni kun mata mataan gumaachan maali?
- Dhiibbaleen yaadaa ykn haalli akka yaadni isaanii kun qaama tooftichaa irraa tokko akka ta'u godhan maali?
- Seenaa tooftaa qorannoo ilaalchisee gosa barnoota keetii kanaaf bu'aan isaan buufatan jira hegeree barnoota kanaa bocuuf?
- Yoo deebiin "eeyyee" ta'e, maali inni? Akkamitti? Maalif?

**2. Akkaataa/tooftaa:**

- Sadarkaan/ramaddiin/ dhugaa kan gosa barnoota keetii maali?
- Gosti barnoota kanaa dhimmoota isaa kan bu'uraa akkamitti adda baafata?
- Dhimmoonni sun wantoota akkam irraahi ijaaraman?
- Gosti barnoota kanaa kun dhimmoota kana irratti maal hojjachuu fedha? Akkamitti hojjachuu fedha?

- Maal galmaan gayuu fedha?
- Kaayyooleen isaa maal irraa walitti dhufa/caaseffama?
- Gosti barnoota keetii gara manneen barnoota yaadaa toofteffamaa meeqaatti qoodama?
- Manneen barnootaa kun adda addummaa qabani?
- Wantootni isaan waliin qaban maali?

### 3. Qabiyyee fi Rakkoolee:

- gosa barnoota kanaa ilaalchisee tarreeleen qabiyyeelee kitaabota barnoota kan bu'uraa jahaaf akkamitti tarreeffamti/ baafamti? (Kitaabota barnoota kan barataan gosa barnoota kanaatiin eebbifame hundi jalqaba irrtti dubbisuu qabu jechuu keenya.)
- garaagarummaa,tokkommaa fi wal fakkenya isaa akkamitti ibsa?
- Amalli rakkoolee barnoota kanaa maali?
- Rakkoollen furamuu dandeessu tami?
- Yaanni kun yaada barattoota barnoota gosa kanaatiin eebbifamanii hundaati?
- Daangaan barnoonni kun daanggeffamuun maali?
- Daangaan sun daangaa beekumsa namaa daangessuu?

### 4. Walitti Dhufeenya Gosa barnoota keetitii fi Islaamummaa Gidduu Jiru

- Mee haa jennuu yeroo dheeraaf waa'een Islaamummaatii fi akkamitti akka barnoota keetii waliin walitti dhufuu siyaachisaa ture, hariiroo kana maal keessatti ramaduu dandeessa?

- Burqa haadhoo lamaan: Quraanaa fi Hadiisaan alatti maal keessa yoo barbaadne walitti dhufeenya isaanii kana argachuu dandeenya?
- Walitti dhufeenyi Islaamummaan barnoota kanaa waliin qabu sirnaan seenaa, tooftaalee, qabiyyeelee fi rakkoolee barnoota kanaa keesstti dubbatamee?
- Moo wal dhabbii qaban?
- Walitti dhufeenya kana keessatti yaadota injifatoo ta'an kan gosa barnoota keetii adda taasisa jetttu maali?
- Fakkeenyota barbaachisoo ta'an mul'atoo walitti dhufeenya kana sirritti ibsuu danda'an dhiheessuu ni dandeessaa?
- Gosti barnoota keetii kun ammaantana akka artiitti moo akka barnootaatti ykn aadaa hawaasaatti ilaalama?
- Gosti barnoota keetii kun badhaadhina akkam dhala namaatiif maal gumaachuu danda'a jetteti yaadda, akkamitti?
- Haala yeroo kanaa ilaaluun barnoonni kee kun dhimma kana irratti hojjachuuf dandeettii qabaa?

**Karoora**

**Gama Hojii Yaada Islaamaa Haarayoomsuutiin Jiru Warki Shooppii Walgayii Idil-addunyaa Sadaffaa Magaalaa Guddittii Maaliziyaa Kolalaanbooritti Bara 1404H/ 1984 Taa'ame Irratti Dhihaate**

## Karoora Gama Hojii Yaada Islaamaa Haarayoomsuutiin Jiru

Gama kanaan hojii baay'ee hojjachuutu nu barbaachisa mul'ata ifa bahaa ta'e tokko dhiheessuuf. Gama qorannoo barnootaatii fi karoora jaarmaya hawaasaa baasuuf akka daangaa fi bu'ura hojiin hundinuu irratti hundeeffamu ta'uuf.

Hojiin beekumsa Islaamessuu kun yoo bu'urri isaa kan akka aqiidaa, safuu, hubannoo fi tooftaa barnootaa bade tattaaffileeniis ni baddi bu'aaleen isiitiis akka yaadame hin ta'u. Kanaafuu wanti barbaachisu qorannoolee bu'uraa, kan hundee yaada ummatichaa/ roga aqiidaa isaa/ irratti bu'ureeffame, kan gaafiilee armaan gadii tanaaf deebisaa laachuu danda'u dhiheessu. Gaaffiileen saniis:

- Gama kanaan hubannoon Islaamaa kan yeroo ammaa kun hubannoo sirriitii?
- Akkaataan amma Islaamummaan safuu Islaamaa kan waliigalaa, gargar qoodamaa, hariiroo inni Qur'aanaa waliin qabuu fi walitti dhufeenya isaanii keessatti sirnaan bakka bu'ee jira jettee ni yaaddaa?
- Tooftaan inni ittiin dhiheeffame gosa barnootaa kan garagara keessatti kan akka nuti har'a harkaa qabnuu kun faan sirri, jaarmayaaf mijjaawa fi bu'aa safuulee fi qajeelfamoota kanneen irraa barbaadamu akka barbaachisutti keennuu ni danda'a jedhamee ni yaadamaa?
- Shaakalli safuulee fi qajeelfamoota inni irratti hundeeffamee sirriidha jedhamee ni fudhatamaa?

- Gama bu’aatii fi hubaatiiniis hubannoon nuti seenaa Islaamaa, ergaalee isaatii fi dhaabbiilee isaa irraa qabnu sirriidhaa?
- Hir’inninii fi haqa irraa maqinsi tooftaalee yaada ummata Islaamaa qabe kun sababni isaa kan durii fi ammaa maali? Akkamitti rakkoo kana hiikuun danda’ama? Dhimma kana ilaalchisee wanti barbaadamu maali?
- Hir’inni ogummaa barnootaa kan gosoota barnoota adda adaa isa ijoolleen ummata Islaamaa barattu kana qunname rakkoolee hir’inaa kan shaakala qunnameef itti gaafatamaadhaa?
- Hariiroolee miseenssummaa nama dhunfaatii fi hawaasaa gidduu jiru, dhaabbiilee gara garaatii fi miseensota hawaasichaa gidduu jiruu fi dhiibbaalee isaan sochii hawaasichaa irratti qaban ilaalchisee laafinni hubannoo jiraa?

Osoo deebisaan keenya gaafiilee armaan olii kana irratti kan sirrii/ “ee” ta’ee silaa ar’aantana wantoota bu’uraa kan hawaasa Islaamaa qaroomaa, guutamaa fi wal utubaa ta’e ijaaruuf nu gargaaran harkaa qabna ture; jireenyi ummata Islaamaa akka amma itti jirru kana hin ta’u ture. Kana irraa kaanee ilaalchi nuti gosa barnootaa kanaaf qabnu jijjiiramuu qaba; tattaaffiin teenyaas ilaalcha barnootaa haaraya ijaaruuf ta’uu qaba. Kuni haga hir’ina kana balleessinee, karaa sirrii irraa maquu kana haarayoomsinee safuulee san akka sirritti bakka nu buutu taasifnutti itti fufuu qaba.

Tooftaa safuu ceesisuu, ergaalee isaa, hariiroolee isaa, akkaataa dhiheeysinsa isaatii fi bu'aalee isaa ilaalchisee ilaalchi keenya jijjiiramuu qaba.

**Qorannoolee Waa'ee beekumsa Islaamessuu irratti <u>Godhaman</u>**

Gosti barnootaa kan qorannoolee walgayii kana irratti dhiyaate keessatti akka irratti xiyyeeffataniif yaadni dhiyaate isaan armaan gadii kana:

1- Barnoota Diinagdee/Economics
2- Barnoota Hawaasaa/Sociology
3- Barnoota Xin-sammuu/ psychology
4- Barnoota Falaasamaa fi Yaad-rimee isaa/ Philosophy and Its Theories
5- Barnoota Guddisaa
6- Barnoota Siyaasaatii fi Hariiroo Biyyootaa/ Political Science and Iternationla Relations
7- Barnoota Hundee Dhala Namaa/ Anthropology

Nama walgayii kana irratti dhiyaatu irraa wanti eegamu gosa barnoota ittiin eebbifamee bu'ureeffachuun gaaffiilee armaan gadii kana deebisu:

- Akkamitti hojitti hiikuun danda'ama qajeelfamoota walii galaa kan beekumsa Islaamessuu kan gosa barnoota keessanii of keessaa qabu?
- Gosa barnoota keessanii irratti isa kana gama yaad-rimeetii fi tooftaa qorannotiiniis hojii irra oolchuu irratti akkamitti dhiibbaa uumuu danda'a?

- Gama beekumsa bal'isuutii fi guddisuutiin bu'aaleen isa kana hojitti hiikuu irraa eegamu maal faadha?
- Gumaanni inni akka beekumsi Islaamaa wal guutu godhuuf qabu maali?
- Gosa barnoota si ilaallatu keessatti bu'aan fincila barnootaa kan yeroo ammaaa taasifamaa jiru kana irraa eegamu maali?
- Gosa barnoota keetii kana gama beekumsaatti ceesisuuf karoorri waggaa shaniif ykn kudhaniif lafa kaayame maali?

Beekumsa Islaamessuuf barbaachisoo waan ta'aniif bifa walii galaatiin mata dureelee armaan gadii kana dhiheessuuf hawwii qabna. Kuniis akka qorannoolee gara garaa irratti gootaniif ykn wanta tokko gumaachitaniifi:

1. Jaarraa tokkicha boodaa kana keessatti gumaachi yaadni Islaamaa gosa barnoota maqaa dhawamee kanaaf taasise maal faadha? Gaafii kana deebisuun hojiilee gama kanaan hojjataman mara (artikiloota, qorannoolee fi kitaabota) dhiheessuu, mata dureen ramaduu fi qabiyyeelee isaatii fi gumaata isaa madaallii sirrii madaalu barbaachisa; kuni akka sadarkaa beekumsaa kan yeroo ammaa kana beeknu nu godha.
2. Beekumsa dhala namaa ykn gosa barnoota keetii ilaalchisee hambaaleen Islaamaa kan yaadaa maal gumaache? Dhuguma daataa waa'ee kanaa sirritti amma dhiheessuun ni olfaata, garuu boqonnaalee murteessa tokko tokko kan gosa barnoota kanaatiif barbaachisa jechuun danda'amu maqaa dhawuu ni dandeessaa?

Ramaduu fi qabiyyeelee isaa sirritti madaaluu dandeessaa?

3. Milkaa'ina gama barnoota Fiqhitii fi hundeelee Fiqhiitiin argame kan maalummaa Islaamaa isa sirrii sirnaan ibsaa ture- seenaa ummatichaa keessatti- ilaaluun gosa barnoota dubbatamee kana ibsuun ni jabaata yoo hambaalee Islaamaa kan akka Fiqhii fi hundeelee fiqhi bu'uura godhatan malee. Tooftaan baafata ykn ramaddii ykn sagantaa soofti waree isaa kan namni isa irraa odeffannoo barbaadu itti fayyadamuu danda'u maal jedhama? Gama kanaan tooftaan haarayoomfame ykn kan biraa jiraa? Bu'aan milkaa'ina isaa maal fakkaata/maali?

**Tooftummaa Islaamaa**

**Barnoota Naamusaatii fi Guddisa Gaariif**

**Warki shooppii Walgayii Idil-addunyaa Afraffaa Magaalaa Guddittii Suudaan Kaartuumitti Yunivarsitii Kaartuumii Waliin Ta’uun Bara 1407H/ 1987 Godhame Irratti Dhihaate**

**Tokkoffaan: Tooftaa Islaamaati:**
**Firii, Maloota, Muuxannaa Seenaatii fi karaalee Haarayoomsuu**

1- **Tooftaa Kutaa Jalqabaa/kan duraa: Unkaa fi Qabiyyee Irratti Hundaa'uun Qorannoo Wal bira qabinsaa Taasisu:**

Miseensota isaa, firii isaa, amala, hagam takka akka yeroo isaa sanii waliin wal fudhatu, bu'aalee isaa, toltuu fi hamtuu isaa, hagama takka akka yeroo ammaatiin wal simatu, karaalee yaad-rimeessuun isaa itti fooyya'u, jijjiirama, milkaa'inaa fi dhimmoota yeroo ammaa kanaa waliin tarkaanfachuuf, hubannoo kaayyoolee gurguddoo Shari'aa, tooftaa kutaa jalqabaa keessatti isa shaakaluu fi garaa garummaa tooftaa duraatii fi tooftaa ammayyaa gidduu jiru; waa'ee barruuletti fayyadamuu ilaalchise.

2- **Safuulee, Wantoota Dhuga Jedhamanii Fudhatamanii fi Yaadota Dhihaatan kan Tooftaa Barnootaa Islaamaatiif <u>Bu'uura</u> Ta'an:**

Firii isaa, amala, manneen barnoota isaatii fi fooyya'aa dhufuu isaa, dhiibbaa jechi isa irratti qabu, bu'aa fi hubaa isaa, barbaachisummaa isa fooyyessuu fi sababoota isaa, kallattii ittiin fooyyeffamu, ulaagaalee ittiin fooyyessan, mallattoolee fooyye'insa, dhiibbaa fooyya'insi barnootaa kan ammayyaa isa hubachuu fi unkessuu irratti qabu, tooftaa isaa kan guddisaa fi barnootni ittiin dhihaatu, ulaagaalee fi mallattoolee isaatii fi karaalee hojiin isaa sirrii ta'uun itti madaalamu.

### 3- Maloota Tooftaa Islaamaa: Qorannoo Wal-bira Qabinsaa:

Maloota tooftummaa jaarralee gara garaa keessatti, muuxannoo isaatii fi manneen barnoota isaa, shoora inni gama guddina barnootaatii fi qaroomaatiin qabu, jijjiiramootaa fi taateewwan adda aaddatii waliin tarkaanfachuu danda’uu, hariiroo inni goginsa barnootaatii fi hunda irraa citinsaatii fi daangeffamuu barnootaa kan man-barnoota Shari’a ammayyaatii waliin qabu kun, kennaa fi gumaacha danda’uu isaa, maloota barnootaa, tooftaalee barnoota ammayyaa, karaa bu’aa irraa ittiin buufatan tooftaa Islaamaa kan ammayyaa fooyyessuun, karaa fooyya’insa tooftaa Islaamaa ittiin gadi dhaabanii fi shaakala isaa kan barnootaa ittiin shaakalan, karaa tooftaan Islaamaa beekumsa, qorannoo barnoota ammayyaatii fi barnoota Islaamummaa irratti dhiibba godhuu danda’uun, itti gaafatamummaa tooftaa fi karoora barbaachisaa fooyyessuu, akkaataa dhiibbaalee tooftaa kanaan dhufan itti beekuu danda’an, dhiibbaalee inni kun beekumsa, barnootaa fi jaarmaya hawaasaa irratti qabuu fi akkaataa ilaalcha warra shari’aatii fi warra biraa ittiin walitti dhiheessan dhimma tooftaa Islaamaa irratti.

### 4- Tooftaa Islaamaa: Hunda Hammachuu, Yaad-rimeessuu fi Ijaarsa Hawaasaa:

Tooftaa Islaamaatii fi hunda hammatummaa isaa kan jireenyaa mirkaneessu, hariiroo tooftaa kan barnoonni Aqiidaa (Ilm al-kalam), Fiqhii, siyaasaatii fi imaamummaa (ijaarsa hawaasummaa) waliin qaban, mallattoo laafina hariiroo tooftaa kan barnoota Aqiidaatii fi jaarmaya hawaasaatiin yaad-rimee bal’aa, yaada jaarmayaatii fi kaka’umsa jaarmaya hawaasaa irratti

dhufe. Tooftaa Islaamaa, maloota inni yaada bu'uraa bal'aa fi muxannoo barbaadamu argamsiisuuf qabu. Kuniis yaada bu'uraa, bal'ina ulaagaa tooftaa kan wal dhabbii yaadaatii fi hariiroo fi daangaa tooftaa kan gidduu yaadaa, fatwaa, ogummaatii fi Shari'aa jiru argamsiisuufi.

### 5- Tooftaa Islaamaa, Kaka'umsaa fi Beekumsa Barnootaa:

Burqaalee beekumsa Islaamaatii fi hariiroo inni jireenya namaatii waliin qabu iyyaafachu, Wahyii akka burqaa jaarmaya hawaasaatti, hariiroo sammuu fi wahyii gidduu jiru, malootni tooftaa kan qajeelfama wahyii gadi jabeessu bayyanoota beekumsa ilma namaa irraahi, wahyiin sammuu namaati sossoosa akka inni beekumsa Rabbii hubatee beekumsa barnoota shaakalaa argatuuf, shoora tooftaa Islaamaa yaada jaarmaya hawaasaatti nama ganamsiisu uumuu keessatti, hariiroo sammuu fi wahyiin tooftaa Islaamaa keessatti qaban, amalli hariiroo kanaa dhaabbataa fi jijjiiramaan, amalli hariiroo safuu fi qajeelfama, jaarmaya hawaasaatii fi tooftaa Islaamaa gidduu jiruu fi tooftaa Islaamaa, muuxannoo fi qarooma haarayoomsuu.

## Lammaaffaan: Tooftaa Islaamaa kan Barnoota Islaamaa:

1- **Yaadota dhiyaatanii fi hubannoolee bu'uuraa** kan waa'ee ilma namaatii fi amala isaa irraa haasawan irratti qorannoo wal-bira qabinsaa godhu. Kunis toofataa Islaamaa hunda gayoo fi tooftaa gar-tokkee falaasamaa ilma namaa wal-bira qabuuni; dhiibbaa inni qorannoolee

naamusaatii fi hawaasummaa ammayyaa irratti qabu madaaluu fi bu'aalee qorannoo sanii dhiheessu.

**2-** Qorannoo gadi fagoo godhu barruulee Qur'aanaa, Hadiisaatii fi qajeelfamoota isaan lamaan hubannoo ilma **namaa**, amala isaa, hariiroo isaatii fi jaarmayoota isaa kan hawaasaa irratti qaban irratti.

3- Waa'ee hubannoolee Islaamni gama dhimmoota gurguddoo naamusaatiin qabu, qabatamaan bu'aalee qajeelfa Islaamaa madaaluu fi maloota qabatamaa kan Islaamaa isa gama kanaan jiru irratti qorannoo saayinsaawaa Islaamaa taasisu.

**4-** Ilma namaa, amala isaatii fi hariiroo isaa kan hawaasummaa ilaalchisee sammuunii fi qorannooleen saayisaawaan hubannoo wahyiitii fi qajeelfama isaa tajaaluuf godhamu.

**5-** Barruulee fi qajeelfamoota isaa kan hariiroolee ilma namaatii fi isaa shaakaluu ilaalchisee barbaachisummaa tooftaa sammuu namaatii fi tooftaa shari'aatiin wal-utubuu isaati.

**6-** Safuu, hubannoolee fi qajeelfamoota Islaamaa qabachuun qorannoo saayisaawaa ta'e dhiibbaalee dhaalmayni, naannoon, aadaa fi fedhiin ilma namaa nama dhunfaa, garee, hawaasaa fi muuxannoo ilma namaa kan qaroomaa irratti qabu irratti godhu.

**7-** Yaadaa fi qajeelfama Warra Lixaatii fi Bahaa bu'ura godhachuun qorannoo wal-bira qabii taasisu waa'ee: caasaa maatii, karaalee Islaamummaan ittiin caaluu fi

hir’ina hubannooleen bu’uraa kan barnoota naamusaatii fi tooftaan isaa qabu irratti taasisu.

**8-** Karaalee xiinxalaa, maloota hammaa/quantitative method/ fi yaalii tooftaalee afaaniitiin wal-utubu akka hubannoo firii dhimmoota wahyiin qajeelfamaan/ajajuun/ irratti xiyyeefatu tajaajiluu fi yaada qabatamaa dhiheessuuf, dhiibbaa inni jijjiirama hawaasummaatii fi muuxachuu qarooma Islaamaa irratti qabu dhiheessu.

**9-** Gama yaadaatii fi gochaatiiniis qorannoo walmadaalchisu taasisu, hariiroo hojiitii fi walguutuu hawaasaatii fi maloota akka kaayyoolee Islaamaa galmaan gayan nama gargaaran irratti.

**10-** Dubartii: qorannoo jijjiramaa hunda hammataa shaakalaa kan safuu Islaamaa, aadaa fi duudha, karaalee haarayoomsa qabatamaa, daangaa isaatii fi wantoota isa ibsan wal-madaalchisu.

**11-** Amala gaarii: qorannoo shaakalaa kan hubannoo Islaamaatii fi barnoota naamusaa, gama kanaan Islaamummaan karaalee kamiini gumaata godhee fi akkamitti malootaa fi jaarmaya Islaamaa gargaare jechuun wal-madaalchisu godhu.

## Sadaffaan: Tooftaa Islaamaa Gama Guddisaatii fi Barnootaatiin:

**1-** dhimma guddisaa gaariitii fi barnootaa ilaalchisee qorannoo gadi fagoo/iyyaafannoo/ Qur’aanaa fi Hadiisa irratti taasisu

**2-** qorannoo walmadaalchisu taasisuudha tooftaalee guddisaatii fi barnootaa kan Islaamummaa duraa, boodaatii fi jijjiirama gama kanaan Islaamummaan fide irratti.

**3-** Qorannoo walmadaalchisu taasisu kaayyoo guddisaa kan bara jalqabaa, itti aanuutii fi jijjiiramoota murteessoo gama kaayyoolee fi tooftaalee guddisaatiin dhufe irratti.

**4-** Qorannoo walbira qabuu taasisu kaayyoo guddisaa/ *tarbiyaa*/ Islaamaatii fi tooftaalee isaa kan ummata darbeetiin walmadaalchisuunii fi sababoota hir'ina hojitti hiikuu man-barnoota *tarbiyaa* Islaamaa kan ammayyaa keessatti fidan irratti.

**5-** Bu'aalee fi rakkoolee hubannoon seeraatii fi kan kana fakkatan hariiroo tooftaalee guddisaa Islaamaatii fi kaayyoolee isaa kan tarbiyaa irratti fide.

**6-** Qorannooleen xiin-sammuu, hawaasummaatii fi dhiibbalee inni hir'ina tooftaalee fi maloota guddisaa Islaamaa irratti qabu gama daa'ima qajeelchuutiin dhabamuuni.

**7-** Hubannoon jaalalaa, fedhuu, sodaachuu fi baqachuu kan mul'atuu fi hin mul'anne, shoora inni kaayyoolee Islaamaa kan guddisaa argamsiisuuf qabu, nama cimaa Islaamaa ijaaruu fi barbaachisummaan isaa daa'ima sirritti guddisuuf.

**8-** Tooftaa fi maloota barbaachisoo ta'an man-barnoota Islaamaa kan dhugaa isa adda ta'e ijaaruuf gama ilaalchaa fi tooftaa Islaamaa kan guddisaa isa dhugaa deemu.

9- Tooftaalee barnootaa kan Islaamaa ta'uunii fi karaa tokkommaa beekumsa Islaamaatii fi barnootatti nama geessu ta'uun; mallattoon isaa nama Islaamaa irrattii fi hawaasa Islaamaa ijaaruu irratti.

10- Kaayyoolee Islaamaa tarreessuun deddeebi'uu fi akka malee faarsuun, osoo laafinni gama malootaatii fi wantoota kaayyoolee kana galmaan gayuuf bu'uura ta'anii jiru.

**11-** Hariiroo guddisaa fi barnoonni naamusaa waliin qabanii fi kaayyoo Islaamaa kan guddisaatii fi barnootaa galmaan gayuuf barnoota naamusaa Islaamessuun barbaachisaa ta'uun.

Qorannoon kun tooftaa barnootaa ibsuunii fi tooftaa qorannoo kan qorannoolee biraatiifiis fakkenya ta'uu danda'u agarsiisuuni goolabame. Sababni isaas akka qorannooleen fuula duratti taasifaman qorannoo xiinxala qeeqinsaa hordofan, bu'a qabeessaa fi haaraya ta'an kan maqaaf hin ta'in godhamaniifi. Kuniis yoo Rabbi jedhe akka gargaarsa tokko kan yaada Islaamaatii fi bu'uura qaroomaa kan ganamaa gargaaru ta'uufi.

**Miltoo**
**Karoora Hojii Kan Filatamoo Ta'an Beekumsa Diinagdee Islaamessuuf Warki Shooppiilee Walgayii Waldayni Beektota Hawaasota Muslimootaa Dhaabbata Idil-addunyaa Xiinxala Yaada Islaamaa Waliin Ta'uun Waa'ee Barnoota Diinagdee Islaamessuu Irratti Magaalaa Herinden-Verginia-Ameerkatti Bara 1407H/1987tti Taasifame Irratti Dhiyaate Irraahi**

## Beekumsa Diinagdee Islaamessuuf Karoora Hojii Kan Filatamoo Ta'an

Adeemsa barnoota dhala namaatii fi hawaasummaa kan gara garaa Islaamessuu galmaan gayuuf Dhaabbanni Idil-addunyaa Yaada Islaamaa karoora hojii dhugumaan lafa kaayyatee jira. Karoorri sun karoora bal'aa utubamaa hojii irra isa oolchuun taattaaffiilee ogeessota gosa barnootaa hunda irraa beekumsa gayaa qaban baay'eedha barbaada. Karoorri kun tarkaanfiilee kudha afur qaba. Yaanni nuti dhiheeysine gosoota barnoota dubbatamee kana irraa tokko milkeessuu danda'uu fi isa kana irraa dhaabbannee kan hafe akkamitti milkeessuun akka danda'amu irratti hojii gadi fagoo hojjachu. Ejjannooleen kudha afran akka armaan gadii kanatti dhihaatan:

1. Barnoota Diinagdeetiif qabiyyee fi tooftaa baasuuf karoora qopheessu
2. Bifa guutuu fi sirritti ilaalameen yaada bu'uraa kan Barnoota Diinagdee adda baasanii lafa kaayu
3. Yaadota bu'uraatii fi muuxannoo Barnoota Diinagdee bifa bal'aa ta'een dhiheeyssu
4. Barruulee Qur'aanaa fi Hadiisaa kan barnoota diinagdeetii waliin hariiroo qabu walitti qabu
5. Hambaalee Islaamaa irraa waan barnoota diinagdeetiin wal qannamu qopheessu, qoqqoodama isaa gurguddaas maqaa dhawuu fi madda isaa kan Islaamaatiis tarreessu
6. Wantoota dubbiftee qopheessite kana xiinxaltee hariiroo inni barnoota diinagdee kanaa waliin qabu ibsu

7. Barruulee Islaamaa kan diinagdee waliin hidhata qabu adda babaaftee himu
8. Yaada Islaamaa qabattee yaadaa/qabiyyee/ fi tooftaa barnoota diinagdee kana madaalu
9. Gama barnoota diinagdeetiin jaarraalee darban keessa Muslimoonni waan gumaachan madaalu
10. Gama barnoota diinagdeetiin rakkoolee gurguddoo ummata Islaamaa harkaa qabdu dhiheessu
11. Rakkoolee gurguddoo dhalli namaa gama barnoota diinagdeetii fi waan isa ilaallatuutiin qabu dhiheessu
12. Bifa haarayaan barnoota diinagdee qindeessu yaada Islaamaa bu'ura godhachuun. Kuni wal guutuunii fi walitti hidhannaan barruulee Islaamaa, gumaata hambaaleetii fi bu'aa guddaa barnoonni diinagdee har'a irra gaye giddutti akka argamuufi
13. Ilaalcha Islaamaa bu'ura godhachuun waa'ee barnoota diinagdeetii fi tooftaa isaa irratti tuuta kitaabaa kan akka wabii fi madda odeeffannootti sadarkaa yunivarsitiitti fayyadu qopheessu
14. Qorannoolee diinagdee ammayyaa keessatti akka sadarkaa isaan malu argatuuf hayyoota diinagdeetiif qabiyyee barnoota diinagdee kan muuxatee fi ilaalcha Islaamaa hundeeffate kana raabsu

**Karoora Matayyaa:**

Qorataan waa'ee diinagdee qoratu kamiyyuu mata duree gosa barnoota kanaatiin walitti hidhata qabu tokko filatee tarkaanfiilee kudha afran san hunda ykn gam- tokkee isaa fayyadamuun qorannoo tokko geggeessuu ni danda'a.

Akkasuma mata duree akka (Ribaa)/ waldhala fi guddina diinagdee fudhatee, ilaalcha diinagdee isa ammayyaa, barruulee fi hambaalee Islaama irra dhaabbachuun dhiheesse, walmadaalchisee, irratti marii taasisuu ni danda'a. kuni hubannoo walkeessa saaraa ta'e akka uumamuu fi yaanni Shari'aa kan diinagdeetii fi xiinxallinii fi yaadni diinagadee kan ammayyaa walitti makamuun bu'aa miidhagaa ta'e tokko gama kanaan akka argamsiisaniifi.

Karoorrinii fi tattaaffiin matayyaa/nama dhunfaa/ karoora giddu gala qorannooleetii fi qu'annoolee diinagdee kan Islaamaatiif gargaarsa ta'uu dandaya; karoora galmaan gayuun fuula duratti gumaata akkanaa kana ni barbaada.

Karoorri matayyaa akka gaaritti sadarkaa maastarsii, doktooraatii fi kan sanii olitiiniis ni haammata.

**Ilaalcha Tooftaa kan Karoora Hojii:**

Ilaalcha qorannoo baranee qabannee ilaalcha tooftaa irratti xiyyeeffatu gadi fagoo ta'e tarkaafilee karoora hojii dhaabbatichaa kan armaan olitti dubbanne kan akka tarkaafiilee: shanaffaa, jahaffaa, turbaffaatii fi saddeetaffaa irratti goonee, wanti nuti hubachuu dandeenyu barnoota diinagdee Islaamessuun kan mirkanaawu danda'u yeroo tokkotti yoo kallatiilee sadi irraa adeemeedha. Kallatiileen sadan:

a. **Kallattiin Tokkoffaa:**
   Caasaa diinagdee Islaamaa gadi fageenyaan qorachu, hayyoonni diinagdee beekumsa isaa gadi fageenyaan qabaachu, ykn gaafiilee diinagdee kan ammayyaa

deebisuu, ykn murtiilee/Ahkaama/ Shari'aa qoratanii seera/bu'ura diinagdee kan waliigalaa baasu ykn ammoo qorannoon san kan garii Ahkaama Sharii'a irraa bu'aa diinagdee hubachuu danda'u ta'u.

**b. Kallattiin Lammaffaa:**

Wantoota dhuga jedhamanii fudhatamanii fi baruulee/kitaabota/ Islaamaa kan diinagdee waliin walitti dhufeenya qaban kannee akka Tafsiira Qur'aanaa kan gara garaatii fi ibsituulee/kitaabota sharhii/ Hadiisaatii fi Fiqhi sirritti dubbisanii erga hubataniin booda barnoota ittiin beekaman san irratti shaakalu.

c. **Kallattiin Sadaffaa**:

- Xiyyeeffannaa hayyoota gosa barnootaa kanaan beekaman kakaasuuf qorannoolee mata dureelee kanneen irrati godhaman raabsuu fi fakkeenyota sirritti gama diinagdeetiin xiinxalaman dhiheessu.
- Akka hayyoonni sun salphumatti argatanii irraa fayyadamuu danda'aniif barruulee Islaamaa filatamoo Qur'aana Kabajamaa fi Hadiisa qulqulleffamaa irraa ta'an kitaabota isaan kana gabaabsee ibsuu waliin walitti qabachu.
- Garee qorattootaa (beekaa diinagdee lama, kan tafsiiraatii fi fiqhi tokko tokko) irraa walitti dhufan uumanii akka isaan kitaabota bu'uraa lamaanii fi barruulee Islaamaa diinagdeen walitti hidhata qaban saffisaan akka dhiheessan godhu.

- Barruulee waa’ee diinagdee ibsan kan beektonni Muslimaa kanneen akka ibn Khalduunii fi Maqriizii faan jaarraalee darban keessa itti dhaqqaban abuuruun barbaachisa.

## Humna Nama Qaramee Barbaachisaa Ta’e Qopheessuu fi Hojii Raabsuu:

Beektonni barnoota diinagdee Islaamessuuf ykn gosa barnoota akka dhala namaatii fi hawaasaa Islaamessuuf dandeettii qaban garee saditti qoodamu: beektota diinagdee, beektota shari’aatii fi beektota gar-lame- shari’aa fi diinagdees beekan.

Yeroo ammaa gareen lamaan duraa sun baay’inaan argamu, garuu gareen boodaa kan beekaa diinagdee ta’ee shari’aas bifa gaarii ta’een dubbise ykn beekaa sharia ta’ee waa’ee diinagdee sirnaan dubbise akka malee xinno; baay’inaan magaalaa irratti hin argaman; kuniis gufuu guddoo tokko kan barnoota kana Islaamessuu dura dhaabbate.

Gareen booda kan gar-lamee kun silaa garee akkan barbaachisa, rakkoolee gama kanaan jiran furmaata itti laachuuf. Sababni isaa beekumsa gara lamaaniituu waan qabanii fi wal hubachuu fi waliif galanii waliin hojjachuu waan danda’aniifi. Kun namni afaan isaan ittiin baratan beeku kan isaan waliif galchuu fi tattaaffiilee isaanii walitti qindeessee firii itti godhu yoo jiraate.

Fakkeenyaaf tarkaafiilee (5-9) karoora hojii kan dhaabbatichaa san odoo as finnee ilaalle dhugumaan barbaachisummaa garee kanaa agarra tarkaaffiilee san hojii irra oolchuuf. Gareen kun dhabamuun sagantaa barnoota diinagdee Islaamessuu irratti lafee laagaa danqarte taate.

Ukkaamama kana keessaa bahuuf baroota muraasaa booda abdiin tokko jira. Inniniis eebbifamtoota jalqabaa kanneen muummeelee diinagdeetiin yunivarsitiilee Islaamaa kanneen akka yunivarsitii: Umm Al-Qura, Al-imaam Muhammad bin Sa’uud, yunivarsitiilee Islaama Abaad kan Islaamaa, Al-azhari fi yunivarsitii Islaamaa Idil-addunyaa kan Mliziyaa irraa eebbifamuuf jirani. Akka isaan dhimma kana galmaan gayaniif wanti abdii isaan irra keenyuuf, waan isaan beekumsa gar-lamee qabaniifi.

## Xumura

Yaanni Beekumsa Islaamessuu kun firii tokko kan firiilee dammaqinsa Islaamaa kan ammayyaati. Yeroolee darban kan jaarraa kanaa keessa waa'ee dhimma kanaa haasawuunii fi bakka isaan malu gosoota barnootaa kan akka dhala namaatii fi hawaasaa keessatti isaaf kennuun rakkoo baay'ee qunnamee ture. Kuniis waani hoggantoonni duula yaadaatii fi aadaa haalli jiru akka itti fufu fedhaniifi; sababa olaantummaan isaani gara hundaan mirkanaawee fi ummni Islaamaa yaadaa, aadaanii fi qaroomaan addunyaa kana irraa badaniifi.

Arraantana yaadni Beekumsa Islaamessuu bakka isaan malu qabatee jira akka shoora isa irraa eegamu taphatuuf gama tooftaalee yaada Islaamaa haarayomsuutiin. Kuniis akka jijjiiramni kun guddina Ummata Islaamaatii fi adeemsa dammaqinsa isaa kan yeroo ammaa kana sirreessuuf gumaata isaa gumaachuufi.

Yunivarsitiilee Islaamaa, dhaabbatoota adda addaatii fi giddu gala qorannoolee keessatti yaanni kun arraantana bakka isaa argachaa jira. Barsiisotaa fi qorattoonni hedduun qajeelfamaa fi hubannoolee waa'ee kanaa irraa qorannoolee fi qu'annoolee isaanii keessatti haasawaa jiru. Barattoonni Muslimaatiis hubannoolee qeeqinsaatii fi madaallii kan qajeelfamoonni beekumsa Islaamessuu kun fidee fi tooftaalee isaa gosoota barnootaa kan akka baranoota hawaasaatii fi dhala namaa keessatti itti fayyadamuu fi waa'ee isaa haasawuu jalqabanii jiru. Wanti nuti akka namni irratti dammaquu fi irraa baqatu barbaannu, dhimmoonninii fi hubannooleen adeemsa beekumsa Islaamessuutii fi tooftaa yaada Islaamaa haarayoomsuu kanaa

waliin hidhata qaban akka gara yaaliilee itti fakkeessuu kan ilaalcha gubbeetiin hoogganamutti hin geeddaramnee fi namni barnootaan hoogganamu, kan beekumsa barbaachisaa qabuu fi waa'ee rakkoo yaadaa kan ummaticha harkaa qabuu fi dhiibbaa inni gara aadaatii fi barnootaatiin qabu irratti hubannoo gadi fagoo qabu dhimma kanaan deemuu akka qabu beeku.
Minaalbaata/tarii yeroo tokko tokko dhaabbiileenii fi gareen takka takka kan xiyyeeffatan tooftaa fi maloota ittiin waa argatanii (saroobbatan) fi ittiin beekamtii argatan irratti. Isaan kaayyoolee dhimma kanaatii fi maalummaa isaatiif hin dhimmaman. Gama biraatiin immoo gareen tokko maqaa barnootaa fi yaada garii filachu jedhu qabatanii dhimmaa cimaa murteessaa kana nama harkaa butanii fudhachuuf ykn too'achuu fi gara dhaadannoo sagantaa hin qabneetti jijjiiruuf sochii godhuu danda'an.
Dhaabbanni Yaada Islaama Idil-addunyaa jalqabuma irraayuu kan dhimma tooftaalee yaada Islaamaa haarayoomsuu fi beekumsa Islaamessuuf hunddeeffame, kan dhimma kana kaayyoo fi galma isaa kan walii galaa godhate, arraantana iddoo isaa qabteeti akka dhaabbata hangafaa kan dhimma kanatti shooraa fi gumaata isa irraa eegamu hunda kallattii maraanuu godhaa jira. Fuula duraafiis dhaabbatichi akka dhaabbata amanamaa tattaaffii dhimma kanaa sirnaan bakka bu'uu tokkootti shoora isaa gama hundaan taphachaa gumaata isaa gumaachaa dhimma kana galmaan gayuu fi Ummanni Islaamaa akka shoora isa irraa eegamu gama beekumsaatii fi qaroomaatiiniis taphatu godhuuf ni carraaqa.

**Rabbiin nu cinaa haadhaabbatu**

“***Xumurri kadhaa keenyaa galanni kan Rabbii uumaa hunda uumeeti***” jechu

# Kitaabni Kun

Kitaabni kun cuunfaa kitaaba beekkumsa Islaamessuu jedhuuti. Kitaabichi bu'uuraalee adeemsaa kan sammuun Muslimaa waan hunda keessatti itti gayuu barbaaddu ibsuuf yaalii guddaadha taasisee jira, akkasumas adeemsa namni Muslimaa hundi irratti uf guddisee akka imaammanni nagaya-qabeessi sosochii fi naamusa isaa hunda murteessu taasisus ibsee jira. kitaabichi dhimmoota beekkumsaa irratti immaammata jiru calaqqisiisuun akka Muslimoonni dhugaa gaaga'ama keessa jiranii, hidda isaa fi kutaalee jireenya isaanii keessatti dhiibbaalee gaaga'amni kun dhaqqabsiisu beekaniif yaalii taasisee jira.

Qu'annoo fi qorannoo kana keessatti beekkumsa haga tokko gadi bu'iinsaan ibsuuf yaalee jira, imaammata haaraya hojii kan Muslimoonni hundi gaaga'ama bu'uuraa kana hambisuu keessatti gahee mataa isaanii bayatan ibsuuf yaalee jira.

Kitaabni kun dhimma garee warra ilaalcha beekkumsaa fi muuxannoo qabanii bakka bu'uudha. Ilaalchi kunis imaammata xiinxala Islaamummaatiif sona isa bu'uuraa bakka bu'a.kaayyoo guddaa kana galmaan gayuuf karoorri hojii kan dhaabbanni xiinxala Islaamummaa Idil addunyaa ummata Muslimaatiif dhiyeessu dubbisa beekkumsa horachuu fi ilaalcha kana dhaadhessuu osoo hin taane, akka karooraa fi qajeelcha imalaatti fudhachuudha. Nuti hundinuu fedhii Rabbiitiin ilaalcha/imaammata kana hojitti jijjiiruu qabna, ba'aa isaa waliin qoodachuu qabna, kabaja isa fiixa baasuu argachuu qabna.